

II. Seenaa Saba Oromoo Fi Miidhaa Mootummoonni Habashaa Oromoo Iirraan Gahaanii Fi Gahaa Jiran

Seensa:

Ummatni Oromoo ummatoota impaayera Itophiyaa keessa jiran keessaa lafa bal'aa fi tarsiimoo irra qubatee jira. Oromiyaan handhuura impaayera Itophiyaa keessa jira. Habashoota gara Kaabaa jiranii fi saboota cunqurfamoo Kibba impaayera Itophiyaa keessa jiran gidduu lixee addaan kuta. Impaayera Itophiyaa bahaa – dhihatti adda mura. Baayyina ummataatiin kan hamma isaa gahu hin jiru.

Oromoona bara dheeraatii qabeee darbaa dabarsaan kutaalee Oromiyaa har'aa kana irra jiraataa fi irratti wal horee dagaagee sadarkaa sabaa irra gahee jira. Biyya dhawataan Akaakilee fi Abaabayyuun irra jiraatan hawaasni Oromoo **biyya abbaa keenya** jedhanii waamu. . Seenaa barreessitotni Awurooppaa maqaa lafa Oromoo, **Biyya Oromoo (Oromo country or Oromo land)** jedhan. Jarmantichi J.Lewis Kraaf jedhamu maqaa biyya Oromoo “**Ormania” haa jennu jedhe**. Har'a qabsoo diddaa kolonii fi Bilisummaa wal duraa duubaan hawaasni Oromoo geggeessaa turee fi jirun, maqaan biyya Oromoo Oromiyaa tahee beekamee jira. Oromiyaan maqaa ABOn moggaasamee fi qabsoodhaan argamee dha.

Bal'inni lafa Oromiyaa Kiiloo meetirii kaaree **600,000** (kuma dhibba jaha) ni caala. Biyyoota **54** Afriikaa keessaa biyyoota **17** qofatu bal'inaan Oromiyaa caalu. Biyyoota Awurooppaa keessaa bal'aa dha kan jedhamu Faransaayiin illee Oromiyaatu caala. Kuubaa, Bulgaariyaa, Xaaliyaanii fi Ingilizii yoo walitti dabalamen, bal'inaan hamma Oromiyaa hin ga'ani.

Oromiyaan uumaadhaan badhaatuu fi taadhii dha. Horii beeladaa, bineeyyi bosonaa, bosonaa fi albudaa lafa keessaa dureettii dha. Qabeenyaan ishee uumamaa kun erga gaafa kolonii Habashootaan qabamtee kaasee, koloneffattoota Habashaan saamamaa jira.

Mootummooti impaayera Itophiyaa bulchan marroo sadii kan tahu ummata biyyichaa lakkawani jiru. Oromoona erga gaafa sirna bittaa kolonii Habashaa jalatti kufee kaasee ummata miidhaa guddan irra geessifamee dha. Gitni bittuu Habashaa wal furee aangootti dabran hundi bifa adda addaan Oromummaa Oromootti duulaa fi mirga abbaa biyyummaa isaa sarbuuf hojjetaa, bara mootummaa Wayyaanee dhaqqabani. Minilik irraa eegalee hanga Mootummaa Wayyaanee ammaatti kan Oromoof hile hin jiru.

Miidhaa fi dhiibbaa sirna bittaa kolonii jalaa bahuuf furmaatni jiru Qabsoo Bilisummaa jabeessuu qofa.

Ummatootni addunyaa sirna bittaa alagaan qaban hundi Qabsoo Bilisummaa geggeessuun bilisummaa sabaa fi walabummaa biyyaa argatani. Kan saba Oromoos kanaa ala tahuu hin danda'u. kanaaf Qabsoo Bilisummaa Oromoo wareegama ilmaan Oromoona har'a gahe fiixa baasuuf dachaa haa hojjennu.

Oromiyaa Koloneeffachuuf Carraa Warri Habashaa Argatani:

Habashoonni jaarraa 14ffaa irraa kaasanii warra Awurooppaa wajjin hariiroo uummachuuf carraaquo jalqaban. Haata'u malee yeroo duraa hedduu hin milkoofne. Hariiroo akkasiin, yeroo Imaam Ahmad isaan

lole waraanni poortugaal gargaarsifachuu danda'an. Hariiroo akasiin, Jaarrraa 17ffaa jalqbaa irraa kaasee Misiyoonoti warra poortugaalii fi Ispeen biyyaa Habashaa seenuu jalqaban. Mootummoonti Habashaa walii isaanii gidduuttis aangoo qabachuu irratti wal haa lolan malee, irra guddaa kana isaan sodaachise garuu dhiibbaa Oromoo ti. Kanaaf sodaa Oromoo irraa kan ka'e gargaarsa meeshaa wal duraa duubaan warra Awurooppaa irraa hidhatanii Oromootti duulaa yoona gahan.

Mootoma bakka bakkatti dhaabbatan keessa Oromoo deebisanii hedduu kan dhiiban warra **Manz** turan. Amaaroti Manzii biyya Oromoo gidduu kan qubachuu jalqaban bara Amda-tsiyon (1314 - 44tti) ture. Duula lafa Oromoo qabachuuf godhaniif akka salphifatuufitti qubasuma waraanaan isaa tolfatan ture. Achi irraa ka'anii Oromootti duulaa turan.

Moototni Manzi, mootii moototaa Habashaa Gondoriif gibira galchu turan. Mootiin Habashaa Gondor, akka kutaa biyya isaanitti isaan fudhata ture. Citichi (island) qubasuma Amaaraa kan lafa Oromoo gidduutti hafe kun booda, bakka duula koloneeffachuu Oromiyaa irraa qindeessan taate. Achi irraa ka'anii gargaarsaa fi meeshaa lolaa argataniin Oromootti duuluu itti fufani.

1557tti erga Turkiin Mitsiwwaa qabatte jalqabee Habashootni meeshaalee lolaa bifa garaagaraan argachuu jalqaban. Qawwee argataniin Oromoo eeboo fi gaachanaan lolutti duuluu eegalan. Fakkeenyaaaf, bara 1771tti yeroo Amahaa Iyyasuun Gondor dhaqee qawwee haga tokko argate Manzitti deebi'e, namtichi Ingilizii Jemis Biruus jedhamu achi ture akka galmeesetti: "meeshaan isaanii(Omromoo) eeboo fi hofaa qaramee ibiddaan qarri isaa jabaatee fi gachana ture. Gaachanni isaanii yeroo roobaa yoo jiidhe waan laafuuf ni dadacha.a" jedhe. Oromoo meeshaa akkasii hidhatee lolutti Amahaa Iyyasuun qawwee hidhateen duuluu jalqabe. Dura Oromoo kaarrayyuu warra abbaan isaa harkatti du'e irratti duula ba'e. Oromoont karaa hedduu miidhee, ajjeesee, hanga qarqara laga Awaashitti dhiibe. Ankoboritti qubasuma waraanaa tolfate. Amahaa Iyyasuun qawwee argateen Manziin naanneessee Oromoota jiran dhiituu jalqabe.

Mootota Manzii darabee aangoo qabatan keessaa kan utuu Oromootti hin duulin aangoo irra ba'an hin turre. Keessattuu Saahila-sillaaseen kan wagga 34 mo'e, Oromoo kaanitti duulaa, kaan ammo ofitti qabee firoomfachuu tooftaa baafate. Bara isaa kana keessa warri Awurooppaa yeroo duraatiif Shawaa (Manzi) seenuu jalqaban. Saahila-sillaaseen, warri Tigiree karaa namoota Awurooppaa biyya isaanii dhufaniin qawwee irraa argachuuf tattaafataa ture. Akka kanaan, bifa adda addaattiin qawwee haga tokko walitti qabachuu danda'e .

1840 keessa meeshaa lolaa Saahila-sillaaseen qabuu fi kan Oromoo hedduu wal caala. Saahile Sillaaseen meeshaa baraa argateen Oromootti duulee saamuu danda'e. Midhaa inni Oromoo irraan gahe namtichi Ingilizii Haarsi jedhamu yeroo barreese: "Maasiin,qamadii, garbuu,ataraa.... Hojii hawwaannisaattiin walakkaa sa'atii kessatti barbadaa'an. Ooyru hundaa irra waanti qotme ni qulla'e. Qabeenya uummataa mana seenanii utuu waa hin hanbisin saaman. Mana ibidda itti naqanii guban" jedhee jira. Saahile Sillaseen gargaarsa kadhachuu duula balleessi akkasii itti gochuuf ture.

Moototni Habashaa kaaba irraa Oromootti gad duulaanii miidhaa haa geessisan malee, hanga bara Minilikitti Oromoo cabsuu hin dandeenye. Minilik carraa Oromoo cabsuu kan argate, dorgommiin koloneeffatotni Awurooppaa Galaanni Diimaa fi biyyoota qarqara isa jiran qabachuuf qaban irraa ti. Tarsiimoo qabu irraa

kan ka'e. Galaanni Diimaanii fi biyyootni qarqara isa jiran bara dheeraa irraa jalqabee biyyoota hedduu hawachaa jiru. Daandii nagadaa kan meeshaan gatii guddaa baasan irraan qaxxaamura ture. Kanaaf dabree dabree akkuma aangoon isaanii jabaateen warri Girikii, Roomaa, Arabaa ,Turkii fi Faaris qabataa turan.

Wal dorgommiin daandii nagadaa Galaana Diimaa kana qabachuu kun kan jabaate fi biyyootni Awurooppaa warri akka Inglizii, Faransaayii fi Portugaal karaa Garba Atilaantikii fi Hindiitti dhimma bahaa turan, naannoo Galaana Diimaatti ija isaanii kan deebifatan gara walakkeessa jaarra 19ffaa keessa ture. Yeroo sana ture kan isaan dagaagina warshaalee sadarkaa guddaa irra ga'an. Kolonii bakka hedduutti qabatan irraa albudaaleen argatan warshaan isaanii akka mirgisu taasise. Omisha hedduu argataniifis gabaa ga'aa itti barbaaddaachaa turan.. Kanaaf kolonii bal'an kan gabaa waan calleeffatan itti gurguratanii fi albuda dheedhii irraa argatan qabaachuuf daran wal dorgomuu jalqaban. Akka kanaan, seensa bara 1870ta keessa Africaa bakki hedduun koloniin qabamuun xumuramaa jira. Biyyoota Awurooppaa keessa warri Afrikaa koloneeffachuu irra qooda guguddaa qaban Inglizii, Faransaayi, Beeljimii, Poorchuugalii, Xaaliyaanii fi Jarmanii dha.

Haalli kun utuu akkasiin jiru Saaqamuun bo'oo Suweezii (Swez canal) bara **1869**tti xumuramuun, Koloneeffattootni Awurooppaa, biyyota Kaabaa Baha Afrikaa qabachuuf wal dorgommuu daraan jabeesse. Daandii nagadaa kan dur kibba Afriicaan marfatee gara Hindii deemu gabaabse. Biyyoota naannoo Garba Medateraaniyaan fi Galaana Diimaa qabaachuuf wal dorgomuun bal'ate. Ingiliziin karaa waranaa fi nagadaan humna guddaa biyyoota Awurooppaa yerosii caalaa waan qabduuf bakka heddu qabatte.

Faransaayiin kolonii isee dhiha Afriika hamma bahaatti walitti fullaasuuf dura qarqara Galaana Diimaa irraa Oboka qabatte. Ingiliin humna Faransaayii kana laaffisuuf Xaaliyaaniin akka diramaa dabaa Baha Afrikaa keessaa qooda fudhattu dhiibaa turee. Kanaafuu Xaaliyaaniin Somaaliyaa gama tokko kolonii godhatte. Xaaliyaaniin kolonii ishee Ertiriyyaa kaatee hamma Somaaliyaatti walitti fullaaftee qabachuu barbaadde. Fedhiin koloneeffattota Awurooppaa kun wal dadhabsiisuuf wal irratti hojjataa turan. Sana keessatti moototii ummatoota naannoo sanaa ofitti qabanii gargaara turan . Carran warri Habasha argate kana irra madde. Kolonii qabachuu irratti wal dhabbiin isaan gidduutti ka'e karaa nagaa furachuuf, kolonii qaqqabatan waliif beekanii nagaan qabeenya isee saammchuuf akka tolutti wal ga'ii waaman. Wal ga'ii kana kan waame Bismaark kan jedhamu nama Jarmanii bulchaa turee dha. Bara **1884/5**tti magaalaa Barliin keessatti wal ga'iin kun waan ta'eef Barliin konferaansii jedhame. Wal gahii kana irraa qooda fudhachuuf warri Habashaa nama ergatanii turan jedhama.

Wal ga'iin Barliin kan Afriika Koloneeffachuu duraan jalqabamee ture sirnaan waliif beekuun xumure, Kartaa Afrikaa Barliin keessa ta'anii asii fi achi sararuudhaan waliif hiran. Haala kana irraa hedduu kan gargaarame Minilik ture. Wal dorgommii isaan gidduutti gargaaramee Berlin Conference irraa qooda fudhachuuf jila ergatee akka ture barreeffamee jira. Harold G.Marcus kitaaba isaa "THE LIFE AND TIMES OF MENELIK II, Ethiopia 1844 - 1913" jedhu keessatti akkas jedhe:

"On the bases of the treaty of Wichale and because of the unsettled political situation in Tigre, the Italian peacefully occupied Keren on 2 June, 1889, and Asmara on 10 August. Even before parliament had ratified

the treaty, Crispi directed Italian ambassadors and ministers to notify their host governments of article XVII in conformity with Article XXXIV of the General **Act of the Congress of Berlin of 26 February 1885**. In other words, a protectorate was claimed over Ethiopia. Objections to this were raised by the French and Russian governments.”

P.115-3

“The Russian government never recognized Italy’s protectorate over Ethiopia, and indirectly provided the emperor with moral and political support during a critical period.”

P. 116-2 –117-1

Ogga Inglizii,

Faransaayii fi Xaaliyaaniin lafa naannoo Galaana Diimaa fi Laga Naayil bira qabataa turan Miniliks qawwee fi gorsa warra Awurooppaa irraa argatuun lafa Oromoo, Sidaama ,Somaalee fi Saboota kibba Itophiyaa qabataa ture. (Article V and VI of the additional convention granted Ethiopia a loan of 4,000,000 lire, but Article III stipulated that a rectification of territorial boundaries would be made on basis of uti poosidetis – Foot note - 118).

Haalli kun wal kiphuun sabootni har'a Kibba Impaayera Itoophiyaa keessatti argaman akka warra Habashaan koloneeffamatan taasise. Tarkaanfin Minilik yeroo sana fudhataa ture kan warra Awurooppa irra adda kan hin turree dha.

KOLONIIN QABAMUU OROMIYAA

Habashootni [Amaaraa fi Tigireen] Gondorii fi Tigiraay daangaa lafa Oromoo jiraataa turan, qubsuma isaanii kana irraa kaa'aniit kan Oromootti duulaa turan. Walii isaanii giddutti wal dhabbi haa qabaatan malee, Oromootti duulanii cabsuun biyya isaa Oromiyaa qabachuuf hawwii wal fakkaataa qabaataa turan. Oromootti duuluun jaarraa 9ffaattii hawwii irra dabruu hin dandeenye. Hawwii isaanii dhuma jaarraa 19ffaattii hawwii fi koloniin qabamuu Oromiyaa hanga tokko duraa fi duubaan akka asii gadiitti ilaalla.

a) Carraaqqaii Baraa Teewoodiroos:

Jarraa 15ffaattii hawwiin babal'ifannoo Habashootni qabaataa turan yeroo itti doomee dha. Haalli Habashoota keessa jiru walakkeessa jaarraa 19ffaattii hawwii irra kaasee jijiiramuu jalqbe.

Kunis erga Tewodros aangoo qabatee ture. Tewodros (1855-68) akka aangoo qabateen sagantaa mootummaa isaa yeroo lafa kaa'u waan sadii ibse. Isaanis:

- 1) Habashaa tokko taasisuu,
- 2) Oromoo cabsuu fi
- 3) Islaamummaa balleessuu ture,

Tewodros mootota naannoo Tigiray, Gondorii fi Goojjam rukutee mo'uun aangoo Habashaa kana waggaa 100f faffaca'ee ture mootii tokko jalatti walitti qabe. **Humna Habashaa bakka tokkotti walteesun** hawwi isaan dur irraa kaasanii Oromiyaa qabachuuf qaban bakkaan ga'uuf karaa saaqeef. Tewodros Guraandhala

1855 goonfee (Zawudii) keewwatee mootii moototaa of moggaasee, Waxabajji 1855 tti Oromoota waloootti duula bobbaase.

Tewodros Oromoo yeroo tokkoof cabuu malee of jala bulchuu hin dandeenye. Kanaaf gargaars warra Awurooppaa akka barbaachisu hubatee Mootitti Ingilizii Viktooriyaatti xalayaa kana ergate.

“Abbootiin kiyyaa, Moototi Habahaa uumaa isaanii waan irraanfataniif waaqni mootummaa isaanii gaalla Turkiitti dabarsee kenne. Amma garuu, waaqni biyyee (dhukkee) keessaa na kaasee aangoo mootummaa harka kiyyaati deebise. Humna naaf kenen bakka abbootii kiyyaa dhabbadhu na dandeessise. Gaalla arihaan jira. Turkiin biyya koo keessaa ba’aa jedheen jira . Isaan garuu ni didan. Isaan kana akka an mo’uuf gargaarsa naaf godhaa.”

Tewodros gargaarsa alaa argatuu malee akeeka isaa bakkaan gahuu akka hin dandeenye hubate. Tulluu Maqadallaa qabatee taa’e malee Oromoo bulchuu hin dandeenye. Dulaa hedduu itti bane. Muummicha Walloo Amdee Bashir wajjin yeroo sadii caalaa wal lolan. Lachanuu wal warraaqsuu hin dandeenye. Haa ta’u malee uummati Oromoo hedduu miidhame. Gargaarsi inni warra Ingilizii gaafate utuu hin dhaqqabin turraan namoota Ingilizii biyya isaa keessa jiran walitti guure hedhe. Ingiliziin namoota isaa karaa nagaa hiiksifachuuf carraaqee ogga ijibbaate waraan itti bobbaase.

Waraanni Ingilizii kan jeneraal Naappiyer jedhamun hoogganamu rakkoo tokko malee naanno Maqadallaa ga’e. Oromoonnii Yejjuu Giftii Warqituun hoogganamani Maqadallaa Naappiyer dhihaachuu akka argeen araarfachuus kajeelee baqachuufis karaa dhabe Maqadallaan handhuura lafa Oromoo Yejjuu keessa waan ta’ef karaan ba’an hin jiru. Waraanni Ingilizii kaabaan, kan Oromoo Kibbaan itti dhihaachuu akka hubateen, ewoodiroos Ingilizoota hidhaa gad-dhisee Naappiyeritti erge. Oromoo isa bira jirqan garuu morma irraa muree tulluu irraan gad darbate. Oromoo walloo oggaa reefa namoota isaanii argan Maqadallaa irratti lolatti seenan. Tewodrosin achitti dhaqqabanii ajjeesan. Waraana Ingilizittis argisiisan.

Tattaaffii Tewodros bara 13n Habashaa bulche keessatti Oromoo cabsuuf godhe irra moototni Habashaa isatti aanaanii aangoo qabatan waan gugudda sadii baratan. Isaanis:

- 1) Oromoo cabsuuf huna alagaan irraa gargaars karaa hundaa argachuun akka b arbachisu.
- 2) Gargaarsa alaa argachuuf ammo dipilomaasii beekuun akka barbaachisuu fi
- 3) Habashaa keessatti ammo tokkummaan, Mootummaa jabaa jiraachuu akka barbaachisuu barata.
Keessafuu Minilik Tuqaalee kana sirritti hubatee kan hojii irra oolchee dha.

B) Duula Koloneeffachuu Minilik

Minilik duula Oromoo irratti geggeessuuf gargaarsi alaa akka isa barbaachisu, kanaaf ammoo hariroon warra alaa wajjinii bareedaa ta’uu akka qabuu gibbi Tewodros keessatti barnoota argate. Shawaatti erga deebi’ees barnoota kana hojii irra oollchuu jalqabe.

Minilik 1865tti Maqadallaa keessa baafatee gargaarsa Oromo Manzitti dabre. Manziti deebi’ee utuu hin Ingilizii fi Faraansaayi wajjin hariroo tolfachuu jalqabe. Xalayaa warra Faransaayitti ergee meeshaa lolaa akka isa gargaran kadhate. Bara 1867tti xalayaa gara bira warra Ingiliziitti ergee meeshaa lolaa kadhate.

Yeroo jalqabaa kana sababni Minilk jabeessee qawwee kadhataa tureef yoo Tewodros itti duule ittiin of irraa loluuf fi Oromoo ittiin cabsuuf ture.

Yeroon Minilik Qawwee argachuuf hariiroo warra Awurooppaa wajjin uummachuuf bololuu jalqabe kun baay'ee mijataa ture. Saaqaa Suweez 1869tti waan banameef biyyootni Awurooppaa naannoo kana qabachuuf yeroo itti wal dorgomuu jalqaban ture. Minilik irra guddaa warra Misiiyoonotatti dhimma bahuun biyyoota Awurooppaa wajjiin wal baruuf tattaafate. Bara 1868tti misyoonticha Massaya jedhamu Shawaa seenetti Minilik hedduu dhimma itti bahe.

Minilik namoota Awurooppaatti dhimma bahuu oggaa boojuu isaa ture, Tewodros irra barate.

Gorsa Massaayaan, Minilikin bara 1872tti jila Abbaa Mikaa'eliin durfamu Awurooppaatti ergate. Abbaan mikaa'eel biyya Ingilizii, Faransaayii, Xaalyiaanii fi Vaatikaan quunname.

1876tti gartuu qormaata ji'oogiraafii godhu tokko Xaaliyaanii irraa Shawaa seenee ture. Gartuun Xaaliyaanii kun qormaata Joogirafii gochuuf Manzee keessa qubatee Minilikiif bu'aa guddaa buuse.

Warri Awurooppaa gargaarsa meeshaa lolaa, gorsitootaa fi leenjistoota ogeeyyi fayyaa fi kaartaa qoruu danda'an keennuufiin akka inni Oromoo fi ummatoota kibba Impaayera Itophiyaa koloneeffachuu dandeessisan. Kana kitaabi "The stolen Desert" jedhu yeroo galmeessu "*Minilik duula isaa teknishaanota, beektoa teessumaa lafa qoran (Map-makers) gorsitoota bulchiinsa loltuu dhaabbataa fi akkaataa biyya garboonfata keessatti kaampii ijaarratani turuu danda'anii fi akkaataa uummaata mo'ametti dhimma bahan gorsa irraa argate. Kana malees Faransaayonni qawwee hidhachiisuuf fi lola qindeessuuf kessaatti qooda guddaa qabaatan*" jedhee jira. Minilik Oromootti duulee koloneeffachuu akka danda'uuf haala isa gargaaran keessaa inni tokko, biyyoota Awurooppaatti irkachuu isaa akka tahe ifaa dha.

Miidhaa Koloneeffatamuu

Walabummaa biyya fi bilisummaa ofiif lolanii ijibbachuun ummata Oromoottii hin jalqabamne. Kan nama injifate namatti boonuun, namatti roorrisuun, tuffachuunii fi saamuun carraa uummataa Oromoo qofaa irra gahe miti. Oromoo cabsanii, Oromiyaa koloniin qabachuuf, koloneeffattoota Habashaan, hammeenyi dalagame garuu seenaa keessatti fakkataa danuu hin qabu. Erga booji'amee booda roorroo fi saaminsa ummata Oromoo irratti raawwatame hiriyyaa baay'ee hin qabu.

Koloneeffatamuun jirenya Oromoo yeroo irraa gara yerootti, karaa **Siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdee** jijirama akkami akka fide gabaabaatti illee ta'u, wal qabsiisuun hedduu barbaachisaa dha. Moototni Itophiyaa aangoo walitti daddabarsuu fi maqaa sirna bittaa jijirratan, haallii fi carraan ummata Oromoo wayyoomina tokko illee hin agarsiisne.

Ogga Minilik fi Abbootiin isa Oromoo naannoo isaa irratti duuluu jalqaban alaagaan argee barreesse danuu dha. Hedduun namoota akkasii jaalaala Ityophiyaa fi mootota isheetiif qabachuun ifaa dha. Isaanuu hammeenyi ummata Oromoo irratti raawwatamaa ture kan hiriyyaa hin qabne ta'uu ibsuu irraa of qusachuu hin dandeenye . Maddi seenaa itti aansinee dhiheessinu tokkoffaan orma akkasii ta'a. Ragaa hunda caalu

garuu ummata Oromoo ti. Hir'ina ogummaa barreessaa fi qubee dhabuu irraa, gadda isaatii fi gammchuu isaa barreeffamaan galmeessee dhaloota itti aanuuf hin dabarsine. Ta'u iyyuu seenaa isaa himamsa afaanitiin hin dabarsine jechuu miti. Bifa geerarsaa, walaloo fi dhaadannootiin waan hedduu dhaloota itti aanuuf dhaame. Roorroo koloneeffatamuun uummata Oromoo irraan gahe wal qabsiisuuf maddi odeeffannoo lammaffaan isa kana ta'e.

Galmeen moototaa fi mootummoota Itiyophiyaa ammoo, yoo argame raga daran amansiisaa ta'a. Jechi qondaalota Itiyophiyaa fi geerarsi fi dadhannoonaan isaanii madda oddeeffannoo biraati.

Koloneeffatamuun dura namootni biyyoota gara garaa irraa Oromiyaa seenanii Oromiyaa seenanii barreessan biyyi Oromoo badhadha, biyya aannanii dammaa, midhanii fi bunaa ta'u barreessan. Ummati Oromoo hojjetaa, quufaa, boonaa fi bilisa akka ture babal'isanii galmeessan.

Koloneeffatamuun booda Oromoo fi Oromiyaa adda ta'e arganii irraa barreessan keessaa Faransaayichi **Martial de Salvac** jedhamu nama duranuu biyya Oromoo keessa jiraatee ummatichaa fi afaan isaa baree ture. Innis,akkuma Plowdanfaa, dimokiraatummaa jirenya Oromoo fi ummata hojjetataa ta'uu isaa bal'inaan galmeesse. Hunda caalaa yaadatamaa kan isa taasisu wixiin duula koloneeffataa Oromoo hangam akka inni yeroo sana tilmaamuu danda'uu isaa ti. Nannoo bara 1870 heddumminni uummata Oromoo miliiyoona 10tti herreegama ture. Koloneeffatamuun booda, bara 1901 tti oggaa Saviac kitaaba isaa barreesetti Oromoone hafe miliiyoona shan akka hin caalle ibse.

Lolli kamuu lubbuu nama fi qabeenya akka gaaga'u ifaa dha. Gaaga'amni akkasii qofti lubbuu namoota miliyoonaan lakkaawwamanii galaafachuu hin danda'u. Ummata Oromoo lafa irraa duguuggun sagantaa mootota Itiyophiyaa ture. Keessattuu, Moototi Shawaa dhaloota danuudhaaf daba akkasii irratti bobba'aa turan. Duula akaakayyuu Minilik, Saahile Sillaasee, bara 1840tti Sulultaatti bobbaase kan ijaan arge Kraf akkas jedhee baresse.

"Gaafa Des.25/1840tti Ganama keessaa sa'atii lamatti dirree Sululta jedhamu geenyee qubanne. Uummati tulluuwan naanno sanaa irra qubatan Gaallaa (Oromoo) Sululta jedhamu. Warri isaan irraa gara Kibbaa bahaa qubatan ammo Gaallaa Finfinnee jedhamanii maqaa gaara irra jiraataniin waamamu. Gaallaan (Oromoone) sululta saawwaa fi fardaan nugsicha gabbaruu waal didaniif mootichi gandi isaanii hundi abiddaan akka barbadaa'u ajaje. Boodaa hunda irratti gandeen waan barbadaawaniif maqaa isaanii galmeessuun barbaachisaa natti hin fakkaanne. Waraanni (kan Saahile Sillaasee) waan fedhan erga fudhatanii booda ni gubu turan. Midhaan hoomiishamee waan dhumeef, mootichi akka aadaa isaa oomisha gubuu hanqatu iyyuu qamadii hedduun manneen, wajjiin gubatan"(Mohaammad Hasanii fi Geen Field) bobbaa kana qofa irratti namoonnii 4,600 naanno Sululta fi Finfinneetti qofa akka ajjeefaman barreessan Darkwah jedhamu galmeessee jira (Darkwah fu.195) Barreessaan Darkwah jedhamu kun nama Minilkiin jaallatu. Jagnummaa Minilikii fi hubataa, gamnaa fi tattaafataa ta'u isaa faarsee barreesse. Innuu sagantaa uummata Oromoo fixuu kana akka Minilik abbootii isaa irraa dhaalee tolche ibse. Lakkoofsa Oromootaa gabaabsuudhaaf saganta diriirffame keessaa ajjeesuun kan duraa ti. Duula Minilik kan gaafa

Sept.6/1886 irratti qofa Oromooti Arsii kumi Ja'a dhumuu erga barreessee booda naannoo koloneeffataman hundatti nama afur keessa tokko ajjeefamu galmeesse .(Darkwah f.195)

Kanaafuu ummata Oromoo fixuun sagantaa dhaalmayaan moototni Itiyoophiyaa wal dhaalchisan tahuun ifaa dha. Alagaan duula koloneeffachuu Minilik irratti barreessan, **Oromoo afur keessa tokko ajjeefamu** galmeessanii jiru. Isaan keessa tokko namticha **Salviac** jedhamuu dha. Salviac duula irratti geggeeffameen, Oromo walakkaa ol dhumuu ibsee jira.

“Ummati Oromoo bakka bakkatti diina dura dhabbachaa waan tureef hanga naannoo isaa malee kan fagoo quba qabaachuu ta'e herreguuf carraa hin qabu ture. Kanuma naannoo isaattu galmeessuu dadhabee hangam waraabsi fi allaattiin akka sooratan qofa beekuuf dirqame. Fakkeenaaf,Walaloo Caboo kana haa ilaalu:

“Soressi boonuma boonee

Iyyeessi boo'uma boo'ee

Gaabanaan farada qilleensaa qilleensee

Dhufeti wal qixxesee

Warraanni Amaaraa dultee

Allaattiin Caboos quuftee”(T.Bitimaa f 321).

Koloneeffatamuun dhumiinsa Oromoo hawaasa Oromoo maddisiise. Gootichi mana hidha Minilik keessatti du'e **Ilaansoo Daawoo** kan hubatee akkas jedhee dhaame.

“Yaa Oroobaa baattee

Yaa Oroobaa baattee

Yaa Oromoo baddee

Yaa Oromoo baddee

Yaa Oromoo baddee “

Akka namtich Darkwah galmeessetti, Minilik yeroo sanatti yoo xiqlaate qawwee 60,000 rasaasa 1,000,000 fi baaruda baarmeela kuma baay'ee bitate ture. Lakkoofsi madaafa isaas kuma baay'eedhaan lakkaawama ture. Kun hundi ittiin Oromootti duuluuf ture.

Bakka waraanni isaanii seenuu dadhabetti ammoo balaa dhukkubaa seensisani Oromoo fixan. Waraanni Tasammaa **Naadoo Iluu Abbaa Boor kan Fatansaa Iluun hogganamutti**, kallachaan lolee injifachuu yeroo ijibbaatetti tooftaa kanatti dhimma bahe. Kanneen dhukkuba irraa hafan ammoo rasaaasaa fi goraadeen obbaafachiise. Tooftaan akkasii naannoo Oromiyaa gara garaatti hojii irra oolee ture. Maddi tooftaa kanaa warra Awuropaa irraa akka tahe hubachuun nama hin dhibu.

Lakkoofsa Oromoo yarsuudhaaf (xiqqeessuudhaaf) sagantaan diriirfama lammaaffaan nama jiraa gugurachuu ture. Mee kana irratti jaalallee Minilik Darkwah haa caqasnu.”dhumaati lammaaffaan warra

duulcha irraa dandamate ilaala. Isaan keessaa gariin akka boojuutti shawaa geessanii jalee mootichaa fi qondaalota isaa taasisan.” jedha.

Minilik xalayaa warra Awurooppaatiif barressee irratti yeroo tokko booji’amtotta 5,000 yeroo biraamammo 20,000 akka maaree ibsee of faarse. Yoo hangana gad-dhiisuun isaa dhugaa ta’e, meeqa gabroomfatee, meeqa ammoo Nafxanyootaaf erga hiree booda akka ta’e yaaduun nama hin dhibu. Gariin garboota akkasii Baargamatti gurguramanii jijiirraa qawwee fi rasaasaa ta’an. Kaan akka harka fuudhaa, kennaa fi tirmaatti qoodaalota Gondor, Goojjamii fi Tigiraayiif ergaman. Gaafa intalli Mionilik ilma Yohaanisiif kennamte, qofa Oromooti 5,000 akka tirmaatti wajjin ergamuu galmeen seenaa Habashootaatuu ni ibsa.

Minilik mataan isaa garboota 70,000 qabaachuudhaan hunda caalaa dureessa ture. Qondaalotni isaa akka sadarkaa isaaniitti garboota qabachaa turan.

Oromooni akka horii gabaa baafamanii gurguramaa akka turan alagaan argee galmesse danuu dha. Ingilizicha Donaldson Smith jedhamu koloneeffatamuun jirenya Oromoo Arsii hangam akka faalleesse fi akka garbaatti ilaalamaa fi gurguramaa akka turan oggaa ibsuu akkas jedhe:

“Biyyi ummanni lola jaallatu sun keessa garmaamaa tun meerre? Tasuma hin jiru. Kan nuti agarre ummata hedduu nama gaddisiisu ture. Waggota afur qofa dura ummata hedduu bareedaa fi boonaa akka turan irraa mul’ata . Haala har’ a keessa jiran yeroof dagachaa ija babaasanii surraa (glory) duraan qabaachaa turan nuuf himuutti guddaa gammadu turan. Oromo Arsiiakkuma kan bakka biroo akka garbaatti ilaalamu. Gabaa iyuu baafamanii ni gurguramu” (Mohammad Hasan fi Green field f .9).

Waraanni Itophiyaa nama booji’e hundaa ofiif garbroomfachuu fi alagaattis gurgurachuu qofaan hin quufne. Intala Oromoo itti bareedde hundaa warra isee eega biratti qaqqalanii booda, niitii taasifatu turan. Intalli Oromoo meeqa haala kanaan niitii diinaa taatee, ilmaan diinaa horuuf akka dirqamte beekuun ni rakkisa. Raas Tasammaa Naadoo mooticha Guumaa Abbaa Foggi erga ajeessee booda intala isaa Gennee Halimaa akka fuudhe. Guumaa abbaa isaa baasuuf roorroo obbooleettii isaa haquuf oggaa obbooleessi isee Firrisaan, fincilee gara laafinaa malee fannise.

Kan hunda caalaa nama gaddisiisu ilmaan Oromoo ijoollummaatti booji’aman hedduun meeshaa ittiin Oromoo doorsisanii fi sobanii bulchanitti jijiiramuu isaanii ti. Oromo haala kanaan booji’amanii kaayyoo faallaa sabummaa Oromoo fudhachifamuun ykn mala biraa dhabuudhaan miseensa waraana Minilik taasifaman kuma baay’ee akka turaan ifaa dha. Lubbuun nama akkasiis rakasa waan tureef lola hundaa duree ta’ee kan itti bobbaafamu isa. Alagaan lola Adawaa irraa barreessan osoo Oromooti akkasii dhaadachaa fi geeraraa matarayasi Xaaliyaanii callisiisuu baatanii mirgi kan Minilik ta’uu akka hin dandeenye ibsan.

Oromoota ijoollummaatti booji’amanii meeshaa mootummaa koloneeffataa taasifamanii qooda guguddaa kennan keessa **Habta-gi’oorgis Dinagdee fi Baalchaa Abbaa Nafsoo** maqaa dhahuun ni gaha. Gaafa dirqama isaanii raawwatanittis akka Kosii gatamuu isaanii duraanuu akkuma meesha qoftti ilaalamuu isaaniitiif raga gahaa dha.

Haaallan kanneen irraa Oromoo walakkaa ol dhaloota tokko yeroo hin guunne keessatti dhabame. Madda yaadaa fi yaadannoo akkasumas karaa mala jireenyaa haqe. Guyyaan halkanitti jijjiramuu kana walaloo Walgaafaa Qumbii kana caalaa tolchanii ibsuun ni rakkisa.

“Yaa diddii galgalaa
yaa didii galgalaa
dubbii Goobanaa Daancuu
Gamni hamaan hin daaktuu
Goonni namaa hin dhaadatu
Maal cillimiin akkanaa
Maal ciliniin akkanaa?”
(T,Bitimaa f. 320)

Koloneffataan kamuu daba ni raawwata. Gochaa fakkaataa kan Itophiyaa garuu hin bakka biraatti argama hin fakkaatu. Tewodros gaafa wallotti duulee ture namoota irraa harka lameen muree mormatti akka rarraase, walaloo sokaa fi soorgoo isaanii keessatti: “*Atsee Tewodros ijig tawaaraduu, Ye Walloon sawu hulluu iji nasteewu heduu*” jedhanii ibsu turan.

Hammeenya ol aanaa raawwachuudhaan eega cabsanii booda ammoo sirnaa bulchiinsa Oromoo faalleessuuf hammeenya dabraa raawwatan. Sirna dimokraatawaa Gadaa dhabamsisuuf, qaroo, hayyuu fi goota biyyaa dhabamsiisan. Eega hundee sirna dimokraatawaa Gadaa laaffisanii booda sirna bittaa isaanii irrati diriisan. Walghiin coffee fi ayyaannootni Gadaa hundii seeraan dhorkaman. Haala kana ilaachisee waan ijoolleen Gullallee wallifte mee wal haa qabsiifnu.

“Inxooxxoo dhaabbatanii
Caffe gadi ilaaluun hafe.
Finfinnee loon geessaanii
Hora obaasuun hafee
Tulluu Daalattii irratti
Yaa’in Gullallee hafe
Gafarsatti dabranii
Qoraan cabsuunis hafe.
Hurufa Boombii irratti
Jabbilee yaasuun hafe
Bara jarri dhufani
Loon teenyas ni dhumani
Idda Mashaashaan dhufe
Birmadummanis hafe:”
(T. Bitimaa f. 318)

Alagaan hariiroo Oromoo fi nafxanyaa gidduu hubatan, gochaan nafxanyaa kan shiftaa irraa adda akka hin taane ibsaa turan. Fakkeenyaaaf: “ Qonsiilli Inglizii kan naannoo bara 1927tti Moyale ture **Hadson** , “loltuu mootummaa (nafxanyaa) fi shiftaa gidduu garaa garumaan hin jiru” jedhe gabaase. Erga waggaa 20 oliif bulchaa turaniyyuu nafxanyooni “Arsiin ni fincile jedhanii itti duuluun loon **30,000** dachaafatan” jedhe. Sirni bittaa Itophiyaa sirna cunqursaa fi booddessaa ta’uu fi warri Itophiyaa qawwee qabaachuu malee ogummaa fi qarooma akka him qabne Ivalyn Waugh oggaa ibsu: “bulchitooni Itophiyaa riqicha ijaaruttiin, dhibdee fayyaa furuutiin ummata cunqursan hin caalan, Koloneeffatoota keessaa garuu kan akka isaanii hammaatu adii Kibbaa Afrikaa yoo ta’e malee hin jiru” jedhe. Qinsiiltichi Ingilizii lola Xaaliyaanii dura Goree tures ilaalcha fakkaataa barreesse. Warri Itophiyaa ofiif waan uumuuf hawwii fi ogummaa akka hin qabne ibse. Dafqa uummatichaa fi qaraxa nagadaa duwwaa saamuudhaan jiraachuutti akka quufan hime.

Caasaa Sirna Kolonii fi Dingdee

Sirna kolonummaa, biyyaa fi ummata Oromoo irratti diriisuudhaaf ummatni Oromoo miliyoonaan lakkaawamu dhumu isaa ilaallie jirra. Amma Ammoo isa dhumiinsa irraa hafe irratti sirni bittaa kolonii Itiyoopiya maal akka irraan gahe gabaasine ilaalla.

1. Akekni Habashoota sadarkaa duraatti qabeenya biyyaa fi ummata Oromoo saamuu ture. Biyyi Oromoo badhaadhaa, ummatni isaa hojjetaa fi qabeessa akka ture galmeen seenaa ni ibsa. Hawwii Habashootni yeroo dheeraadhaaf qabaachaa turanis qabeenya kana saamuu ture. Lola biyyaa Oromoo koloneeffachuuf waggoti soddomma ol deeme keessaatti qabeenyi Oromoo irraa saamame danuu dha. Kaanis ni barbadaawe. Kana irrais ummatni Oromoo gariin oggaa dhumu inni hafe ni hiyyoome, hamileen ni cabe.
2. Ummata lola irraa hafe irratti tarkaanfiin fudhatame dhawaataa fi sagantaadhaan buqqisuu ture. Bakka ummati Oromoo irraa buqqisaniitti ammoo ofii qubatanii sirna roorroo, saaminsaa fi cunqursaa haaraa diriirsan. Fakkenyaaaf: duraan Oromoo Abbichuu irraa arihanii **Ankobar** qubatanii duula isaanii qindeessaa turan. Dhuma 1880ta keessa ammo Oromoota sulultaa fi Gullallee buqqisani jalqaba **Inxooxxoo**, achi irraahis darbanii **Finffinne** qubatan. Achi irraattis booda magalaan ijaarratan. Bakka katamaa jedhanii ijaarratan hundattu wanti ta’e kanuma. Handhuura biyyaa Oromoo keessa bakka adda addaatti katamaa ijaarrachuu sirna mootummaa isaanii diriisuu fi akka duraanii saamanii galuu utuu hin ta’in irra taa’anii nyaachuu fi ummata gabroomsaniis tohachuudhaf itti roorrisuu, hacuucanii bulchuudhaaf ta’uu isaa ifa dha. Biyyaa Oromoo fi kanneen koloneeffatan biraas keessatti katamaa 37 ijaaran.
3. Biyya Oromoo fi ummata kutaadhaan, Konyaadhaan, Onaan, gandaa, manaan walii qoodan. Oromoo akka looniitti lakkaawamee nafxanyootaaf hirame. Oromoo lafa isaa guutummaatti dhabee, mirga namummaas sarbamee garbaa fi gabbaarii ta’e.
4. Oromiyaa akka dhuunfataniin lafti guutummaatti qabeenya koloniaalistoota taate. Sanaan

duratti biyya Oromoo keessatti lafti qabeenya eenyuuuyyuu hin turre. Lafti uumaama. Kan biyyaa, kan ummataa ti. Qabeenya dhunfaa hin turre. sirna isaanii akka diriisaniin safara lafaa gaashaa (qalaadii) jedhamu fidan. Haga danda'an safara kanaan akkuma aangoo isanitti sadarkaa sadarkaadhaan waliif quoddan. Fakkeenaf, namtich Ras Birruu jedhamu Harargee qofa keessaa qalaadii kuma digdamii lama (22,000) oltu kennameef.

5. Ergaa lafti akkasitti safaramee nafxanyootaaf quodamee, sirna gabbaarii irratti diriirfame. Sirni kun waan heduudhaan garbummaa irraa adda miti; gabbaarich mana ofitti gala fi malkanyich dirqama isa Nyaachisu dhabuu qofa ture. Dhiirri, nafxanyichaaf lafa qotuu, aramuu, tiksuu, omishuu, midhaan calleessuu, galchuu, mana, dallaa, gombisaa ijaaruu, bakka nafxanyich dhaqe gaangoo isaa qabannii duukaa deemuu, hojii biraas hojjachuu ture. Dubartootni midhaan dakuu, tolchuu, haadha manaa fi ijoollee nafxanyichaa tajaajiluu bishaan fi qoraan guuruu, fi hojii mana keessa hunda hojjetu ture. Ijolleen loon fi horii biraan nafxanyichaaf (kan war isaanii fi Oromoo biraan irra saaman) tiksuu fi hokaa itti haamuu, fi ergaa ergamuu ture.

Dirqamni gabbaarii kana qofaan hin raawsatu, Dirqama mootummaas ni qaba. Mootummadhaaf waggaatti kiraayii (gibira) lafa irra jiraatuu waggaatti Asraat (harka kudhan keessa tokko) waan argate irraa nafxanyichaaf galcha. Dabalees, waggaatti yeroo beekamaa bahee hudaada (qonnaa mootummaa) hojjechuu, karaa soquu manneen mootummaa (mana hidhaas dabalee) muka muree, citaa haamee ijaaruuf dirqama.

Haala gabbaarii Oromoo namichi Ashee Hayiluu jedhamu **1925** keessa akkas jedhee barreesse jira. “*Waggaa keessatti yeroo sadii daakuu quunnaa 15 fi damma malkanyaaf geessa . Waan horate harka kudhan keessa tokko mootummaaf gibira galcha. Daakuu sana fe'ee lafa dheeraa adeemee mana malkanya bira gahee akka irraa hiikeen, milkanyichi baga nagaan dhufte jedhee simata. Garuu tolaafisa hin simatu. Yeroo inni itti barbaadutti waan dhaqeef isa simata. Qalaada isaa kan Awaash gmaa dhaqee akka Xaafii fidu isa ajaja. Gabbarichi maaloo yaa gooftaa koo yeroon yeroo makarii waan ta'eef, yoon amma dhaqee dafee hin makarre roobni dhufee na duraa balleessa, yoon midhan ala jiru hin sassaabne bara dhufu waan ittin gabbaru hin argadhu, buqqa'uu koo ta'a, kanaaf adaraa manatti na galchi jedhee miilla irratti kufee kadhata. Malkanyichi wawwaachuuf boo'uu gabbaarichaa hin dhagahu. Eessa abba isaa dhaqa ree? Bakka qalaadii aanaa dhaqee xaafii sana fe'ee fiduu qaba . Harka isaa yeroo tokko waaqatti yeroo kaan lafatti gadi qabee dhalachuu fi jirenya isaa abaaraa, jirenyi itti hadhaawaa gara qalaadii malkanyichaatti karaa qabata.*

Yeroo bakka qalaadii sana gahu misilaneen gammachuun isa simata. Ammas tolaaf miti. Mana malkanyichaa haaromsuu jalqabee nama hojjatu dhabee isa rakkataa jiru waan inni dhaqeef gammade. Torban tokko Misilaneen sun mana ijaarsisa. Sana boodde Xaafii fe'ee Addis Ababatti deebi'a. Utuu irraa hin hiikin daakuun dhumeeraa mana baaburatti geessi jedhama . Gabbaariin kun waan rakkinaaf uumame

fakkaata. Utuu nyaatee hin dhugin akka karaa irraa dhufseen mana baaburaatti darba . Yeroo achii deebi'u qe'ee qulleessi sana godhi, kan hojjedhu jedhame. Ajaji dhuma hin qbu. Hanga achi jiraatu kana horii isaa kan manna gudunfatee nyaata malee malkanyihi nyaata hin kennuuf. . Horiin isaa ogga dhumatu yaadi mana (qe'ee) isaatti galuu hafee qoonqoo isaaf nyaata barbaaddachuuuf ganda dhangaan jiru irra naanna'e hambaa funaannata Dhukkuban qabamee akka ilmoo bineessatti dallaa malkanuichaa lafa taakkuu tokko gadi qotan awwaalu. Harree isaa utuu inni dhukkubsate ciisuu hattuun jalaa fudhatte. Yeroo kana dubartiin olla jirtu tokko dallaa lirraan lallabdee "Yaa obboleetti maal reefi kaleessa, dallaa keessanii bahee awwala dhaqu? Jette gaafati, yeroo kana haati manaa malkanyichaa,"hin cinqamin, nama miti gabbaariitu du'e jattee deebistiif"

Kolonumman Habashaa kan faashistii Xaaliyaanii irra illee hangam hamaa akka ta'e weedduu yeroo sanatti Oromoonaanoo shawaa weeddisan haala kana tolche ibsa.

"Xaaliyaaniin nuun furre
Nutii bowwaadha turree
Raas Haayluu gonfitee
Warri Roomaa sokkitee
Jarri gaaraa gadi yaa'ee
Dhufee nu irra qubatee
Garaan keenyas gubate
Xaaliyaanota sana
Buphaahumaan gabbarree
Nafxanyootuma kana
Tumaalleessan gabbarre
Yaa oromoo Bakkuma keenya barree"

(T.Bitamaa f 323

Xaaliyaaniin wagga shaniif yeroo Oromiyaa fi Habashaas koloneeffatte turte **qophii raadiyoo** afaan Oromootiin jalqabde turte. Naannoo Oromoo keessatti keessatti afaan Oromoonaanoo akka dhimma bahanuu gootee turte. Habashooni gaafa aangootti deebi'an kana hundaa ni dhorkan. Miidhaa uummata Oromoo irra gahe kana hubatte Evalen waawu bara 1930ta keess yeroo barresse:

"Habashooni uummata gabroomfataniif waan laatan fi barsiisan tasa hin qaban. Ofii wajjin beekumsa haaraa akkaataa qonnaa,ogummaa hojii harkaa,karaa hojjeechuu, beekumsa qorichaa fi qulqullinaa, jaarmyaa polotikaa waan fidan hin qaban . ,Karaa beekumsaa uummata gabroome waan ittiin calan hin qaban.Kan isaan ittin caalan qawwee fi kaaqinaa duwwaadhani , Kan isaa fidanii dhufan amala badaa kan hojii jibbuu (taliisummaa)bosona gubanii balleessuu, of tuulummaa, nagda achi keessaan darbu qaraxuu fi uummata miidhuu dha." Jedhee galmeesse jira.

Cuunfaatti, hammenyi minilik saba Oromoo irraan gahe barreessanii fixuun hin danda'mu . Garuu gabaabaatti Minilik

1. Uummata Oromoo hamma danda'u ajjeese.
2. Warra kana irra hafe garba godhee gabaa baasee gurguree qawween jijiirate.
3. Warra kan irra hafan lafa isaanii sarbee gabbaarii malkanyaa taasise
4. Nafxanya hidhate biyya Oromoo keessa qubachiise. Lafa isa (Oromoo) isaaniif hire.
5. Gadaa seeran dhork Aadaa fi amantii Oromoo balleessu jalqlabe.

Haala kanaan Impaayera Minilik ijaare Hayila-sillaaseen irra dhaalee beekumsa baraa fi akkaataa bulchiinsaa waan fooyesse fakkeessudhaan saaminsaa fi cunqursaa itti fufe . Cunqursaa fi samiinsa bara Hayila-sillaasee daran jabaa fi fokkisaa ture. Afaan, Aadaa fi seenaan Oromoo ukkaamsaa jala ture.

Miidhaa Bara Hayile-sillaasee

Moototni habashaa darabee sirna bittaa kolonii Minilikitti wal furan marti qiyyaafatnoon isaanii uummata Oromoo irratti. Seena, aadaa fi afaan Oromoo balleessuu fi qabeenyaa Oromoo saammachuu dha.

Guddina afaan, seena, aadaa fi dinagdee Oromootti duulaa ilmaan nafxanya Oromiyaa keessatti kan goobse Hayila-sillaasee dha. Hayila Sillaaseen qubsuma ilmaan nafxanya babal'isuu fi jajjabeessuun, aadaa fi afaan Oromoo gad-qabee kan Amaaraa irratti babal'isuun, baasii gibira ol kaasee ittiin dinagdee Oromoo quucarsuu fi lafa isaa irraa buqqaasee nafxanya irra qubachiisuu fi k.k.f niin hawaasa Oromooo hedduu miidhe. Ummatni Oromoos mormii fi diddaa bittaa kolonii mootummaa hayila Sillaasee gochuun kufaatii mootumichaaf guddaa gumaache. Fincila diddaa kolonii mootummaa Hayila-sillaasee Oromoone yeroo fi bakka adda addaatti gochaa ture keessaa tokko kan Raayya Aseeboo bara 1928-30 ti.

Bara 1928 keessa bulchaan naannoo Raayya, Azaboo fi Waajiraati Gugsaa Ari'ayyaa ture. Gugsaan gita bittuu habashaa, Hayila-sillaaseen nama Oromoo Raayya irratti ramadamee dha. Bittaa kolonii Hayila-sillaasee bakkaan gahuuf jecha miidhaa Oromoo irraan gahuutti fakkaattii hin qabu ture. Humna Oromoo Raayya laaffisuuf jecha gibira ol kaasuu fi miidhaa adda addaa irraan gahuu eegale. Kanaaf Oromoone Raayya ji'a jalqabaa bara 1928tti mootummaa irratti fincilan. Hayila-sillaaseen fincila kana dhaamsuuf humna waraanaa meeshaa jabanaa hidhate itti duulche. Humna lafoo qofaan injifachu akka hin dandeenye hubate. Akka kanaan hogganaa ministeera waraana isaa ennasii Dajjaazimaach Mulugetaa Buliin ji'a Bitootessaa bara 1930tti humna waraana lafoo fi qilleensaa itti bobbaase. Mulugetaan gara laafina tokko malee ijoollee fi maanguddoo, dhalaa fi dhiira utuu addaan hin fo'in irraa fi jalaan rasaasa itti roobsise. Tarkaanfii diinummaa irratti fudhatame kanaan hubaatii guddaan qabeenyaa fi lubbuu Oromoo Raayya irra geessifame.

Dhuma irratti tumsa waraana humna qilleensaa Ingilizii Eden irraa gaafatee argateen, Hayila-sillaaseen fincila Raayya kana dhaamsuu danda'e.

Bara Xaaliyaanii boodas deggersa mootummaa Ingiliziin Hayila-sillaaseen barcuma bittaa isaatti oggaa deebi'u, warri jalqaba fincile Oromoo Raayyaa ti. Akkuma Hayila-sillaaseen bara 1941tti aangootti deebi'een hawaasni Oromoo Raayyaa fincilan. Fincilli kun hanga 1943 daboo humna qilleensaa Ingilizii Eden irraa ka'uun rukkutametti hin qabbanoofne. Hayila Sillaaseen baqattummaadhaa deebi'ee bittaa kolonii habashaa gargaarsa Ingilizii fi biyyoota dureeyyi biroon itti fufee fincila Oromoo humna qawween dhaamsuuf miidhaa qabeenyaaaf dhumaatii namaa hedduu geessise. Bara 1947-48 keessa ammas Oromoo Raayyaa fincilanii bakka bal'aa bilisoomsanii erga qabatanii booda, daboo humna qilleensaa Ingilizii Eden irraa kadhatameen ammas qabbanaawe. Humni qilleensaa kun gara laafina tokko malee dhukawaa itti harcaasuun humna riphee lolaa Oromoo fi ummataa nagaa dilbootti fixe.

Mootummaan Hayila-sillaasee, **1958-1959tti**, mirga isaanii waan falmatanifi, Oromoo Walloo naannoo Daawwee, Karra Qoree fi Dhumunggaa miidhaa guddaa irraan gahe. Oromoo gooticha Hasan Ammeen hogganamee lolatutti, Hayila-sillaaseen humna waraanaa isaa Ameerikaaniin lola kooriyaatiif leenjiste, ilmaan Oromoo dhiibbaa irra gahaa jirtu falmatanitti duulche.

Humni isaa Jeneraal Abbabaa Gammadaatiin hogganamu kun, xinnaa fi guddaa, dhiiraa fi dhalaa utuu hin jedhin balaa diinummaa Oromoo Daawwee irraan gahe. Kanaanis fincilicha dhaamsuu hin dandeenye. Kanaafuu karaa hoggantoota amantii araaraan qabee to'atnoo isaa jala galchuu toofteeffate. Kanaan jaarsummaa Alii Dullattii itti erguun nagaan harka yoo laatan homtuu akka irra hin geenyee fi gaaffiin isaanii akka guutamuuf waadaa seeneef. Goototni Daawwees dhugaa itti fakkaatee harka kennan. Haayila-sillaaseen waadaa seene ganee namoota 700 ol fixe.

Gadaa Melba fuula 121)

Kanneen nagaaf harka kennatan keessaan Magaalaa Karra Qoree keessattis namoota 70 yaa'ii ummataa keessatti gara jabinaan fannisiise. Jarreen fannifaman garuu ummatni Oromoo qabsoo bittaa alagaa jalaa bahuuf gochaa jiru daran akka itti fufuu qabu dhaamsa 'ekeraa'dhaammatanii xoofoo du'aa unatan, Keessattuu hogganaa fincila sanaa kan tahe gootichi Hasan Ammee finyoo mootummaa H/Sillaasee lubbuu isaa baasuuf jettu jala dhaabbatee "yaa Oromoo qabsoo faallaa faashistii Amaaraa gochaa jirtu hin dhaabin!" jechuun dhaammate. Godaannisni gochaa mootummaa H/sillaasee kun sammuu Oromoo, keessattu kan Daawwee keessaan kan hin haqamne ta'uu walaloon Oromoo naannoo Daawwee ni callaqqisiisa. Walalchis: 'Kamisee hin bu'in, Kamiseen kan cubbuu

Gooticha Hasan Ammee Kamisa baate lubbuun' jedhu.

Mootummaan H/Sillaasee adaba inni Hasanfaa irratti fudhatu ilaaluun, ummatni naannoo akka inni jiilutti kamisa gaafa gabaa guddaa yaa'ii ummataa keessatti fannise. Gama kaanin garuu maalummaa mootummichaa kan addeessuu fi jaalala ummatichaaf akka hin qabne kan mul'isu ta'a.

Mootummaan Hayila-sillaasee keessatti dalagaa farrummaa Oromoo irratti raawwatamaa turan keessaan tokko baasii gibiraa ol kaasuu dha. "Irboo", "Asraata" k.k.fn moggaasee ittin qabeenyaa Oromoo saamaa

turan. Oromoona sana hunda obsee, danda'ee jennaan, Haayila-sillaaseen mala ittiin Oromoo lafa sonda'aa irraa buqqisanii nafxanyaar qubachiisan qiyyaafate. Kana hojiitti hiikuu kan eegale Oromoo baddaa Baalee irratti ture. Akka kanaan gibira utuu hin gaafatin 1952-1961tti waggaa kudhaniif irratti sabboqse. Booda baasii isaa ol kaasuu irrayyuu sobbooqa waggaa kudhanii al-tokkotti akka baasan dirqisiise. Akka kanaan baay'ina lafa Oromoo irraa sarbamee fi sobbooqa gibiraan mootummaan gaafate Gabruu Taarraqee akka itti aanutti kaa'a:

Konyaa	Gibira hin bahin	Lafa sarbame
<u>[qarshii Itoophiyaatti]</u>		
Dalloo	1799558.04	qalaadii8254
Faasil	2540783.14	" 4851
Gannaalee	1165064.43	" 2022
<u>Waabee</u>	<u>2311346.15</u>	<u>” 7911</u>
Walii gala	7816751.76	23038

Gebru Taaraqee "power and protest peasant Revolutionin the twenteith century" jedhu p.133
Haala kana irraa ka'uun fincilli gibira baasuu diduu Oromoo Baalee eegale. Kanaaf jecha mootummaan humnaan dirqee baasisuuf bobbaa karaa adda addaa jalqabe.

Bara 1964tti Haayila-sillaaseen kutaa Baalee ilaalchisee labsii baase. Labsiin kunis:-

1. "Gibira bara 1952 - 1961 irra jiru akka baasan.
2. Namootni lafti harkaa sarbame, kan yo mootummaan nama biraaf hin laatnee, abbaa duraan itti gargaaramaa tureef haa kennamu" kan jedhu ture.

Tooftaa akkasii kanaan Haayila-sillaaseen Oromoo lafa dhabilee taasisi qe'ee isaa irraa buqqaase. Hawaasni Oromoo lafa sarbamee, eenyummaa fi abbaa biyyummaa ganame.

Uummata kutaa Baalee 1,206,700 gahan keessaa 1,000,000 kan caalan Oromoo dha. Oromoo harka wayyaba tahe kana tooftaan lafa irraa buqqisanii, ilmaan nafxanyaaf gochuuf qubsumni nafxanyaaf fi Oromoo owuruu isaa irraa buqqaasuu dalagaan eegalame. Akka kanaan:

Konyaa Waabee fi Doolloo keessaa lafa qalaada 8,000, konyaa Faasilii fi Gannaalee keessaa lafa qalaada 3,000 - 4,000 Oromoona sarbame.

Horiin beeladaa (horii kottee) 2,000,000 kutaa sanaa kan Oromooti. Sunis maqaa sobbooqa gibiraan baasuu diduun sarbamuu eegalaman. Gochi fakkaataan kutaalee Oromiyaa biro keessattis raawwatamaa ture. Paatrik kana ennaa ibsu:- " In Sidaamoo and Baalee provinces in the 1960 it has been reported there were many people killed objecting to land secizures; similarly evictions have led to several actions in the sheshamane area, and in Wolaga in the last three years" (The dying lion P. 257)

Gochi mootummaa kun fincilli akka itti fufu taasise. Kanaaf jecha bulchiinsi naannoo humna loltuu koloneela poolisiin hogganamu qindeessee itti duulche. Humni sun garuu irree gootota Oromootiin haleelame. Haala kana ennaa ibsu Paarrik Gilkee akkas jedha:

“Actual fighting in Wabe broke out in April 1964 when the local governor led a police force in to Rytitu to collect taxes, there had been reluctance to pay for as long as ten years. On the way his force was surrounded and defeated.”

“Lolli fuulaa fi fuulaa waabee keessatti ji'a Caamsaa bara 1964tti ennaa bulchiisni naannoo, humna poolisii hogganee, sobbooqa gibira Wagga kudhanii dirqee funaanoof Raayituu keessa bobbaase dhohe. Karaa irratti humni isaa marsamee barbadaawe.”

Haayila-sillaaseen humna waraanaa qofaan fincilicha cabsuu akka hin dandeenye hubate. Kanaaf jecha tooftaan Oromoo amantiin qoodanii bituu Baalee keessatti daran tattaafatame. “Out of the 93 churches in Bale, 44 are Government built and Supported; none of the mosques were Government built and none have received Government land grants for their support.” jedha Paatrik “(The dyinglion” P. 223)

Fincilli haalli kun dhalche, sadarkaa humna Hayila-sillaaseen ol tahuu irra gahee ture. Haayila-sillaaseen fincila kana dhaamsuuf humna qilleensaa fi hoomaa waraanaa lafoo itti bobbaasee gandeen, qabeenyaa fi lubbuu Oromoo baay'ee dhabamsiise. Akkuma fincila Oromoo Raayyaa duraan humna qilleensaa Ingliiin dhabamsiise, kan Baaleef ammoo ogeeyyii (experts) waraanaa fi meeshaa Ameerikaanitti gargaaram. Fkn:- Lola bara 1967 Dalloo keessatti tahe irratti ogeeyyii (experts) waraanaa Ameerikaan deggeramee meeshaa waraanaa gugguddaa akka Baazuqaa fi Jeettiin (xayyaaraan) boombii ilmaan Oromoo haqa isaaniif lolatan irratti harcaasuun miidhaa guddaa erga irraan gahee booda, konyaa Elkarree dhuunfatamee ture deebisee qabachuu danda'e.

Jeneraal Jaagamaatti gargaaram ee hogantoota qabsichaa of jala galchee, qabsicha dhaamsuuf hojjechuuf itti fufe. Jeneraal Jaagamaan, Waaqoo waliin quunnamtii uume. Quunnamtichi garuu qabsoo haqaa itti fufnaa utuu hin taane, wanta nuuf qoodan fudhatnee Haayila Sillaasee tajaajillaa dha. Kanaan wanta Waaqoon gaafatu Haayila /sillaaseen akka guutuuf amanameef. Duula gowwoomsaa karaa Jaagamaa kanaan ji'a Bitootessaa bara 1970tti Waaqoon mootummaa Hayila-sillaaseetti araaramee hidhatootnii fi deggertootni isaas gar-tokko akka sochii qabbaneessan tahe. Booda garuu wanti irbuu seenameef guutamuuffii hanqannaan baafatee qabsoo itti fufe.

SIRNA SOOSHAALUMMAA DARGII FI MIIDHAA OROMOO IRRA GAHE

Gaafa sirni nugusummaa Hayila-sillaaseen kufee Dargiin bakka isaa buhu jijiirramni ni argama jedhee kan hin abdatni hin ture. Dargiinis sirna sooshaalizimii kan hundumaa wal qixxeessuun Impaayerattii keessatti bu'uuressaan dhaadachaa, gama kaaniin bittaa abbaa irrummaa itti fufe.

Akeekni ilmaan Oromoo fi cunqursamoo biroon, sirna fiwudaalaa Hayila-sillaasee kuffisuuf qabsoo gochaa turan, sirna cunqursaa Impaayerattii hundaadhaa hin jijiirre. Ol-aantummaa aadaa fi afaan Amaaraa kan Oromoo fi sabaa fi sab-lammii kibba Impaayeratti irratti dagaagse malee, ittiin hin qixxeessine. Afaan ofiin dubbachuunuu dhippummaan nama yakkisiisaa ture. Oromoo Oromummaa isaaaf falmatuu fi ittiin boonu hidhuu, dararuu fi ajjeesuu irratti hedduu duule.

Beektotnii fi barattootni Oromoo duula eenyauummaa balleessuu dargii sana bifaa adda addaan fashalchiisuu irratti muratnoon dura dhaabbatan hedduun ni galaafataman. Warri amanamummaan waliin hojjechuuf tattaafatan irra hedduun akka baalaa keessatti harca'an.

Sirni cunqursaa Impaayera Itophiyaa Minilik irraa eegale, Dargiin maqaa Sooshaalummaan bu'uura isaa utuu hin gad dhiisin itti fufe. Dhaadatnoon isaa jalqabaas "yaala minim dam Itoophiyaa tiqdam" (dhiiga tokko malee Itoophiyaan haa dursituu") ture. Boda garuu cunqurfamoota mirga eenyummaa boortaan dhabaniif dubbachuu fi hojjechuu eegalan "dhippummaa fi farra warraaqsaan" yakkee dilbooti fixuu itti fufe. Kana irraa ilmaan Oromoo fi cunqurfamoo kibba Impaayerattii, bittaa kolonii Hayila-sillaasee irraa gara kan dargiitti tarkaanfatan.

Sab-boontotni Oromoo, labsiin "walqixxummaa" Dargiin karaa saaqetti haajomanii **Fulbaana bara 1974 hanga gurraandhala 1977tti kutaa Oromiyaa** warra akka Baalee, Arsii, Harargee, Shawaa fi Wallagga keessatti gartuun hawwisoo aadaa Oromoo dhaabbatanii aadaa fi afaan Oromoo waltajiitti baasuu fi tokkummaa Oromoo argisiisuuf tattaafan ittiin yakkaman. Yeroo sana ture

"Adaamaadhaan, Naazireeti jedhanii"

"Tolasaa fi Badhaasaa kiristinnaa kaasanii"

"Ilmaan abbaa tokkoo gar gar nu baasanii!" kan jedhu waltajji irratti sirbamuu fi Oromoontutaa fi amantiin wal qooduu akka hin qabne labsamuu kan jalqabe. Sanaan ture Dhuma bara **1976** fi jalqaba **1977tti Gartuun Hawwisoo Aadaa Oromoo Kutaalee 7 (Shawaa, Harargee, Arsii, Baalee, Wallaggaa, Iluu Abbaa Booraa Fi Kafaa) Finfinnee** irratti walitti dhufanii sirba aadaa fi do'ii garaa garaa kan argisiisan. Dargiin afaaniin walqixxummaa lallabaa ilmaan Oromoo sana irratti qooda fudhatan dhippummaan yakkee hidhaatti guure.

Baruma 1976 keessa, qotee bulaan Oromoo walakkeessa Oromiyaa Dhiha Shaawaa waltumsanii, ayyaana Oromoo kutaa garaa garaa irraa walitti fidu tokko bifaa 'Ayyana Buttaan' "Bokkuu Xuleettii" qopheessan. Ayyaanni fakkaataan kan Bokkuu Xulee, kutaa dhiha Wallaggaa , konyaa Gimbi ona "Innaangoo"tti qopheeffame. Kun ammoo ilmaan nafxanya ifa baasanii akka balaaleffatanii fi maqaa "Farra Warraaqxummaan" Oromootti akka duulan taasise. Sababa sanaan ilmaan Oromoo Dargiin galaafate keessaa sab-boontotni akka **Immiree Ibsaa, Birruu Warquu fi Faarsii Hirphaa** warra jalqabaa ti.

Sochii Oromoo guutummaa Oromiyaa keessaa dhaamsuuf, Dargiin dabbaloota isaa bifaa addaa Oromoo irratti bobbaase. Dabbalootni isaaf amanaman, barataa Oromoo ija shakkiin ilaaluu hordofuu fi hordofsiisuun, hidhuun, dararuu fi ajjeesuun itti fufe. Sochii eenyummaan Impaayerattii keessatti kutaa fi bakka adda addaatti tahu dhaamsuuf bara 1978tti baajeta biyyattii 70% humna waraanaaf ramadee duula balleessii itti fufe.

Gama kaaniin, Qabsoo Bilisummaa Oromoo gufachiisuuf humna waraanaa caalaa qubattoota hidhachisee itti gargaaramuu jalqabe. Qubsuma alagaas Oromiyaa keessatti babal'isuu dachaa tattaafate. Akka kanaan bara 1977tti qubattoota aadaa fi afaan Oromoo hin beekne 250,000 kaaba irraa fidee kutaa Oromiyaa keessa qubachiise. Qubattoota kana leenjisee hidhachiisuun sochii ABOTTI gufuu cimaa akka tahan itti gargaaramee "Gondar, Tigiraay, kaaba Shawaa fi Walloo irraa guuree bara 1979tti, namoota 25,000 wallaga, 15,000 Baalee ennaa qubachiisu bakka (kutaa) biroo bifaa fakkaataan ture.

Haala sochii ABO karaa bahaan ilmaan Oromoo godinaa Baha Oromiyaa hedduu gaaga'e. Maqaa ABOTIIN yakkamuu dhaan kanneen Oromummaa himatanii fi ofitti amanan harka dargiitti hidhaan fi du'aan adabaman Akka gabaasa "Journal of the union of Oromo student in North America, December 1980, page 15-16" ibsetti " namootni miliyoona lamaa ol siyaasaan yakkamanii mannettii hidhaa keessatti dhiphachaa jiruu, jechuun dalagaa farrummaa dargii saaxile. Hidhamtoota kana keessa irra caalaan Oromoo dha. Dhiphoo, Miseensa ABOTII fi deggertoota jechuun kan hidhamanii dha. Maqaa "dhiphummaa" kanaan beektotni hoggantootni amantii, bartootni fi maanguddootni Oromoo hidhamanii dararamaa fi ukkamsamanii du'aa turan. Fakkeenyaaaf:

- Ebla jalqaba bara 1979 keessa guyyaa tokko magaalaa Dirre Dhawaa qofa keessa namootni **350** siyaasaan shakkamuudhaan ukkaamsaman. Ilmaan Oromoo alagaan ukkamsaman kana keessa ijoolleen wagga 12 fi maanguddoon wagga 75 kan keessatti argamanii dha.
- Ji'a Bitootessa bara 1978 keessa kutaa Wallagaattii namootni 1000, Amboo 250, Fichee 200, dararama mana hidhaa dargiiff tahan. Harar, Arsii, Baalee, Sidaamoo fi k.k.fn keessaa kan kumaan lakkawaman hedduun, maqaa "dhiphoo" fi sargoo gabbii jedhuun guuramanii hidhaatti naqaman.

Humna ABO kutaa fi naannoo sana keessaa dadhabsiisuu maqaa jedhuun, gara laafina tokko malee, Bitootessa 12 hanga 21 tti xayyaaran boombii naappaalii Ganda Gataa Warranchaatti roobsise. Sun lubbuu maanguddootaa fi daa'imman Oromoo hedduu galaafate. Kana barruun Oromoo Ispiaksi("Oromo speaks") vol.3, Nr.1, 1981 bahe ennaa ibsu:

"As the fighting. Continued to range for several days, on the 19th and 20th of march 1981 throughout the day and the morning of the 21 of march, two squadrons of Ethiopian Airforce planes continuosly bombed the sarrounding villages of Gata Warrancha, spraying chemicals in chiding napalm bombs, which killed or wounded an estiomatec two to three thousands people mostly women, children & the elderly & destroyed a lot livestock, crops & vegetation in the area" jedha.

“Gaazexaa Addis Zaman” jedhamu Ebla 24 bara 1971,A.L.H.(1979 A.L.A) maxxansame irratti hoggantootni farra warraaqsaas sagal qabaman” jedhee baasee, hoggantoota qotee bulaa Oromoo irraan ajjeechaa fi miidhaa geessifame ibsa. Namootni maqaan dhahaman kunis:

1. Alii Ahmad- Dara ta’aa waldaa qottoota konyaa Carcar.
2. Abdalla Badhaasoo Dura ta’aa waldaa qottoota ona mi’eessoo
3. Faqaaduu Damisee Barreessaa “ “ “ “
4. Taammiraat Balaay wal-qunnamisaa waldaa qottoota onaa
5. Umar Ahmad fi Dhaabaa kan jedhamanii fi hakiimummaa kan tajaajilan
6. Alii Abdallaa
7. Sh\ Muhammad Naasir Abduu Ahmad
8. Usumaan Alii qabduu maallaqaa fi barreessaa waldaa qottoota araddaa
9. Hasan Adam Itti gaafatamaa misooma kutaa Harar kan turan.

Jarreen kun miira dhiphummaan guutamanii, meeshaa waraanaa, raashina, maallaqaa fi qorchaan farra warraaqsaas gargaaruu isaanii ragaadhaan bira gahame jedhanii ti.

Loltuun Dargii, Adooleessa 1981 Dargiin, xayyaara lolaa 10 shaggarii gara Hawaasaatti ergee, ach irraa ka’anii dhuka’aa/boombii ummata meesha-maleeyyii Gataa Armacoo jiraatu irratti roobsee, namoota 20,000 haga 30,000 tahan irraan miidhaan gahe. Dargiin daboo ogeeyyii lolaa Ruusiyaa fi Kuubaan Oromootti duule.

Miidhaa Dargii kana maxxansi “The voice of Arab world” jedhu lakk 116ffaa caamsaa (April) 1983 bahes, ji’ a Birraa (September 1982) keessa gandeen sagaag, waadee, Gardaarii fi Ogaaden keessaa namootni nagaan 500 caalan ajjeefamanii, gariin abiddaan gubaman. Balaan sanaan irra caalaa dubartootaa fi daa’immaan waraanicha duraa miliquu hin dandeenyne akka mudate ibse.

Akkuma Sochiin QBO jabaataa deemeen, Dargiin maqaa deggertummaa ABOn beektootaa fi jaarsolii Oromoo hidhee dararuu fi qabeenyyaa saamuun daran hammaataa dhufe. “Bara 1984 fi 1985 waraanni Dargii qotatee bulaa Harargee, Arsii fi Baalee, qubsuma gandaaf dirquuf jecha horii beeladaa fi gaala 8,000 ol ni saaman ykn ni fixan, midhaan tonii kumaatamootaa fi manneetii kumaatamaan lakkaawaman ni guban” jedha.

Gadaa Malbaa fuula 98

Qabsoon hidhannoo ABOn hogganamu godinaa dhihaattis eegaluun Dargii guddoo rifachiise. Kana irraa duula adda addaa ABO fi sabboontota tokko tokko irratti eegale. Humna qabuun ABOTTI duulee dadhabee dhuma 1984tti humna SPLA dhiheessii adda addaan deggere ABOTTI bobbbase. Ummata Sudaan kan seenaa keessatti takkaa diinummaa walii hin qabne miliishaa godhatee nutty duulchise.

Dargiin qubattoota maqaa beelaan (ongeen) kaabaa fidetti gargaaramee Oromoo gad qabuuf duula bal'ifataa dhufe. Akka kanaan bara 1988tti, miliishootni qubattuu Dargiin leenjifamte, ona Jaarsoo fi Begii keessatti mana Oromoo irratti gubuu fi ABO adamsuu itti fufan.

Sochii ABO baha, Kibbaa fi dhiha Oromiyaatti godhamu kana Dargiin maqaa "waanbadee fi loote-galtuun" ummata meesha-maleeyyii duulee dararaa ture. Hidhaa, ukkaamsaanii fi ajjeechaan Dargiin Oromoo irratti raawwataa ture hanga bara 1991tti arihameetti addaan hin citne. Mirgaaf falmachu fi Qabsoon bilisummaa Oromoo garuu dabree itti fufe.

Uumamaa fi Shira TPLF/Wayyaanee:

Gitni bittuu Habashaa wal furee aangootti dabran hundi bifa adda addaan Oromummaa Oromootti duulaa fi mirga abbaa biyyummaa isaa sarbuuf hojjetaa, bara mootummaa Wayyaanee dhaqqabani. Mootummaan wayyaanee/TPLF erga gaafa kooraa aangootti ol bahee kaasee bu'aa murna bicuu Wayyaanee Tigraay tiksuum jecha, gocha dhala namaaf hin malle, ummata Oromoo irratti raawataa bahe.

TPLF dhaabota siyaasaa Dargii lolataa turan keessaa tokko tahuu beekamfaa dha. Seena Impaayerattii keessatti, sochiin mirga namoomaa falmachu kan eegale University Finfinnee keessatti, jalqaba bara 1960taa keessa akka tahe ifaa dha. Baratootni Universitichaa waloodhaan miidhaa sirni bittaa nugusummaa Hayila-sillaasee mormamuun hiriira nagaa irratti bahuu eegalani. Sochiin bartoota University kun bilchaataa dhufee, dhaadannoo "**lafti kan qotataa haa tahuu!**" jedhu sadarkaa waloon qabatanii hiriira nagaa ji'a **Bitootessaa bara 1965** bahuu irra gahame.

Ilmaan cunqufamoo sabaa fi sab-lammii Impaayerattii, gitaa wal barbaaduu fi hariroo siyaasaa ummachuu kan jalqabe oggaa mootummaan Hayila-sillaasee mormamuun jalqabe sana ture. Sochiin mormii mootummaan Hayila-sillaasee babal'atee, maalummaa sirnichaa saaxiluun hundeedhaan raafamee bara 1974tti kufee Dargiidhaan bakka bu'amuun, gaaffii "**lafti kan qotataa haa tahu!**" jedhu sana haa deebisu malee, mirgoonti uumaan dhalli namsa qabaachuu qabu hedduu deebisuu hin dandeenye. Kana irraa kahuun, cunqurfamootni wal qunnamuun diina waloon qaban irratti waliin hojjechuuf hariroo tolchuu kan eegalani. Akka kanaan ture ilmaan cunqurfamuu Impaayerattii, ijoolee Tigree dalatee, 1970ta dhuma jala University keessatti kan wal qunnamuun jalqabame.

A. Hariiroo ABO fi Wayyaanee Bara Dargii

University keessatti, ilmaan cunqurfamoo impaayerattii keessaa gamtaa ummatanii sirna nugusummaa Hayila-sillaasee irratti waloon akka qabsaawaniif, gama beektootaa fi bartoota Oromoontattaaffii guddaatu ture. Sana tarkaanfachiisuuf jecha, naannoo **1976 fi 1977**tti, maqaa "**Qabsoo Tokkummaa Cunqurfamoota Itophiyaa**" jedhu tokko tolchuun, ittiin cunqurfamoota Impaayerattii sossoosuuf irratti hojjetamaa ture. Sochiin farra sirna nugusummaa jabaataa dhufee, ilmaan cunqufamootaa maqaa adda addaan of ijaaruu fi falmachuun jalqabame. Deemsa akkasii kana irraa **1973**tti ABOn bu'uureffamee sirna bittaa kolonii Habashaa irratti qabsaawuu irratti hojjechuuf eegale.

Ijoolleen Tigrees, bara **75tti** (67A.L.H), maqaa “**Maahibara Gasgasti Biheera Tigree**” jedhuun soso’uu jalqanan. Kaayyoon isaanii rakkoo siyaasaa ummatni Tigree qabu beekamee furmata akka argatuuf ture. Sanaan booda murni xiqaan karaa shiree bakka “Daddabiiti” jedhamutti qabsoo kan eegalan. Sanaan booda ture kan Aragaawuyi Barihee bu’uureessaa fi gaafatamaa waraanaa kan ture, barreeffama dhiheesse keessatti, “**Qabsoo Sabaa**” (“ye biheer Tigil”) deemsisuun” gaaffii sabummaa” (Biheeraawuyi xiyyaaqee) irratti deebiin akka argamu kan jedhu jalqabamuu ibse.

Dhaloota Erteraa kan tahe Siyyum Barihee”Wayyaanee Tigree” jechisiisuuf Aragaawuyii Bariheetti makanii maqaa “MGBTn” walitti qabaman. Dura maqaa **MGBT**” erga dhaabbatanii booda, warri dammaqiinsa hin qabne ji’ a **Amajji 1975** (1967 A.L.H) gara shaabiyyaa (EPLF) dhaqanii akka leenji’an taasifame. Barmoota erga fudhatanii booda Tigaayiin deemtanii sochoosuu ni dandeessu jedhamanii gara Tigaayitti ergaman. MGBT (kan booda ABUTti jijiirame), ELF/Jabahaan utuu gargaarama jiruu, IHAPn/EPRPn Tigaayi keessa qabate. Utuu kanaan jiruu, ELF/Jabahaan fi ABUT gidduutti waldhabdee uumameen, **Jabahaan (ELFn), Jaarmayaa warraaqsa uummatoota Itophiyaa (IHAP/EPRP)** ennaa gargaaru, **Shaabiyaan (EPLF) ABUTn (TPLFn)** gargaaruu jalqabe.

Jabahaan bu’aa ofii isaaf jecha yeroo isaan reef maqaa MGBTn qabsoo hidhannoo eegalan, humna namaa leenjisuu fi meeshaa lolaa hidhachiisuun haa gargaaru malee, waan Jabahaan IHAP/EPRPn gargaareef, sana dura dhaabbachuuf jecha, maxxantuu Shaabiyyaa tahe.

TPLF, golgaa kana keessaaa bahuuf dhaabota siyaasaa Dargiin morman waliin hariroo uummachuuf carraaqpii eegalani. Tattaaffii akkasii namootni isaanii/Tigrootni gochaa turaniin dhaaba keenya ABO qunnaman. Oggaa sanatti isaanis walabummaa saba isaaniif akka qabsawanitti of dhiheessaa turan. ABOnis dhaabota siyaasaa Dargii morman waliin diina waloo lolachuu irratti waliif tumsuu irratti hojjechuuf hariroo TPLF waliin eegale.

Dhaabni TPLF bara **1983tti** Sochii Dimokraasummaa Ummatoota Itophiyaa **SDUI** (kanneen duraan **EPRP** irraa foxxoqanii itti dabalaman) waliin teessuma jalqabaa tol fatee, waltahiinsaa isaanii labsatan. Akka kanaan humna isaa humna EPRP irraa foxxoqanii itti dabalamanii fi booji’amtotta waraana Dargiin cimsataa, akkaataa guutummaa Impaayera Itophiyaa itti dhuunfatan irratti hojjechuu itti fufan. Sanaaf ammoo, kan duraan “**Reppaabiliika Tigaayiin**” ijaaruuf qabsoofna jechaa turan lakkisuun, duula waa’ee Itophiyummaa babal’isuu eegalan. Utuu kanaan jiranii, bara **1984 keessa jilli isaanii Dirree Dhihaa dhufee daawwate**

Duraan “manafeestoo bara 1976 (1968 A.L.H)” keessatti:

1. Mootummaa Reepabilika Tigaayiin ijaaruu qabna, kan qabsoofnuufis kanaaf,
2. Sabootnii fi sab-lammootni adda bahanii mootummaa mataa isaanii dhaabbachuuf qaban. Nuyi “Wal Qixxummaa Dimokraasummaa Itophiyaaf Hin Qabsoofnu. Karoora keenyaa ala taasifnee jirra.” jechaa kan turan, erga humnoomuu eegalani booda of duuba deebi’anii, fedhii Impaayerattii dhuunfatanii bituuf qaban irraa kahuun, mirga sabaa fi sab-lammootaa, Itophiyaa keessatti kabachiisuuf akka qabsaawanitti of himuu jalqaban.

Bara **1985** keessa teessuma ABUT 3ffaa irratti “**MLLT**” akka gartuu to’ataa ABUTtti bu’uureeffamee, Laggasee (“Mallas”) Zeenaawuyii Dura Taa’aa, Ammahaa Saamu’eel Itti Aanaa, Gabru Asraat Gaafatamaa horoo/Faayinaansii tahan. Faallaa Laggsee (Mallas) kan deeman warri akka **Faantaahuun Zara-tsiyon (Gidaay) Aragaay Barhee, Asaffaa Haagos, Taklee Hawaaz ykn Gaazexessaa Aluulaa Taaddasaafaa**, kaan ni aijefamanii yookaan ukkamsanani dhoksaman, kaan ammoo gara miilli isaan baasetti bahan.

Barruu Quunnamtii haala kana oggaa ibsu:

“Further more, the anti legese faction within the TPLF saahoo Fantahun Zeratsiwoon (Giday), Aregai Berhe, Asefa Hagos, Tekle Hawaz or the journalist Alula Tadesse are either murdered, abducted or in hiding.”

Quunnamtii hidhaa (vol) 11. bara 1991 Fuula 18 fi 19

Haallen olitti tuqaman kanneen irra aanuuf, gama tokkoon waraana Dargii lola irratti booji’amanii fi warra EPRP irraa foxxoqanii itti dhaqaniin of utubaa, gama kaaniin ammoo hariiroo ABO waliin waan caalaatti cimsate fakkeeffachaa, dhibdee keessa isaatii irra aanuuf tattaafataa, humna cibraan tokko **ergama (mision) dachaa** itti kennee dirree dhihaa dhufee waliin Dargii lolle. Dirqamni humna kanaa **inni tokko Dargii lolachuu** oggaa tahu, inni lammafaan ammoo **kaayyoo ABO** irratti, mooruma isaa keessatti hojjechuu dha. Kunis humna keenya waa’ee Itophiyummaa barsiisuuf carraaquu ture.

Humni isaanii dirree keenya dhufe sun, miseensota keenya waa’ee **Itophiyummaa barsiisuuf duula eegale**. Inni kun hariiroon ABO fi TPLF gidduu eegalame utuu hin turin akka boorawuu eegalu taasise. ABOn qabsoo farra sirna bittaa kolonii Impaayera Itophiyaa oofuudhaan, Bilisummaa Oromiyaa fi burmadummaa ummata Oromoof qabsaawa. Akekni bu’uura ABOn qabsaa’uufis, mirga hiree murteeffannaa ummata Oromoo argamsiisuuf sirna Impaayera Itoophiyaa diiguudhaan, Oromiyaa kolonii, hacuuccaa fi saaminsa jalaa bilisa baasuu dha.

Aadaa, afaanii fi seenaa Saba Oromoo, sirna bittaa kolonii Itophiyaa jalatti jaarraa tokkoof ukkaamamee ture deebisee hadhaadhiyyuun, Oromummaa dagaagsuuf qabsaawa. Ilmaan Oromoo eenyummaa isaaniitti akka boonanii fi mirga sabummaa fi birmadummaa uumaan qaban tikfachuuf akka qabsaawanii barsiisa.

Humni TPLF dirree keenya dhihaa tumsaaf dhufe jedhamee abdatame garuu, faallaa isaa Qonsawota Oromoo, waa’ee Itophiyummaa barsiisuutti ka’e. Qooda dhaabotni lamaanuu, ilaalchaa fi kaayyoona mata mataatti qaban akkuma jirutti tahee, diina waloo kan tahe Dargii loluu irratti waliif tumsuu fi dhimma walii keessa seenuu dhabuu faallaa dalaguu eegalan. Kaayyoo fi sagantaan siyaasaa ABOn qabatee deemu sirrii akka hin taanee fi gaaffiin ummata Oromoo gaaffii sabaa ti malee kan kolonii tahuu akka hin qabne, mooraa qabsoo Oromoo keessatti, ija dhiibanii, miseensa ABO keessa facaasuuf hojjechuu barbaadan.

Humni TPLF kun hanga bara **1987** jalqabaatti dirree keenya ture. Jalqaba keessa oggaa SPLAn duula nutti Bantu, hin lolinaa of duuba Sudanitti deebi’aa jedhanii ofii isaanii tasuma ka’anii Tigrayitti galan. Akka silaa tahuu qabutti, Dargii fi humna SPLA Dargiin hidhachiisee nutti bobbaase waliin lolachuun hafee,

humni keenyayyuu akka hin lolanneef, “Sudanitti of duuba deebi’aa” ittiin jedhanii Tigaayitti galan. Kun karoora dhoksaa, waan ABO tumsan itti fakkeessanii keessa seenuu diiguuf TPLF lafa kaawwate tahuu sirriitti addeessa.

TPLF, booda waamicha **United Front (Adda Tokkummaa)** jedhu labsan. Toofaan TPLF waamicha **United Front (Adda Tokkummaa)** kana labseef, ABO keessa seenanii basaasuu fi diiguuf of keessaa akka qabu ifaa dha. Toofaan kun kan miseensota **Jaarmayaa warraaqsa ummatoota Itoophiyaa (IHAP/EPRP)** irratti hojjetamee dha.

IHAP/EPRPn (Ethiopian Peoples Revolutionary Party) bara 1975tti ABUT (TPLF) gargaarsa Shaabiyaan rukutee facaase. Sanaan humni EPRP rukuttaa sana irraa dandamatee deebi’ee jabaachuu dadhabe. Kana irraa ka’ee bakka lamatti qoodamanii, gar tokko gara Goojamitti oggaa soso’an. Kanneen Tigaay keessatti hafan namootni **37** ammoo, bara **1978** keessa Geetaachoo Jabeessaa (Yaared Xibabuu) fi Taammiraat Laayineen kan hogganaman TPLFn gargaarsa gaafatan. Murni kun booda gartuu Amaaraa TPLFn wal tahan tahe. Maqaa “**Sochii dimokiraasummaa ummatoota Itoophiyaa “SDUI” (“EPDM”)** moggaafameefii, maqaa ittiin kutaa Tigaayii ala warra akka Gondarii fi walloonaa TPLF ittiin seenu tahe. Inni kun, ji’ a Onkololeessaa bara **1980** keessa sirnaan ifa bahe. Hogganaan jaarmayichaas Taammiraat Laayinee taasifamee, ABUT/TPLF humna waraanaa ramadeefii waliin hojjetchuu itti fufan

ABO keessas harka naqachuun, diignisa EERP keessatti hojjetame, ABO irrattis hojjechuuf waamicha **United Front (Adda Tokkummaa)** jedhu labsan. ABOn garuu deemsich maaliif akka tahe tolchee waan beekuuf, waamicha kana harkaa hin fudhanne. Kanaan tooftich harkatti fashalee hafe.

TPLF, Bara **1988** irraa kaasanii waraqaan hogganaa ABO fi akeeka isaa qeequ facaasuu jalqaban. Silaa kan irratti ololamuu qabu diina waloo waliin qabnu Dargii tahee utuu jiruu, akeeka ABOn deemuuf ofii mormuu caalaa, kaan birattis fudhatama dhabsiisuuf qeqa diigaa itti fufan.

Gama biraan ammoo, maqaa Itophiyaan kittillayyoota ijaarratanii ittiin socho’uuf, miseensota EPRP ofii wal qoodanii dhufanii itti hirkatanii fi waraana Dargii ofii booji’anii fi Shaabiyaan booji’e irratti hojjechaa turan. Akka kanaan, **IHAPn/EPRPn** kan ji’ a Onkololeessaa bara **1980** keessa, maqaa “**Sochii dimokiraasummaa ummatoota Itoophiyaa “IHDN/EPDM”** sirnaan of ibse, ganna 9 booda, ji’ a Amajjii bara **1989** keessa TPLF waliin walitti dhufanii **ADWUI/EPRDF** dhaabbachuu beeksifatan. Sana keessatti Oromoo ofii booji’anii fi Shaabiyaan booji’ee dabarsee kenniteef keessaa waraana IHDNitti galchuu karoorfatan. Sun hundi akka ABOn humna hin taane dura dhaabbachuu kan dalagamee dha.

Booji’amtoota kaleessa Dargin maqaa Itophiyummaa fi “Sooshaaliizimiin” duulchifataa ture, Wayyaaneen Itophiyumaa fi “Dimokraasiin” hiriirfachuuf IHDN jalatti ijaaruu itti fufan.

Gama tokkoon Oromoo harka isaa keessa jiran IHDN/EPDM keessatti carraa argataniin ijaaraa fi sab-boonummaa Itophiyummaan sammuu xaxaa, gama biraan maqaa Oromo, kanneen Afaan Oromoo dubbatan addatti ijaaranii kittillayyeffachuu hojjechuuf jalqaban. Akka kanaan, waraana Dargii booji’anii of harkaa qaban keessaa dhaaba **OPDO** jedhamu bara **1990** keessa ijaaran.

Akkaataan ijaaramuu OPDOs, waraana Dargii booji'anii of harkaa qabanii fi kanneen Shaabiyaan booji'ee dabarsitee kenniteef keessaa, warra Oromoo tahanii fi makaa dhiiga Oromoo qaban, yookaan ammoo Oromiyaa keessatti dhalatanii guddachuu irraa Afaan Oromoo dubbatanii fi IHDN keessatti ijaaraa turan irraa DhDUO/OPDO irraa tolchan. Akka kanaan ture kan booji'amtoota SDUI/IHDN keessatti galchaa turan keessaa OPDO/Dh.D.U.On (Dhaabba Dimokraasummaa Ummata Oromoo) TPLFn hogganamu ganna bara **1990tti** uumamte.

Kanneen EPRP/EPDMtti keessatti ijaaramanii, hanga uumamuu OPDOtti achuma keessa turan keessaa, warra sab-boonummaa qabanii fi ABO irratti dhaaba Oromoo bira a ijaaruun sirrii akka hin taane morman, yeroo gabaabduu keessatti TPLFn dhabamsiifaman.

Akkuma olitti tuqame, warri dura OPDOtti TPLFn ijaaraman bakka lamatti qoodamu. 1ffaan - warra duraan miseensa EPRP turan oggaa tahan, 2ffaan - warra Shaabiya fi Wayyaaneen booji'amani EPDMtti ijaaraman tahuu olitti tuqamee jira. Murni kun lameen miiraa fi dammaqiinsa siyaasaan wal hin fakkaatan. Warri EPRP keessa dhufan, dammaqiinsa siyaasaa fi hubannoo wara booji'amani EPDMtti ijaaraman caaluu irayyuu, waan fedhiin dhufanii TPLFtti makamaniif hamilee fi miira of irratti amantaa qabu turan. Kanaaf waan isaanitti fakkaate baasanii oggaa dubbatanii fi yaada TPLF dhiheessu keessaa kan isaaniif hin fudhatamne ni mormu turan. Warri boojuun garuu miiraa fi hamilee ittiin TPLF dura dhaabbatan hin qaban turan. Kun ammoo, uumamuu OPDO irratti kan ifa bahee mul'ate.

Oggaa TPLF ilmaan nafxanya afaan Oromoo dubbatanii fi Oromoo EPDM keessa jiran dhaana OPDO ijaarra jedhanii itti dhiheessan, warri dammaqiinsa qabanii fi dubbich maaliif akka deemamu hubatan yaada mormii dhiheessanii ni galaafataman.

Kanneen jalqaba hogganummaa OPDOf abbalaman, 1ffaan nama **Tasammaa Leencoo**, 2ffaan **Asaffaa Kitilaa** 3ffaan **Ajajaa dhibbaa Abduu** jedhaman turan.

Asaffaan hogganoota EPRP keessaa tokko ture. Asaffaa Kitilaa fi Tasammaa Leencoo, oggaa OPDO uumuuf yaadicha itti kaasan, ABOn jiraachuu ibsuun, dhaaba Oromoo irratti dhaaba bira a ijaaruun sirri akka hin taane ibsuun morman. Keessattuu Asaffaa Kitilaa fi Abduun, ijaaramuu OPDO seera idil-addunyaatt irratti hundaa'uun morman. Kunis:

Gartuun OPDOon irraa ijaaramuuf deemamu, booji'amtoota. Akka seera idil-addunyaatt ammoo booji'amaa akka meeshaatti itti gargaaramuuun dhorkaa tahuu ibsuun mormanii turan.

Egaa, miseensota IHDN keessaa kan Dura Taa'aa OPDOf jedhamee ture **Asaffaa Kitilaa** ture. TPLF Asaffaa erga dhabasiistee booda, laga Takkazeetu nyaate jedhamee himame. Eenyu waliin bobba'ee, yoom, attamitti Takkazeedhaan akka nyaatame wanti ibsuu fi beekamu hin jiru. Ajajaa dhibbaa **Abduun**, ni gane jedhamee achi buteen isaa wallaalamhee hafe. Abduun ni ganee malee, biyya kamitti akka baafate, yookaan dhaaba kamitti akka dabalam wanti ibsuu hin jiru.

Erga warri akka Asaffaa Kitilaa fi Abduu, kanneen qondaala turanii fi dammaqoo ta'an TPLFn dhabamsiifamanii booda, warri waraana Dargii keessattis tahe EPRDF keessatti bakka homaatuu hin qabnee fi TPLF gara barbaadutti oofuu danda'u, akka bu'ureessituu OPDOtti fudhataman . Isaanis:

1. Taayyee T/Maariyaam (Kumaan) oggaa sana barsiisaa ijoollee kutaa 4ffaa gad baratanii kan ture.
2. Taayyee Dhibbisaa (Yoonaattaan) Waajjira Taamiraat Laayinee keessa ergamaa if poostaa deddeebisaa kan ture.
3. Baacaa Dabalee sirbituu fi gitara rukutaa kan ture.
4. Minaasee W/Gi'oorgis (A/Duulaa Gammadaa) hakiima waraanaa (Buttaa) kan ture.
5. Takkaalinyi Tafarraa (Ibraahim Malkaa) qondaala waraanaa Wayyaanee kan ture.

Dhaabni maqaa Dh D U O (OPDO) jedhuun gufuu Qabsuu Bilisummaa Oromoof ABUT qopheesee kun **Ebla 27-29** bara **1990tti** raadiyoo ABUTn labsame. Tooftaan farreen hawaasa Oromoo, maqaa OPDOon ijaarratanii ittiin Oromoo dogoggorsuu fi qabsoo isaa dura dhaabbachuuuf carraaquin kun haaraa hin turre. Bara 1970ta (naannoo 1976/1977) keessa IHAP/EPRP of keessaa Dh D U O /OPDO faallaa SDSO /OPDM tolfattee ti.

Baruma **1990** kana keessa **qondaalota Sudaan garii** amansiifachuun karaa Wallaggaa Dargii lolla jedhanii ABO irratii dhiibbaa gochuu jalqaban. Oggaa ABOn Dargii irratii tarkaanfii laalessaa fudhachuuuf EPLF waliin hariroo qabu caalaatti cimsachuun tarkaanfii irra ture sanatti, TPLF ammoo karaa ABO deggersa mootummaa Sudan dhabsiisee, ABO dadhabsiisuu irratii hojjetaa ture.

B. Walitti Dhufeenyaa Charter Dura Ture

Jal-bultiin Chartera Wayyaanee waliin mallatteessuu kan eegale, walgalii mootummaan USA qopheesee kan London irraa hirmaatnee ti. Sunis, dhaabotni Dargii adda durummaan lolaa turanii fi tumsa ogummaa, humna nama fi meeshaa waliif gochaa turan ABO, TPLF fi EPLF maanguddummaa USAn Dargii wajjin haasa'ame.

Teessumni haasaa nagaa **magaalaa London** kun **Ebla (April) 28, bara 1991** tahe. Sana irratii dhimma Afriikaa irratii, Itti aanaan barreessaan mootummaa Ameerikaa Herman Kohoniin, ABUT/TPLF golga maqaa ADWUIIn humna loltuu qabuu **Finfinnee** qabatee itti gaafatatummaa hunda akka fudhatu tahe.

Mootummaan cehumsaa kun kan dhaabbate, qooda fudhatnaa dippilomaasi biyyooota dhihaan. Kunis yeroon isaa, yeroo nagaa fi dimokraasii tahuu akekkachiisuun EPRDF/ADWUIIn dhaabota siyaasaa garaa garaa waliin wal tahee mootummaan cehumsaa akka waliin dhaabbatan kan jedhu irra ga'ame.

Eegala teessuma mootummaa cehumsaa irratii kan waliigalame, hundumtuu kaayyoo siyaasaa qabu karaa nagaa fi dimokraasii ummata barsifachuun fi tarkanfachiisuun akka danda'u wal hubatamee chaarterichi **Hagayya 1-5** bara **1991tti** waliif mallatteeffame. Mirgi namoomaa fi eenyummaa sabaa fi sab-lammoota Impaayerattii keessaa eegamee, impaayerattii gara boqotnaa haaraatti tarkaanfachiisuuf yaadamee ture. ABOn chaartericha qopheessuu fi qindeessuu keessatti dhiibbaa murna TPLF hundumaa danda'ee

guutummaatti hirmaatee ture. Garuu gocha farrummaa mootummaa wayyaanee irraa hanga dhumaatti itti fufuu hin dandeenye.

Mootummaan USA osoo walghiin London hin dhumatint akka Wayyaaneen Finfinnee seentu eebisan. Kunis jibba mootummaa Dargiif durumaan qaban irraa ka'anii kufatii Dargii saffisiisuu irratti hojjechuu fi humna waraanaa TPLF qadu ilaaluun waan godhan fakkaata. Haala kanaan TPLF magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinnee qabachuu kan danda'e. Dhaaboti sadan (ABO, EPLF fi TPLF), haala dhalate kana akkaataa qaban irratti **Eritrea** keessatti walghii yeroo **lama** geggeeffatan.

Mootummaan Dargii kufuun, haala takkaa seenaa Impaayerattii keessatti argamee hin beekne tokko as baase. Dhaabotni siyaasaa kaayyoo, sagantaa fi ilaalcha adda addaa qaban walitti dhufanii, carraa argameen, hireen sabaa fi sab-lammoota Impaayerattii maal tahuu qabaa fi attamiin buluu qabdii irratti mariin geggeeffamuu jalqabe. Sana irratti ala lamaan walitti dhufuun sadanuu gama gama isaaniin yaada qaban dhiheefftanii, walghii isa dhumaal irratti Charter akka tolfamu, **ABO fi ABUT** waliin tahanii biyya sana akka bulchan walii galame. Akka kanaan, gareeleen adda addaa, ilaalcha garaa garaa qaban, **Adoolessa** (July) **1-5 bara 1991tti** magaalaa **Finfinneetti**, kora guutuu biyyaa geggeeffatan. Teessuma sana irratti chaartera yeroo cehumsaa Itophiyaa mirkaneessan.

Walgahiin **July 1991** Finfinneetti raawwatamee Charter yeroo cehumsaa ragga'ee Mootummaan Cehumsaa akka dhaabbatu walii galame. Waltahiinsi **July 19, 1991** Finfinneetti raawwatame kana irratti, lamaanuu (**ABO fi ABUT**), wanneen gama gama isaaniin raawwachuu qaban irratti marii bal'aan deemsifamee, sagantaa isaanii hojoomsuu fi kaayyoo isaanii karaa nagaa fi dimokraataween, walabummaan tarkaanfachiisuu akkan danda'an waliigalamee, murtiin waliin hojjechuun ni danda'ama jedhu irra gahameetu charteritti seename. Tuqaaleen guguddoon irratti waliigaman keessaa ijoon, “ mirgoota Dimokraasi” nam-tokkees tahe murnaa eeguu fi eegsisuu dha. sunis:

- 1) Mirgi amantii, yaada ofii ibsachu, gurmaawuu, walghuu, mormuu fi deggeruun ni kabajama,
- 2) Mirgoota warra kaanii hanga hin dhiibnetti, sochii siyaasaa kamuu keessatti daangessa tokko malee hirmaachuu, dhaaba siyaasaa gurmeessuuf mirga qabachuu,
- 3) Sabaa fi sab-lammootaaf mirgi hiree murteeffatnaa mirkanaaweeraaf, kanneen jedhan ture.

Tuqaaleen armaa olii kun kan walii galame, maanguddummaa shaabiyyaa, mootummaa Sudaanii fi k.kfniin magaalaa Kartuumiitti ture. Waliigalteen sun utuu hin turin gama Wayyaaneen cabuu eegale. Gocha farrummaa wayyaaneen qabsoon karaa nagaa ABOn yeroo chaarteraa sana karoorfate fashale. Kanaan fedhiin ABOn nagaaf qabu gufatee waliigalteen Chaarteraa mallatteefamees diigamuun qabsoo hidhannoo haareessatti seename.

C. Miidhaa Bara Charteraa ABO fi Ummata Oromoo Irra Gahe

Wayyaaneen walgahii July 19, 1991 osoo hin dhumatin **ABOn** dhabamuu qabaa murteeffatan. Wayyaanotnii fi tumsitootni isaanii, sagantaa fi kaayyoo ABO ummatni Oromoo ni fudhata jedhanii hin herregne turan. Ummatni Oromoo garuu ilmaan isaa bilisummaa isaa fi Birmadummaa Oromiyaaf lolataa turan karaatti itti adeemee simate. Waan qabuun hanga wareegama lubbuutti bira dhaabbachuu dalagaan argisiise. Kun sagantaa dhoksa Wayyaaneen qabduuf faallaa waan taheef, ABOn dhabamuu qaba murtii jedhuu murteeffatanii ifatti dura dhaabbachuu eegalan.

Sirni dimokiraasii silaa gad dhaabuuf hawwamee fi irratti waliigalame, gocha dabaa wayyaaneen fashale. Dargiin kufee mootummaan ce'umsaa dhaabbachuun, jijiirraa maqaa bittaa malee, jijiirraa qabiyyee bulchiinsa Impaayera Itoophiyaa keessaa hin argamsiisne. Wayyaaneen, "PDOlee" qabattee haqa ummatni qabu ukkaamsuu itti fufe. OPDOOn qaanii tokko malee akka waan kaleessa mirga saba Oromoof loluuf manaa bahaniiitti of humaa, Wayyaanee bira goranii ABOTTI dhukaasuu fi deggertoota isaa hidhanii dararuuf daboo bahan.

ABOn, dhiibbaa haalaan ulfaataa wayyaaneen geessisaat turte sana keessatti, kaayyoo dhaabbatee fi sagantaa siyaasaa isaa, seenaa fi afaan Oromoo barsiisuu fi aadaa Oromoo ukkaamsaa jala ture deebisanii hadhaadhiyyuuf, dalagaa boqonnaa duraa jalqabame. Sun yakka tahee, bakka bakkatti dhalli Oromoo Qubee barattee fi barsiisteef Wayyaanee fi PDOleen ukkaamsamuu fi hidhoo itti fufan. Wayyaaneen, Oromoo fi warra afaan Oromoo dubbatan, qawwee fi sadoon booji'an, ABO fi ummata Oromootti duulchanii, ofii maanguddummaa gidduu deemuutti ka'an. ABOn garuu, carraan argamte sun utuu hin cufamin, waajjiraalee onoota, konyaalee, kutaalee biyyaa fi Finfinneetti banate hundaa, bakka Oromooneen seenaa fi afaan isaa itti wal barsiisuu fi qabsaa egereef wal qopheessu taasifatee, qooda fudhanna Mootummaa Cehumsaa keessaa itti fufe.

Deemsa dalagaa yeroo cehumsaa sana keessatti danqaraan TPLF Qabsoo Bilisummaa Oromoo gufachiisuuf qopheesse, OPDOOn dhimma ijaaramaniif hojoomsuu eegalan.

- Dalagaanis tahe sagalee mootummaa cehumsaa keessatti kennaniin, ABOf utuu hin taane TPLFF tumsu.
- Dhimma saba Oromoo dhiisanii dhimma Tigreef falmu.
- Bilisummaa saba Oromoo dura dhaabbatanii tokkummaa Itophiyaaf falmu.
- Murtii dhimma Oromoo fi Oromummaa ilaalu irratti gama TPLF goranii irratti murteessu.
- Lammii Oromoo fi lafa Oromoo gara kan Habashaa/Tigraayitti akka cituuf harka baasanii TPLFF falmu. Fknf: dhimma daangaa Oromoo fi Oromiyaa kaabaa.

Naannoo Walloo bulchiinsa Oromiyaa jalatti haa ramadamuu fi Amaaratti haa cituu teessuma Mootummaa Cehumsaa irratti falammii ka'ee tureef, OPDOOn, gara bulchiinsa Amaaraatti haa cituu jechuun, TPLF deggeranii harka baasan. Utuu ummatich mirga Oromummaa ofiif falmatuu fi ilmaan isaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo keessatti hiriiranii qaamaa fi lubbuu itti wareegaa jiranii OPDOOn mirga Oromoof qabsaa'uuf ijaaramne jechaa TPLF waliin gara bulchiinsa Amaaraa fi Tigraayitti haa cituu falman. Mirga Oromummaa Oromoo Walloo falmuu irratti kan ABO bira dhaabbate, dhaabota maqaan Oromooneen

Chaartericha keessatti qooda fudhatan keessa Tokkichummaa (ATBO) qofa ture. Kanaaf sagalee **27** maqaa Oromoont, mana maree mootummaa cehumsaa keessa jiru keessaa, **13** qofatu iyyannaa Oromoo naannoo Walloo deggere. Kanneen hafan hundi, Oromoo naannoo Walloo mirga Oromummaa seenaan qabu gaafatuu fi ilmaan isaa itti wareegaa turee fi jiru, alagaan wal tahanii dura dhaabbatan. Mirga ummatni kun uumamaan qabu dhorkachuuf dachee isaa alagaaf kutuu fi ummatichas alagoomsuuf falman.

Sagaleen dhaabonti maqaa Oromoont Chaartera keessa turan qaban:

1. ABO \ OLF = 12
2. AIBO/IFLO = 3
3. GSO = 2
4. ATBO = 1
5. ABOA = 1

Kan hafee OPDOF kenname.

Waltajji irratti akkasitti TPLF fi jaleen isaanii OPDO deemsa hojii ABO takaaaluu shira adda addaa raawwachuu, waliigalteen chaartwerichaa mallatteeffamee utuu oolee hin bulin eegalan. Gama tokkoon waan nagaa haasa'aa, gama kaaniin ammoo ABO basaasuu fi basaasisuun hojii diinumaa irratti hojjechuu itti fufan. Bakka bakkatti PDOlee duuba goranii, waajjiraalee ABOTTI akka dhukaasan gochisiisaa qondaalotni isaanii irra keessaa, waan dogoggoraan hojjetame fakkeessuuf maanguddummaa deemaan bahan. Dabbalootaa fi qondaalota ABO karaa adda addaa itti dhihaatanii basaasuu fi basaasisuu, waajjiraalee ABOTTI bakka bakkatti dhukaasa itti bananii cufsiisuu sagantaan itti taa'an. Akka Kanaan, nagaan waliin hojjechuu isa jedhamee ture faallessanii humna qawween wal dura dhaabbachuu geessan.

Dhiibbaa Wayyaaneen, bakka hedduuti osoo ABOn Mootummaa Cehumsaa keessa jiruu lolli marroo hedduu ABO fi murna TPLF gidduutti tatahaa turan. Maddi loloota kanneenii, daba wayyaaneen waajjira keenya cufsiisuu, dabbalatoo fi miseensota ABO ukkaamsuu fi ajeesuun sochii ABO daangessuu gootu irraa ti. Lolli tahee araarri godhama. Ammas utuu hin turin, ibidda Wayyaaneen ofii shidduu fi karaa OPDO itti tuqattuun lolli biraan dhalata. Bakka biraattis waajjira keenyatti dhukaasni banamee deebi'ee nagaan booraawa. Ammas araara biraatu taha. Haallan akkasii keessatti ABOn sagantaa siyaasaa fi kaayyoo qabatee ka'e golee Oromiyaa hunda keessatti barsifachuuf hojjechuuf tattaafate.

Wayyaaneen, gochalee farrummaa ABO fi deggertoota isaa irratti raawwachuu, ji'uma **Adoolessaa** bara **1991**, waltahiinsi Charteraa mallatteeffamaa jiru keessa, magaalaa Dirre-dhawaatti jalqan. Waajjira ABO Dirre-dhawaa fi Hararitti dhukaasa banan. Gocha sanaan, Miseensi Waajjira Siyaasaa **ABO** tokko ukkaamsamee, miseensi biraan tokko immoo ajjeefame.

Bakka kaanitti ammoo, dhimma nagaa fi hariroo dalagaa haasa'uu fakkeesanii, qondaalota ABO ofitti waamanii ukkaamsuu fi ajeesuun, hojiin dhaabichaa naannoo tokko tokkotti akka gufatu taasisan. Qondaalota ABO shira akkasiin ajjeefaman keessaa tokko **J/Gammachiis Dhaabaa** (Zakkaariyaa Mul'ataa) ti. Walgahiin July xumuramee erga waliimallateefamee osoo hin turin, ji'a **Hagayya** bara **1991** keessa Miseensa Waajjira Siyaasaa ABO kan tahe, J/ Gammachiisi Dhaabaa, Nagallee Booranatti wal tahiisaaf

haasa'uu fakkeessanii waamanii ajjeesan. Haalli kun koree ABO fi ADWUI (EPRDF) irraa ergamaniin qoratamee badii EPRDF tahuun mirkaneeffame illee, tarkaanfiin fudhatame hin turre.

Ji'a Nagalleetti J/Gammachiis Dhaabaa ajjeesanitti, qonnaan bulaa baadiyyaa naannoo magaalaa Naqamtee, garii bu'aa xixiqqaan gowwomsuunii, kaan ammoo humnaan dirqanii of dura buusani waraanni TPLF fi OPDO **Fulbaana 22** bara **1991** waajjira ABO magaalaa Naqamtee irratti dhukaasa banan. Balaa kanaan qonnaan bulaa humnaan dirqamanii dhufan keessaa fi waraana ADWUI irraa namootni 7 ajjeefaman. Gama ABOn lola gaafa sanaa irraatti dabbalootni 3 madaawan. Isaan keessaa dabballeen ABO **Mahaammad Alii** jedhamuu fi duraan lola targii waliin tahee irratti madaa'ee balaa sanaan guyyoota yartuu booda wareegame.

Bara **1992** keessa tarkaanfiin fakkaataan baadiyyaleen Oromiyaa utuu hin hafin miseensota ABO fi ummata Oromoo irratti fudhachuun itti fufame. Fknf:

- Zoonii **wallagga**, konyaa Horroo Guduruu ona **Limmuutti** dabbaloota ABO irra dabree namootni ummataan filataman kaan ni hidhaman, kaan ammoo ni ajjeefaman.
- Zoonii **Harargee** konyaalee fi **magaalota** adda addaa keessatti, hoggantootni ummataa, **miseensotaa** fi **dabbalota** ABO ukkaamsuun ajjeesanii dirree irratti gatamuun bineensaan nyaataman.

Cuubfaatti bara **1992** sana keessa shiraa fi dalagaa diinummaa wayyaaneen ABO fi Ummata Oromoo irratti raawwataa baate hedduu keessaa muraasa kaasuuf: tuttuqna.

- A. Caamsaa (May) **1**, bara **1992** dabbalootni **ABO J/Baacaa Lammaa fi Habtaamuu** jedhaman zoonii Dhiha Shawaa ona Baakkotti ajjeeffaman. Baacaa Lammaa erga rasaasaan rukutamee mana wal'aansaa seenee booda, loltootni TPLF mana wal'aansaatii baasanii ajjeesan. Ajjeechaa ilma Oromoo J.Baacaa, kanneen kaan irraa kan adda isa taasisu, oggaa bakka inni madaawee ciisu baasanii, "Siif rasaasaa balleessuu hin barbaachisu" jedhanii akka bofaa ulee tumanii ajjeessan.
- B. Caamsaa (May) **23**, bara **1992** tti zoonii Kibba **Shawaa**, ona Zuwaayi bakka **Bulbulaa** jedhamutti, **dabbalootni** ABO 3 dalagaa dhaabaaf bobba'an, akka hojii siyaasaa bobba'aniif sana hin hojjetne dhorkamuu irrayyu ni hidhaman.
- C. Duulli wayyaaneen bara 1992 guutummaa Oromiyaa wal gahe. Qabee fi seena Oromoo barsiifamuun yakka tahee, onoota kaabaa Oromiyaa warra akka **Daawwee, Darraa, Abbichuu, Nya'aa, Sayidabirii** fi **Waayuttis** dabbalootni ADWUIn olola faallaa oofuu irra dabranii, yoo dabbalootni ABO dhufan ajjeesaa kan jedhu ajaja dabarsan. Akka kanaan **Caamsaa (May) 21** bara **1992**, dabbalota ABO waajjira akka banataniif waraqaa eenyummaa isaanii ibsu fudhatanii deeman hidhan.

- D. Caamsaa (May) 23, baruma 1992 kana keessa ona **Qarsaa** bakka **Malmaal** jedhamutti dabbalootni ABO, kaadhimamtoota filmaataaf qopheessuuf ummata walitti qabanii utuu haasofsiisaa jiranii loltootni ABUT dhukaasa itti bantee ummata fi dabbaloota irraan gaagaa'ama geessiste.
- E. Caamsaa (May) 25, bara 1992 dabbaloota ABO **Ammahaa Zawudee** fi **Geetaachoo Addunyaa** jedhaman ona Yaayyaa Gullalleetti ABUTn rasaasaan tumamanii ajjeesaman. Ajjeesafamuu caalaa, biyyee biyya abbaa isaaniitti reefi isaanii illee akka fuudhamee hin awwaalamne dhorkamuun allaattiin nyaatame.
- F. Bara 1992 kana keessa, waajjira ABO zoonii Wallagga bakka qotnaa **Balootti** argamu irratti dhukaasa TPLF banteen, dabballeen **ABO Daani'eel Ayyaanaa wareegamee, Immiruu Guddinaa, Almaaz Bazaabihii** fi dabbalootni ABO biroon mada'an.
- G. Baruma 1992 kana keessa **Mattuu** dhaa dabbaleen ABO **Maartaa Bayyanaa** humna TPLFn qabamte, waggaa tokko fi walakkaa hidhamte.
- H. Naannoo **Aggaaroo** fi **Beddleetti** dabbaloota ABO waajjira banatanii hojjetan turan, humna waraana wayyaaneenn marsamanii, quunnamtii ummataa dhorkamanii, nyaatii fi bishaan irraa citee hagabuu caalaa, hojiin siyaasaa bobbaa'aniif gufate.

Yeroo ABOn Chartera keessa turee kaasee, maqaa deggertummaa ABOn ummata Oromoo irra dararaa guddaatu gahaa ture. Gocha faashistummaa fi shororkeessitummaa wayyaaneen yeroo Charteraa sana ummata Oromoo irratti raawwatan keessaa hanga tokko akka itti aanutti ilaalla.

- a) Ji'a Caamsaa (May) bara 1991tti, magaalaa **Finfinnee** keessatti ummata hiriira nagaa bahe irratti dhukaasa banee dhiiga namoota hedduu dhangalaase.
- b) Ji'oota Bitootessaa fi Caamsaa bara 1992 keessa **naannoolee Watar, Qobboo fi Hirnaatti**, waraannii Wayyaanee ummata deggersa ABOf hiriira nagaa bahetti dilbootti dhukaasa banuun ummata meesha-maleeyyii haala suukkanneessaan fixan.
- c) Ji'a Caamsaa (May) 1992tti naannoo Arba-guuguutti, ummatoota walitti buusuun, qubatoota alagaa lafa naannoo sana jiraataniif tumsanii, waraanni Wayyaanee dhiiga Oromoota hedduu dhangalaasan.
- d) Caamsaa (May) 1992 keessa zoonii **Shawaa** onoota **Siraaroo fi shaashimannetti** guyyaa gabaa weerara waraanni wayyaanee ummata irratti bananeen, balaa **du'u, madaawuu fi saamamuu**, ummata daldalachuuf yaa'e irra geessifame.

- e) Caamsaa (May) **1992** keessa **Nagallee Booranattis** guyyaa gabaa weerara waraanni wayyaanee ummata irratti bananiin, ummata irra gaagaa'amni lubbuu fi qabeenyaa hedduun geessifame.
- f) Ji'a Caamsaa (May) bara 1992 keessa zoonii **Arsii, konyaa cilaaloo, ona Doddotaa Sireetti** ummata ganda qotnaan-butootaa **72** bulchitoota filachuuf wal gahanitti, deggertoota ABO ti jechuun, loltootni ADWUI itti marsanii nyaata, bishaanii fi uffata irraa ittisanii guyyoota taheef gidirsan.
- g) Caamsaa (May) **1-4** bara **1992tti**, hiriira nagaa ilmaan Oromoo **Jijigaatii** hanga laga **Hawaashitti** godhan irratti humni waraanaa Wayyaanee lola bane. Balaa sanaan namootni **205** ajjeesamanii **300** ol madaawan.
- h) Baruma **1992** kana keessa kutaa **Arsii magaalaa Saaguree** keessa kan jiraatu **Guutaa Argayyaa** maatii isaa gidduutti loltoota Wayyaaneen rasaasaan reebamee, wal'aansaaaf Finfinnee geeffamee, mana wal'aansaa **Baalchaatti** kan **du'e**.
- i) Kutaadhuma **Arsii** naannoo **Caancoo, Gunaa fi Afakkottti** waraanni Wayyaanee, haala suukkanneessaan, **manneetii** jirenyaa **606** gubsisuun **midhaan gombisaa 2,041 fi horii beeladaa 1,500** saamanii saamsisuun miidhaa guddaa geessisan.

Egaa kanneen armaa olii fakkeenyumaaf maqaa dhoofne malee, gochaaleen shororkeessitummaa fi faashistummaa wayyaaneen ummata nagaa irratti raawataa bahan kan tariffamanii dhuman miti. Kun hundi kaayyoo ABO dura dhaabbachuu fi ummata Oromoo jiilchanii dhaabicha deggertuu dhabsisuuf, tahe jedhamee kan hojjetamaa turee dha.

Osoo haalli akkasitti jiruu snap election geggeeffamee magaalaa akka Finfinnee keessatti ABO injifanno galmeesse. Haala kana irraa rifachuun Wayyaaneen jeequmsa itti fufte. Waraanni Wayyaanee Bakka adda addaatti, ummata walgahii irra jirutti dhukaasuun ummata shororkeessuutti ka'e. Sabbootota Oromoo hidhuu fi ukkaamsanii balleessuu guyyuu itti fufan. Guutummaa Oromiyaa keessatti, sochii ABO gufachiisuun itti fufame.

Zoonii Arsii, ona **Adaamii Tulluu**, magaalaa **Bulbulaatti** gara laafina tokko malee ummata Oromoo filmaataaf bahetti dhukaasa bananii, gaaga'ama guddaan geessisan. Zoonii Baalee, Gindhiiritti, lola waraanni Wayyaanee eegalaniin, **miseensota ABO** lola sana irratti madaawanii qabaman gara laafina tokko malee **rashanan**. Dalagaalee kana fakkaatan baay'een bakka hedduutti ummata Oromoo fi ABO irratti raawwatame. Goch akkasii guutummaa Oromiyaa keessatti hojii dhaabbaa taasifatan.

Dhiha Harargee keessa bakka **Arba-rakkatettis** jedhamutti ummata Oromoo dilbootti fixan.

Hinaaffaa fi jibba sab-boonummaa ummatichaa irraa qaban irraa ka'anii, Wayyaanee fi PDOleen ummata Oromoo zoonii Harargee keessa jiraatutti dulani miidhaa turan. Gocha faashistummaa Oromoo naannoo sanaa irratti raawwatame keessa inni suukanneessaan, WBOtu keessa jira jedhee, qormaata tokko malee, mana jirenyaa tokko irratti boombii darbachuu, maatiin mana sana keessa jiraatu namootni 9 akka jiranitti dhumu dha.

Walumaa galatti, dhiibbaa gama Wayyaaneetiin, yeroo cehumsaa sana, lolli fuulaa fi fuulaa fi walitti bu'iinsi ABO fi ADWUI gidduutti bakka baay'eetti tahe. Ololaa fi tarkaanfii waajjira ABO cufsiisuuf ADWUIn bakka baay'eetti godhe malee, lollii guguddaan bara **1992** qofa yeroo **7**, baha Oromiyaatti ala 4 dhiha Oromiyaatti ala 3 tahe.

Haallen akkasii keessatti mana maree keessa taa'uun waan gatii hin qabneef **ABOn dhiibamee mootummaa Cehumsaa keessa bahe**. ABO qofa utuu hin taane, dhaabotni siyaasaa walabni chaartera mootummaa cehumsaa sana mallatteesanii turan gariinakkuma ABOn keessa baheen lakkisan.

Hubama Chartera Boodaa:

Erga ABOn mootummaa cehumsaa keessa bahee, lolli Wayyaanee fi ABO gidduu addaan hin citne. Abdii Ummatni Oromoo ABO irraa qabuu fi hawwii inni bilisummaaf qabu yoo daran dabalaan deeme malee hin hir'anne. Kanaa irraa Wayyaaneen, gama tokkoon karaa waraanaa fi dippilomaasii, keessa fi alatti ABOTTI duulaam, gama kaaniin ummata Oromoo shororkeessitee abdii kutachisuuf, dalagaa faashistummaa raawwataa jirti.

Gocha faashistummaa Wayyaaneen Ummata Oromoo irratti raawwataa turtee fi jirtu hedduu keessa muraasa asii gadiitti ilaalla.

i) Ajjeechaa Ummata Oromoo irratti raawwate

Erga ABOn Mootummaa Cehumsaa keessa bahee miidhaa Wayyaaneen ummata Oromoo irraan geessiste daangaa hin qabu. Akkuma ABOn Chaartera keessa baheen, WBO fi miseensa ABO guutummaa Oromiyaa keessatti adamsuu bal'inaan eegalte. Sana keessatti, Oromoona waajjira ABOTTI seenaa Oromoo fi qubee afaan Oromoo barate hundi dabballee ABO jedhamee golee Oromiyaa hunda keessatti yakkame hidhamee dararame, ajjeefame. Kaan maatii irraa adda baafamee baadiyaatti arihame. Kaan hojii irraa arihamee hojihablee taasifame.

Ajjeechaa fi miidhaa ummata Oromoo irratti raawwataa bahan, hanguma tokko wal yaadachiisuu malee hundaa tarrisani fixuun hin danda'amu. Kanaaf, hanga tokko akka itti aanutti daddabrinee ilaalla.

1. Dirre-dhawaatti kanneen ajjeefamani:

Magaalaa Dirre-dhawaat fi baadiyyaa naannichaatiis Oromoona ukkaamsamanii fi ajjeeffaman hedduu dha. Isaan keessa, Onkololeessa **21**, bara **1995** Abdulsamad Idiris, magaalaa Dirre-dhawaat Araddaa 3 ganda 18

keessa kan jiraatu humna hidhattuu Wayyaaneen qabamee waajjira poolosiitti geessame. Booda achii baafamee ajjeesamuun bakkeetti gahame.

2. Harargee keessa bakkoota adda addaatti kanneen ajjeefaman:

Ji'a **Fulbaanaa** bara **1995** dhuma irratti Abdulaziiz Boombii fi Aannaa Hundee kan jedhaman, Baha Harargee, mana hidhaa **Qobboo** keessaa baafamanii fuudhamanii booda eessa akka jiran kan beeku hin jiru. Dhuma ji'a **fulbaanaa** bara **1995tti** Ahmad Saadiq, Abdulfataa Mahaammad fi Hasan kan jedhaman manuma hidhaa **Qobboo** kana keessaa baasanii ajjeesanii bakkeetti gatan. Sana booda reeffi isaanii gartokkeen waraabeessaan nyaatamee argaman.

Sadaasa **22**, bara **1995** araddaa Kadir ganda Wadaayi keessatti ABO deggerta jechuun obbo Hasan Huseen ajjeefamee abiddaan gubame. Gochi fakkaataan **Harargee** konyaa **komboolchaa**, ona kombolchaa keessatti ABUT obbo Bakaree Ibraahimii fi obbo Mammudee Ibraahim **mudde 12**, bara **1995** irratti fudhachuun abiddaan gubaman

3. Mana hidhaa Ciroo keessatti nyaata summaawe kan nyaachisan:

Ilmaan Oromoo, Oromummaa isaaniif hidhamanii daraaramuu fi ach keessatti ajjeefamuun, bara Dargiis niture. Kan Wayyaanee dachaa tahuu caalaa wanti adda isa taasisu, yakka nyaata summaawe hidhamtoota nyaachisuu dha. Wayyaneen, mana hidhaa **Ciroo** keessatti nyaata summaawe ilmaan Oromoo nyaachisuun akka gaagaa'aman taasisee jira. Goch fokkisaan akkasii, mooraalee leenjii waraanaa bara Dargii turan adda addaa keessatti, bara Wayyaanee mooraalee Oromoo itti hidhanii dararan taasifame hunda keessatti raawwatamaa bahe. Kanneen keessaa warri bebbeekamoon:

- 1) Dhidheessa- Zoonii Wallaggaa keessa
- 2) Agarfaa- << Baalee keessa
- 3) Huursoo- << Harargee keessaa
- 4) Bilaatee- << Sidaamoo keessa
- 5) Zuwaayi- << Shawaa keessa
- 6) Xollaay- << Jimmaa keessa

Mooraaleen armaa olii kanneen keessatti dararaa wal fakkaataatu Oromoo irratti raawwatamaa rure. Kanneen keessaa akka fakkeenyatti yoo fudhanne:

a) Huursootti:

1. Ilmaan Oromoo lakkofsi isaanii **900** ol tahan bara **1993** keessa du'anii jiru, jechuun barruun "Madda Walaabuu" ji'a **Fulbaana** bara 1993 saaxilee jira.
2. Sadaasa **20** bara **1993tti** ilmaan Oromoo **51** manuma hidha **Huursoo** kana keessa baafamanii du'aan adabamuu barruun "Karaa Bilisummaa" jettu, lakk 18. Adoolessa 1,bara 1994 maxxanfamte ibsitee jirti.

3. Mooruma hidhaa **Huursoo** kana keessaan hidhaa waggaa 2 booda Oromootni **8 ji'a Amajjii** bara **1994** keessa baafamanii ajjesamuu barruun "Oromo Commentay" 4,1,1994" jedhu saaxile.

b) **Boorana, Baalee, Sigmoo fi Gaatirraatti ummata ajjeefame:**

1. Ji'a Fulbaanaa bara **1995** keessa zoonii Baalee araddaa **Waabii** naannoo Gindhiirii fi Gololchaatti qotatee bulaan Oromoo hedduun Wayyaaneen hidhaman, manneettinis irratti guban. Manneetii waliin qabeenyaan adda addaa fi horiin beeladaa hedduun barbadaawan.
2. Zoonii I\A\Booraa araddaalee **sigmoo** fi **Gaattiraa** keessaan ji'a **Guraandhala 1995** fi **Caamsaa** (May) **1995tti** Oromoo hedduun waraana Wayyaaneen hidhamanii hiraarfaman. Araddaalee kanneen keessaan namootni **28** murtii seeraa malee ajjeesamanii bakkeetti gatamuun kanneen waraabessaan nyaataman keessaan maqaa dhahuuf:
 - 1) Abdulqaadir A\kaaruu
 - 2) Raayyaa Muusaa
 - 3) Shek Jihaad A\Gaaro
 - 4) Usumaan A/Gissaa
 - 5) Haj Adam A/Saambii
 - 6) Haj Ali A/Digga (ilma isaanii waliin)
 - 7) Yimaam A/Alii
 - 8) Ra'imoo A/moggaa
 - 9) Sheek Daaliil Sheek Kadir
 - 10) Shariif A/Gaaroo (obboleessa isaanii waliin)

Onuma **Gaattiraa** araddaa **Daamuu** qofaa keessaan kanneen ajjeefaman keessaan akka fakkeenyatti yoo kaasne:

- 1) Diggaa A/Billoo
 - 2) Naajii Abdulqaadir
 - 3) Nuuruu A/Saambii
 - 4) Zaakir Abdulqaadir
 - 5) A/Fiixaa A/Saambii
 - 6) Olii A/Dinkaa
 - 7) Naajii Huseen
 - 8) Hawwii Jamaal
3. Ji'a **Ebla** (April) bara 1995 Zooniidhuma I/A/Booraa naannoo **Efoyaaciitti** reeffa namoota **5**, ji'a **Caamsaa** (May) **1995** immoo reeffa namoota **7tu** utuu allaattiin bakkeetti nyaatamuu

argame. Kanneen kun Oromiyaa keessaa naannoo biroo irraa fidamanii warra ajjeefamanii bakkeetti gataman akka tahe ifaa dha.

4. **Caamsaa** 15 bara 1994tti Abbaa Gadaa tahee hawaasa naannoo isaa bara 1985-1993tti haa tajaajiluuf kan filatame **Booruu Guyyoo** (Abbaa Gadaa Fiixaa) ajjeefame. Akka seera Gadaatti Abbaan Gadaa hin ajjeesamu ture. Seena Oromoo keessatti ajjeesamuun Abbaa Gadaa, kan Boruu Guyyoon **lammaffaa** dha. Inni **jalqabaa** Abbaan Gadaa **Abbayyi Baabboo** naannoo bara **1884tti** bakka “Dhaddacha Waraabbii” jedhamutti tikfattoota somaaleen ajjeeffame.
5. Amajji 28, bara 1995 obbo **Badhaatee Gaashuu** magaalaa mooyaalee bakka “**Iddii lolaa**” jedhamuu gara Finfinneetti maqee utuu jiruu Hoteela “alaaloo” jedhamu keessaa humna tikaaw wayyaaneen qabame. **Amajji 30**, bara **1995** reeffi obbo Badhaanee magaalaa Finfinnee ala Langaanootti argame. Harka duubatti hidhanii gubbee isaa rasaasa sadiin rukutamee ajjeesame. Achii fuudhamee reefa isaa pheexiroositti awwalamee ture, **Guraandhala 9**, bara **1995**, maatii fi firrii isaa baasanii mooyaaleetti fudhatanii galan.

Gandeennii fi onoota Oromiyaa hafan irra hedduu keessatti haala fakkaataadhaan, ilmaan Oromoo kumaatamatti lakkaawaman hidhamanii jiru, ukkaamsamanii achi buutee dhabanii jiru, ajjeesamanii irbaata allaattii tahanii jiru.

c) **Ajjeechaa Gaara Suufii Irratti Raawwatame:**

Dhiha Harargee, magaalaa Mi'eessoo fi Asabotti gidduutti kan argamtu **Gaarri Suufii**, jalqaba bara **2007** keessa, bakka itti mootummaan **Wayyaanee** ilmaan Oromoo **20** ol itti fixee dha. **Guraandhala. 21, 2007tti** maatii gaagaa'amtoo keessaa haati mucaa dubraa waggaa **14 Ayishaa Alii, Aadde Shamsii Ahmad Muusaa** fi haati warraa maanguddoo waggaa **70 Obbo Ahmad Mohammad Kuree, Aadde Kadiijjaan Usumaan Mi'eesso Irraa** gocha bineensummaa gaagaa'amtoota kanneen irratti raawwatame ibsatani jiru. Kanneenis akka itti aanutti duraa fi duubaan ilaalla.

Aadde Kadiijjaan, Abbaan warra ishee kan dubra 8 fi dhiira 1 waliin horan **Obbo Ahmad Mohammad Kuree**, “kan dhufee manaa fuudhe“**Chaayinaa Camp**” bakka jedhamutti geesse, namtich gibira mootummaa guuruu ture. “kottu dhaqxee gibira sirra jiru baastee deebitaa” jedhee manaa fuudhee deeme. Barbaacha **torban 3** booda oduu dhageenyee Gaara Suufiitti qajeelle. Achii barbacha Guyyaa 2 booda afata inni irratti sagaduu, uffata isaa fi lafee isaa waraabessi irraa nyaate qofa arganne. Erga manatti gallee booda, warri kana hunda nurraan gahe, asitti xis jettanii Gaara Suufii dhaquu keessanis tahe, boo'icha jettanii afuura hin baafanne jedhanii nu akeekkachiisan. Seerri silaa nuuf hin hojettuu maal goona? Yeroo ammaa kana haala akkasii keessa jirra!” jetti” jechuun roorroo irra gahe himatte.

Aadde Shamsii Ahmad Muusaa, haala mucaa ishee itti manaa fuudhamtee ajjeefamte oggaa himattu: “Kan dhufee mucaa koo manaa fuudhe, maqaan isaa **Muhammad Boruu** jedhama. Hidhatee jira ture. halkan keessaa sa’ a 9:00tti dhufe. Bakka isheen raftee jirtuu, hirribaa dammaqsee, motor saayikila ittiin dhufe akka kortu ishee ajaje. Yoona an dugda irraa madaan qabaa hin danda’u” ittiin jette. Yoona “waa’ee madaa keetii ittidhiisi! **Har’ a bineensatu si nyaataa!** Amma na hordofi!” ittiin jennaan, wandabee gad diratte duwwaan waliin deemte. Akkasittiin intala koo na jalaa fudhatee deeme. Inni mootummaaf hojjeta waan taheef, waan goonu hin qabnu. Nu hidhaatti geessa seene. Mana hidhaa jirti seenees, torban lama guutuu ishee barbaacha manneetii hidhaa walin gahaa turre. Erga oduu maanguddoo Ahmad jedhamuu dhagahee boodan, mucaa koo barbaacha Gaara Suufiitti maatii isaa waliin qajeele. Achiitti wandabee, shurrafa, uffata keessaa fi rifeensa mataa ishee dhiigaan laaqamee fi qaama ishee bineensi irraa nyaate qafa arganne.” Jetti.

d) Gocha **Dabaa Ona Mi’essoo, Magaalaa Ciroo:**

Obbo **Abdulhaakim** ji’ a Muddee, bara 2006 irraa eegalee hanga Gurandhala 2007tti, ilmaan Oromoo dhibbaan lakkaawan, onoota **Culloo, Ciroo, Baddeessaa, Habroo fi Mi’essoo** keessaa guuramanii mooraa as “**China Camp**” jedhamu Mi’esso sanatti hidhamuu ibsee jira. “Erga guuranii achitti hidhanii booda, namoota 20 keessaa baasanii ajjeesan” jedha. “Isaan keessaa namootni 8 ona Mi’esso irraa, namootni 5 ammoo onoota biroo irraa ti” jedha. Maqaan iaaniis: **Aashaa [Kormee], Ahmad Kuree**, jaarsa ganna **70 Mi’esso** irraa, **Shanqoo** (nama hojii humnaan of jireessu), **Kadir Aliyyuu** barataa kutaa 8ffaa **Mi’esso** irraa, **Yaasin Muhammad Wadaay Mi’esso** irraa, **Alii Goolee, Sayidee Ammadee, Kokaa Adam** ona **Mi’essoo** naannoo **Faayyoo** irraa ti. **Ammee Shankoor** ona **Tuuloo** magaalaa **Hirnaa** irraa, **Ahmad Aliyyi Turee** ona **Doobbaa** magaalaa **Ciroo** irraa, **Abraahim Badhaasoo** ona **Qunnii** naannoo **Odaa Bultum** irraa. Kanneen kun warra beekamanii dha. **Maanguddoon** kun ji’ a **lamaa fi walakkaa** mooraa “**Chaayinaa camp**” jedhamu sana keessatti hidhamanii turan akka ibsanitti:

“bakka sana yeroo hundumaa reebichaan nama dararuutu (torture) jira. Namootni galgalaa fi ganama tumamu. Bakki sun bakka baay’ee hiraarsaa dha. Bakka sanatti namticha Abdalla Idris jedhamuu fi fakkaattota isaan hidhamne. Abdalla Idris, hogganaa miliishota mootummaan Dhiha Harargeetti ramadee fi fakkaattota isatu, nanmoota hiraarsanii qoratu; hidhanii galgalaa fi ganama hiraarsu. Halkan walakkaa, naannoo sa’ a 2tti, 3 yookaan 4tti namoota hiraarsan fuudhanii deemu. Warra akkasitti nu biraa baafaman Booda ajjeefamanii dhageeny. Sigaajja isaan irratti sagadan, suuraa fi waraqaa eenyummaa isaanii qofatu argame.” Jedhe.

Har’as Oromo humna tikaa fi hidhattuu Mootummaa Wayyaaneen ajjeefamee Gaara Suufii kanatti gatamaa jira. Haalli fakkataan gaara Suufii golee Oromiya hunda keessatti, dabbaloota wayyaaneen raawwataa jira. Oromon manneetii barnootatti, bakka hojiitti, karaa irratti ukkaamsamaa fi ajjeesamaa jira.

e) **Ukkaamsaa, Hidhaa fi Qabaa gar-malee fi Ajjeechaa:**

Ilmaan Oromoo hedduu sababa Oromummaa isaanii qofaaf miliishota Wayyaaneen hidhamanii, reebichaa hiraarfamuu caalaa, qulqullina bisaanii, nyaataa fi mana hidhaan dhukkubaaf saaxilamanii tajaajila fayyaa dhabuu irra akka baalaa harcaa'aniiru. Oromoo hidhanii dararuu fi qe'ee irraa buqqisanii hiyyoomsuuf hojjechuun Wayyaanee kun utuu ABOn Chaartera mootummaa cehumsaa keessaa hin babin kan eegale haa tahu iyyuu malee, erga ABOn Chaartera keessaa bahee as ammoo daran hammaate. Kanneen wal yaadachiisuu dhuma qofaaf daddabarree haa tuttuqnu

1) **Baha Oromiyaa irraa kanneen ukkaamsamanii hidhaman:**

Ilmaan Oromoo golee Oromiyaa hunda keessatti hidhaman, nyaataa fi dawaa akka hin arganne gochuun beelaa fi dhukkubaan akka dhuman taasifamaa ture. Fakkeenyaaaf, Mana hidhaa Huursoo keessatti nyaataa fi dawaa akka hin arganne waan taasifameef Bara **1993, baatii 6** keessatti namootni **2000** ol dhibee garaa yaasaa fi busaatiin dhumani.

Uummata kana dhibeen kun guddaa wan miidheef nama du'u sana hunda sirnaan awwaaluun rakkoo waan ta'eef maqaa awwaalchaan fuudhanii ganda **Sarkamaa** jedhamutti gatu akka turee fi Oromoonaan noo sanaa laficha qotee nyaachuu akka lagate, jaarsi naannichaa Abbaan Jibriil ragaa bahu.

Magaalaal **Baddanno** keessaa **sadaasa 17** bara **1994** namootni 60n guuramanii hidhaatti naqaman.

Magaalaal **Calanqoo** keessaas Sadaasa 15 baruma 1994 kana ilmaan Oromoo dalagaa isaanii irraa guuramanii hidhaman keessaa namootni 2 bakka buusaman wallaalam.

Onkololeessa **1995** keessa basaastotni ABUT waajjira siviil Aviyeeshin keessa kan hoojjetu Asnaaqee Dajanee Dirre-dhawaadhaa ukkaamsanii xayyaaraan fuudhanii deeman. Sanaan booda essaan akka gahantu wallaalam.

2) **Ukkaamsaa, Ajjeechaa fi Hidhaa Magaalaal Finfinnee:**

Magaalaan Finfinnees handhuura Oromiyaa tahuu ishee irraa bakka ilmaan Oromoo bakkoota adda addaa irraa itti dhaqanii dhaabbataatti keessa jiraatan, yeroo adda addaatti hidhamanii dararamaniiru; kaanis ajjeefaniiru. Kanneen keessa hanga tokko akka itti aanutti ilaalla.

- a) **Adooleessa 24 bara 1995 Dajanee Irkataa)** Hooteela "kafaa" jedhamu magaalaal
Sabbataa keessatti ajjeesan.
- b) Aadde Almaaziin (Warra manaa Dajane) mucaa ishee Mootummaa Dajanee (mucaa wagga 3) waliin, mana jirenyaa Dajanee bakka Cawu Barandaa jedhamutti argamuu qabanii hidhan.
- c) Wallisaa Taakkalee Alamuu miseensa Baandii Gadaa ji'a mudde bara **1995** keessa ukkamsame.
- d) **Hagayya 20** bara **1995** barataa universitii wagga 3ffaa kan tahe **Shifarrraa Fayisaa** mana jirenyaa isaa keessaa gad waamamee polisii mootummaatiin ajjeesame. Mana isaas sakattaa'anii dokumantii isaa saaman. Sanaan booda reeffa isaa mana wal'aansaa Minilikitti gatanii deeman. Reeffi Shifarrraa

awwaalamuu kan danda'e, warri isaa reefota namoota haala fakkaataan ajjeefamanii mana wal'aansichaatti gatamanii keessaa barbaaddatanii ti.

e) Ji'uma **Hagayyaa 1995** kana keessa kanneen ukkaamsaman:

- Alamaayyoo Dhugumaa
- Tamasgeen Adabaa fi
- Wallisaa Jirenyaa fi Ayyaanaa fi namni lama biroo
- Mucaan durbaa wagga 16 kan taate Meetii Asaffaa, mooraa loltuu wayyaanee magaalaa Dambii Doolloo cinaatti argamu keessatti hiraarfamaa turte. Dambii Doolloo irraa gara Dhidheessaatti, achii mooraa hidhaa Zuwaayitti geessamte. Meetiin gaafattoota baay'ee akka qabdu dubbattee, warri nama gaafatu hin qabne akka ajjeesaman saaxilte.

f) Ji'a Fulbaanaa bara 1995 keessa Finfinnee keessatti Dachaasaa Bayyanaa fi warqinaa kan jedhaman humna hidhattuu wayyaaneetiin ukkamsaman.

g) Ji'a **Muddee** bara **1995** keessa Asaffaa Tarfaa Hoolotaa ukkamsame.

h) Amajjii 14 bara 1996 barmoota qotnaatti kan qabu hoijetan ministeera qotnaa Fayeeraa Abdiisaa , Firoomsaa Aagaa ukkaamsaman.

i) **Sadaasa 2**, bara **2005tti**, mana hidhaa Qaallittii dhukaasa dilbootti hidhamtoota Oromoo irratti banammeen namootni 19 ajjeefamanii, hedduun ammoo gar-malee madaawan. Kanneen madaawanii lubbuun argamuu danda'a keessa hanga tokko maqaa dhahuuf:

- i. Amiin Kaliil kutaa keessatti hidhame keessatti miilla irra kan madaa'e.
- ii. Idris Awwal << << << << << << <<
- iii. Lammeessaa Taasisaa << << << harka << << <<
- iv. .Zakkaariyaas Taariikuu << << << qoma << << <<
- v. Ashannafii Birruu << << << harka << << <<
- vi. Ibraahim Ajjamaa << << << ija mirgaa << << <<
- vii. Moosisaa Daadhi << << << mo'oo << << <<

Kanneen mana hidhaa **Maa'ikalaawuyii** jedhamu keessatti hiraarsaan **ajjeefaman**:

1. Guutuu Galatuu hiraarsaan bara 1995 keessa kan du'e,
2. Muhammad Yusuuf << << 1998 << << <<
3. Siisaay Dabalee << << 2001 << << <<
4. Makonin Zawudee << << 2005 << << <<
5. Nugusuu Boojaraa << << << << << <<
6. Alamaayyoo Ittafaa << << << << << <<
7. Zalaalem Baay'isaa << << << << << <<
8. Umar Haajii << << << << << << <<
9. Alii Ibraahim << << << << << << <<

j) Zoonii Sidaamoo (Boorana keessaa) namootni **300** humna waraanaa Wayyaaneen hidhaatti naqaman.

Isaan keessaa:

- a) Buttaa Roobaa
- b) Waaqoo Guddataa
- c) Waaqoo Jahaa
- d) Bannattoo Galgoo
- e) Dinagdee Waaqoo ona Areero, yaabelloo irraa
- f) Aagaa Nashii Burgii ganda kadhaawaatii ukkaamsamuun bakka buutee wallaalaman.

3) Dhiha Shawaa

a) Kan ajjeesaman.

- 1) Konyaa Amboo, Baabichii bara **1994** keessa **Kumalaal Gardoo, Atawaa Motiloo, Agamsoo fi Imaamaa** kan jedhaman waraana wayyaaneen ajjeefaman.
- 2) **Fulbaana 3** bara **1994**tti obbo **Daraaraa kafanii** hidhattoota Wayyaaneen ajjeefaman.
- 3) **Sadaasa** bara **1995** keessa Bojaa H/goorgis ajjeefame; **Tasfaayee Nagaa fi Kumalaal Mirkanan** reebicha mana hidhaatti irra gaheen du'an. Bitootessaa fi waxabajji 1995 gidduutti qotee bultootni lama mana hidhaa Amboo keessatti ajjeefaman.
- 4) **Sadaasa 16** bara **1995** kana keessa hojjetaa ministeera qotnaa birkii madda qabeenya uumamaa fi eegumsaa kan tahe **Tasfaayee Hundeessaa** tika wayyaanee maqaan isaa **Fayyeeraa** jedhamuun ajjeefame.

Kanneen malees ilmaan Oromoo lubbuun isaanii dhabamsiifamee, qabeenya isaanii maatiin isaanii illee akka itti hin gargaaramneef saamaman hedduu dha. Fknf **Fulbaana 8** bara **1995** hojii daldalaan kan bulu **Fiqaaduu Fayisaa** zoonii Dhiha Shawaa ona **Calliyaa** magaalaa **Billoo** keessa kan jiraatu gartuu hidhattuu wayyaaneen qabame, Ganama isaa gara magaalota **Ijaajjii, Goobanii fi Waayyutti** geeffamee, suuqii qabu hundumaa irraa naanneessanii qarshii **100,000** erga funaannatanii booda, Billootti deebisanii, ummata Billoo gidduutti “**shiftaa dha**” jedhanii ajjeesan. Maatiin isaa, isas qabeenya inni horeefis wal duukkaa dhaban.

b) Kan Hidhamanii dararaman:

Bara **1995 fi 1996** keessa, maqaa miseensummaa fi deggertummaa ABOn, bakka hojiitii, ykn manaa fudhamanii achi buutee wallaalamuun, karaa irratti ukkaamsamuun hidhamanii ksnneen dararamuun hedduu dha. Gochi shororkeessummaa kun hanga ammaattuu hin dhaabbanne.

4) Baha Wallaggaa

a) Kan ajjeefaman:

Kanneen duraan mooraa hidhaa Dhidheessaatti Oromiyaa bakka adda addaatii guuramanii hidhamuun achitti dhumanii fi yeroo adda addaatti bakkoota gara garaatti ajjeefaman malee, bara **1995** keessaa ilmaan Oromoo Wayyaaneen ajjeefaman hedduu keessaa maqaa dhahuuf:

- 1) Baha Wallaggaa Konyaa Horroo Guduruutti, **Guraandhala 16/1995 Tashoomaa Fayisaa fi Balaay Ol'aanaa ajjeefaman.**

5) Dhiha Wallaggaa

a) Kan ajjeefaman:

- 1) Bara **1994tti** magaalaa Gimbi keessaa obbo **Isaayyaas (Diimee)** hidhattoota Wayyaaneen galgala utuu mana issatti galaa jiruu ajjeefame.
- 2) Ji'a **Hagayyaa** bara **1995** keessa namootni **27** loltoota ADWUIn Dhiha Wallaggaa, ona Jaarsoo Gambeel, naannoo magaalaa **Baabboo** Gambeelitti ajjeesamuu isaanii, Su'ee Poilook qormaata godhateen addeessite. Reeffi jaraa Ebla 28 1995 booda argamuu jiraattootni naannichaa ibsan. Kanneen keessaa kan maqaan beekaman **Heenok Yoonaattaan Yisihaaq, Masfiin Gaddafaa fi Tsaggaayee Nagaraa ti.** Kanneen jalqaba irratti maqaa dhahaman lamaan mooraa loltuu Wayyaanee magaalaa Najjootii 6\4\95 fuudhamanii deemuu fi erga ajjeefamee illee warri Heenook, reeffa mucaa isaanii fuudhanii awwaallachuu dhorkaman.

b) Kan Hidhaman:

Bara **1995** fi **1996** keessa, sochii ABO kallattii hundaan to'achuuf mootummaan Wyyaaneen ukkaamsamanii kan dhabaman hedduu dha. Bakka hojiitii, yookaan manaa fudhamanii achi buutee wallalamuuun, karaa irratti ukkaamsamuun hidhamanii dararamuun dachaa tahe Oromoon hidhamu jaarsa, jaartii, ijoollee wagga 18 hin guutin hundaa dabalata. Sochii ABO fi hawaasni Oromoo bilisummaaf godhan yoo danda'ameef dhaamsuuf, didnaan achitti qammamsuuf, mootummaan wayyaanee, Oromoo hidhuu, qe'ee irraa buqqisuu fi hundee dhorkuu Oromiyaa mara keessatti raawwataa jira. Maanguddoota, hojjetaa, daldadalee fi qotatee bulaa Oromoo irratti tarkaanfin diinummaa ABUTn fudhatamu suukanneessaa dha. Miidhaa hedduu ulfaataatu Oromoo irra geessifamaa jira. Dhumaatiin olitti tuqame, kan bara tokkittii keessaa mooraalee hidhaa Wayyaanee lama qofa keessatti raawwatamee dha. Sana duraa fi asis wagga 18 guutuu bifaa kanaan Oromoo xiqqeessuu irratti hojjetaa yoona gahan.

Dararaa Fi Dhumaatii Manneen hidhaa Wayyaanee

Rakkoo fi roorroo manneetii hidhaa Dhiha Oromiyaa keessatti Oromoo irratti dalagamaa bahe hedduu dha. Onnii fi gandi keessaa Oromoon hidhamee hin dararamin hin tokko illee hin jiru. Gochi faashistummaa humna tikaa wayyaaneen manneetii hidhaa Dhiha Oromiyaa keessatti raawwatamaa ture keessaa kanneen hedduu suukanneessaa tahan keessaa tokko lama tuqnee dabruuf:

Zoonii Wallaggaa Ona **Billoo Boshee** ganda **Guutee Shamboloo** keessaa Obbo Fufaa **Guddataa** WBO waliin qunnamtii qabdaa sababa jedhuun loltootni Wayyaanee, nama lubbuu qabutti, bishaan danfaa itti naqanii erga affeelani booda harka lamaan boodatti hidhanii **Ebla 18** bara **1995** halkan walakkaa sa'a **12:00** bakka itti affeelani fuudhanii bosona keessatti gatan. Barii isaa argamee mana wal'aansaa Naqamteetti geessamee erga fooyya'ee booda, eenyutu akka isaan affeelee fi sababa isaa ennaa ibsat."Bishaan danfaa keessa buusee kan na affeеле, loltoota **IHDG** (ADWUI). Kanan gochaa gara jabinaa kanaaf dabarsames, waraana ABO naannoo kee keessa soso'aa jiru gargaarta, tumsita jedhameen" jedhe. Gochi fakkaataa hanga ammaatti raawwatamaa jira.

Miidhaa mana hidhaa keessatti raawwatamaa jiru kan dhala namaaf hin mallee dha. Nyaatni akka hin seenneef gochuun, beelaan wiliigamamanii akka du'an taasisu. Qoricha dhorkuudhaan akka miidhaman godhuu, uffata waan akka kopheefaa dhoowwatuu, firri akka hin gaafanne/dubbifne tolchuun, baha irraa dhihatti, yookaan kaaba irraa kibbatti, dhiha irraa giddu-galeessatti ukkaamsanii geessuun achitti Wanneen hunda irraa kutanii hiraarsu.

Hidhamoota biyya sana keessa jiran keessaa harki 70 Oromoo dha. Bakka hundumaatti ammoo, gochi diinummaa raawwatamu wal fakkaataa dha. Isa kana jaaroliin Oromoo naannoo mooraa hidhaa Wayyaanee Huursoo fi Dhidhessa jiran taajjabanii jaala jaarolii bakka lamaanuu irraa qorateen dhihaate tokko akka fakkeenyatti fudhannee haa ilaallu.

Jaarsi **Mahaammad** yookaan **Abbaa Jibriil** jedhamu ganda mooraa hidhaa Huursoo cinaatti argamtu **Sarkamaa** jedhamtu keessaa jiraatu, bara **1993**, keessa **baatii 6** keessatti namootni **2000** hiraarsa adda addaatiin dhumu fi awwaalcha dhabee bakkeetti gatamaa turuu olitti ibsamee jira. Sana irraa Oromon naannichaa lafa sana irra qotee nyaachuu hirmii dha jedhee dhiisee akka jiru **Abbaa Jibriil** irraa hubachuun dandaa'amee jira.

Haaluma fakkaataan Dhiha Oromiyaa Baha Wallaggaatti kan argamu mooraa Dhidheessaa, bakka leenji waraana Dargii ture keessattis raawwatamaa ture. Baruma **1993** kana keessa yeroo Baha Oromiyaa, mooraa hidhaa Huursoo keessatti, ilmaan Oromoo 2,000 dhuman, Dhiha Oromiyaa mooraa Dhidheessaa kana keessatti ammoo Oromoo **8,000** ta'anii fi bakka bakkaa guuramanii hidhamuun dasrasrama turan dhumu jaarsi Oromoo Ona Diggaa keessa, naannoo sana jiraatu ibsuun, lafa sana irra qotanii nyaachuu lagachuun addeesse.

Qotee bulaa **ona Diggaa** naannoo mooraa waraanaa Dhidheessaa jiraatu fi maqaan isaa **Oliiqaa** jedhamu, lafa gabbataa naannoo mooraa waraanaa sana jiru dhiisanii maaliif lafa dhiqamee borqaa'e irratti akka rakkatan gaafamee oggaa deebisu: "Lafti gabbataan illee numa jira garuu waatu keessa jira" jedhe jaala isa gaateen. Naaf hin galle maal jettani abba? Jedhee oggaa inni gaafau, "Waan siif galu mitii mucaa ko?" ittiin jedhe

Maali abba maaliif naaf hin galu? jedheeirra deebisee gaafannaan, "erga siif gala ta'ee maaltu na dhibe ree? ganda mooraa keessan qarqara jiru sana argitaa?" ittin jennaan, eyyeen arguu qofaa otoo hin ta'iin keessa ganda sanaa nin beeka; ganda warra gumuzi jedhee deebiseef. "Yoosoo gandi sun wagga **9** dura ganda

keenya ture” waa’ee isaa haasa’uu akka jibban himataa Obbo Oliqaan, Waggaa 9 dura ati dhaga’uu fi dhaga’uu dhabuu kee hin beeku malee mooraa waraanaa sana keessatti namni keenya **8,000** ta’an, isin waraana Oromooti jedhamanii hidhamanii turani.Egaa waan bara sana agarre mucaa koo uggum yaa ija arguu,uggum yaa gurra dhaga’uu jedhanii mataa qabatanii gad-taa’ani. ”Bishaan dhangala’e hin warabani maal godhu egaa? Bara sana namni keenya mooraa kanatti hidhme sun **nyaata fi wal'aansa dhorkamee guddaa waan midhameef guyyaa guyyaadhaan reeffi nama keenya 10 ykn 20 ol tahu lafa irra harkifamee qonaa keenya irratti gatamaa ture.**Egaa kanuma micaa ko! Nutis lafa sana qonnee nyaachuun hirmii nutti tahee dhiisne.” Ittiin jedhan.

iii) Miidhaa Karaa Dinagdee/Qabeenya Oromoo irra gahaa jiru

1. Albudaa Oromoo saamamee gurguramaa jiru

Warqee oddoo Shhaakkisoo, Yuubdoo, Najjoo fi kkfn biyyoota alaatti guuraa jiru. Egeree abdii guddina Saba Oromoo kan tahe albudaaleen Oromiyaa mootummaa abbaa irree Wayyaaneen biyyoota alaatti guuramee jirenya dhuunfaa isaanii oolfataa jiran. Maatii Oromoo diigaa fi saamanii hiyyoomsaa, ofii egeree jirenya maatii isaaniif bifa adda addaan kuufataa jiran. Keessattu warqeen Oddoo Shaakkisoo fi dhagaan (marbil)/”Ibiina-barad” Daalattii shariikkummaa Mootummaa Wayyaanee fi Alaamuddiiniin garmalee baafamee biyya alaatti guuramaa jira. Platinium Yuubdoo, kan addunyaa keessatti gosti isaa akka hin argamne warri adii shariika isaanii tahan ibsa jiran, qusii tokko malee baafamee (lommoxamee) madda galii Wayyaanee gabbisaa jira.

2. Buna, Jimaa fi Beeladaa Oromoo

Qabeenya biyyattiin shara biyyaa alaaf gargaaramtu keessaa inni guddaan buna tahuu beekamaa dha. Bunni biyyattiin ittiin of waamtuu fi dhaadattu harki guddaan Oromiyaa keessaa omishama. Galiin isaa garuu dhufaa dabraan, meeshaa ittiin Oromoo cafaqanii bitaniif oolfamaa yoona gahe.

Gama biraanis, Jimaa fi Beeladootni Oromoo daldaltoota Mootummaa Wayyaaneef basaasaniin gatii rakasaan qotnaan bulaa Oromoo irraa guuramanii tajaajila gita kittuu Wayyaaneef oolfamaa jira. Jimaa Oromiyaa keessaa omishamuun biyyoota ollaa ittiin gunanii adamoo ilmaan Oromoo qe’ee isaanii irraa buqqifamanii jirenya baqattummaaf saaxilaniif oolchachaa jiran. Har’aa galii Jimaa Oromiyaa irraa argamuun, qondaalotni wayyaanee gariin jirenya qanno jiraachaa jiran.

Gama tokkoon Albuudaalee Oromiyaa qisaasanii ittiin jiraataa, gama biroon ammoo, qabeenya Oromiyaa uumaan badhaase mancaasutti gad taa’anii jiru. Yeroo adda addaatti bifa adda addaan, bosonni Oromiyaa gubatee fi ciramee akka dhumu gochaa jiru. Bosona zoonii Baalee keetti argamu, ibidda itti shidanii akka gubatu gochuu caalaa, barattoota Oromoo, ofin kaka’anii, duula abiddicha dhaamsuuf gaafatan illee yeroon akka hin dhaqqabne dhorkuun akka maca’u taasisan.

Yeroo biraamammoo, bosonni Garjeedaa (ona Anfilloo) abiddaan gubanii barbadeessuu fi bineensa bosonaa Oromoo illee bakka galmaa dhorkan. Goch fakkaataan golee Oromiyaa hunda keessatti raawwatamaa ture, ittis jirama. Bosona gubatu kanneen keessaa, mukeen ijaarsa manaa fi meeshaalee ittiin jireenyaa adda addaaf gargaarantu manca'e. Muken ibidda tahe jedhamee itti shidame irraa hafee fi saanqaa fi hojji biroof ooluuf gahan ammoo muranii biyya Tigiraayitti fe'an. Bosonni Oromiyaa shiftoota dhoksa jechuun bakka hundaatti itti bobbaa'anii gubanii mancaasaa jiran.

Oromoo keessaa warra qabeenya xiqqoo qaban manii taasifatanii itti duuluun ajjeesuu, hidhuu fi saamuun hiyyoomsuu karoora itti baafatanii irratti hojjetaa jiru. Erga gaafa murni TPLF sirna bittaa kolonii Itophiyaa dhuunfatee kaasee, duulli Oromoo qabeessa irratti raawwatamaa bahe daangaa hin qabu. Oromoo hiyyoomsanii akka inni harka isaanii kajeeluu fi gara lubbuun of jireessuu qofatti fuuleffatee, mirga sabummaa fi abbaa biyyummaa isaaf falmuu irraanfatu gochuuf tahe jedhamee itti duulama. Sababa adda addaa fi yakka asoosamaa tolchanii ittiin sab-boonaa Oromoo hidhanii akka oomishee hin jiraannee fi guddina Oromoo fi Oromiyaaf hin hojenne hidhu, dararu, ajjeessu. Afaaniin waa'ee misoomaa weeddisaa, qabeenya dhalli Oromoo hirriba itti dhabee horate, kan ABOTi, isatu si jiraachisa, isaaf hojjetta diraamaa jedhu qopheessanii ittiin qabani saamuun hiyyoomsu.

Cuunfaatti Albudaalee Oromiyaan qabdu, gama tokkoon ibiddaan gubanii fi gar-malee qisaasanii akka dhamu gochaa, gama kaaniin ammoo kan calleessan guddinaa Oromiyaaf utuu hin taane, bu'aa sadoo murna wayyaaneef oolfamaa jira. Wayyaanotni, erga gaafa biyyatti to'ataniitii kaasanii qabeenya lafa irraa fi lafa keessa jiru hundumaa ittiin of duroomsuu fi Tigraayiin misoomsuuf guurrataa jiran. Galii Oromiyaa irraa argamu gara Tigraayitti dabarsuun, Tigraayiin ittiin misoomfachuuf oolchuu irratti argamu. Kaan ammoo dantaa murna bittuu taasisuun Oromiyaa hiyyoomsaa jiru. Kanaaf, Oromoof ofii isaa fi qabeenya isaa dhabama irraa dandamachiisuf soso'uun dirqama of baraaruu ti.

3. Omisha Abaaboo Fi Miidhama Qabeenya Uumaa Fi Namaa:

- a) Miidhaa namoota irraan gahu
- b) Duguuginsa taa'oo uumamaa geessisu.

iii) Duula Sabboonummaa Oromoo irra jiru

Sabboonummaan bu'aa ofii dura kan saba ofii dursisuu dha. Saba ofiif dabarsanii of kennuun mirga isaa eegsisuuf durummaan dhaabbachuu dha. Sun dammaquu gaafata. Kan dammaqetu, mirga ummata isaaf falma. Fedhii isaa akka nam-tokkeetti guuttachuuf, dursa fedhiin saba isaatii guutamuu akka qabu hubatee sanaaf hojjeta/qabsaawa. Har'a Oromoo dammaqaatu Wayyaanee dura dhaabbatee mirga ofii fi saba Oromoof falmataa jira. Kana waan taheef, wayyaaneen, Oromoo dammaqaa tahe dhabamsiisuu irratti hojjetaa jirti. Egeree Oromoo balleessuuf, namoota Oromummaaf dursa kennan adamsitee ajjeesaa fi biyyaa baasaa jirti. Kanneen mirga Oromoof uumaan qabuuf quuqamanii fi gaafatan, sababa adda addaa itti

funaananii hidhanii dararuu fi hiraarsanii ajjeesuun, ittiin Oromoo jiilchuu barbaadu. Ilmaan Oromoo qaroo tahan, golee Oromiyaa hunda keessaa adamsamaa jiran. Qaroo fi beektotni Oromoo, bor hawaasa Oromoo hogganuu danda'an jedhaman dhabamsisaa jiran. Oromoo dammaqoo tahan, bartoota, hojjettootaa, daldalootaa fi qotnaan bulaa keessaa utuu hin hafin itti duulanii biyyaa arihataa fi ajjeesaa jiran.

Saba tokkoof hundeen sabboonummaa isaatii, afaanii fi aadaa isaa akka tahe beekamaa dha. ABOn afaanii fi aadaa Oromoo ukkaamamee ture, aguuggii irraa fuudhee, hadhaadhiyyuuf qabsoo hadhooftuu gochaa akka ture eenu iyuu haaluu hin danda'u. Ammas guddina afaanii fi aadaa Oromoof jabinaan hojjetaa jira. kana irraa kahuun Oromoof afaan Oromoo qulqulleessee dubbatu ABO dha jedhamee, murna wayyaaneen yakkamee hidhama.

Oromoof jala fiigduu isaanii tahuu dide akka hidhamu, ajeefamu, biyyaa arihamu gochuun sabboonummaa Oromummaa balleessuu barbaadu. Bakka hundaatti, nama of irratti amantaa qabu hin jaallatan. Kan yoo barate mindeeffamu, yoo qabeessa tahe, hayyama daldalaa argachuuf, investor tahuuf (albuda calleessuuf) hireen kennamuuf, alagaaf; ykn ammoo jala fiigduu Wayyaanotaa fi kittillayyoota isaanii qofaaf.

Gama biraatiin Wanneen dammaqiinsa Oromoo ol kaasa jedhanii fi Oromummaa callaqqisan hunda itti duulanii dhabamsiisaa bahan. Wanneen biyyummaa Oromiyaa callaqqisan balleessuu irratti qiyafaftanii itti duulaa jiran. Wanneen mirga Oromoof uumamaan qabu argisiisanii fi barreffamaan kawaman tokko tokko illee utuu hin hafin balleessuuf carraaqaa jiran. Kitaabota oggaa ABOn Chartera mootummaa cehumsaa keessa ture barreffan keessaa utuu hin hafin, himaa fi jechoota mirga Abbaa biyyummaa Oromoo fi biyyummaa Oromiyaa callaqqisan tahe jedhanii ajajaan keessaa haqsiisaa turan. Fakkeenyaaaf: himoota “**Oromyaan ni bilisoomiti!**” jedhoo fi “**Oromyaan kan Oromoo ti!**” jedhan kitaabota barataa keessaa haqsiisaniiru. Himootni kanneen hafnaan, jechoota akka “**Boonaa, Boontuu, sabboonaa, sabboontuu, bilisummaa, birmadummaa walabummaa** fi kkfn” funaanamanii haqsiifaman. Kanneen hundi Oromoof akka hin dammaqnee fi dandtaa Oromiyaa irraa qabuu fi dhimma Oromoo ilaalu irratti isaan dura akka hin dhaabbanne taasisuu kan akeekkatee dha. Akka kanaan sabboonummaa Oromummaatti duulaa jiru.

iv) Miidhaa Karaa Hawaasummaa

Har'a Oromiyaa keessatti manneetiin barnootaa, baay'ina barataa waliin wal madaalan ijaaramaa hin jiran. Kanneen ijaaraman iyuu kitaaba, barsiisaa fi wannen barnootaaf barbaachisan gahaatti hin qaban. Laaboraatoorii, meeshaalee fi kemiikaalota hubannoo barmootaaf gargaaran hin qaban. Mana kitaabaa (Library) maqumaaf illee kanneen qaban muraasa. Warri maqaaf qabanis, kitaabota gahaatti hin qaban. Barataa barcuma irra taa'uu fi minjaala irratti barreessu hin qabu. Mukni balbalaa isaa irratti biqilee guddatee muramu, biyya Tigraayitti guuramaa jira. Barataan Oromoo ijaan arguu malee itti gargaaramaa hin jiru.

Barnooti kennamu qulqullina hin qabu. Manneetiin barnootaa mootummaa fi dhuunfaa, hangastu jira; Kolleejota hangastu banamee fi kkfn afaaniin haa lallabamu malee, wanneen barnoota sadarkaa sanaa

kennuuf barbaachisa gahaatti hin qaban. Barsiisaa ogummaa sanaan qaramee fi ga'eessa tahe, gahaatti hin qaban. Kanaaf, barnootni kennamu qulqullina hin qabu.

Barsiistotni jala fiidguu kittillaryoota Wayyaanee hin taanee fi ogummaa qabaniin of irratti amantaan hojjechuuf fedhii qaban ni doorsifamu. Ni hidhamu. Ni ajjeefamu. Keessattuu Barsiisota Oromoo, Oromummaa isaaniin boonan irratti duula guddaatu geggeeffamaa ture, jira. Maqaa miseensaa fi deggertuu ABOn golee Oromiyaa hunda keessaa hidhamanii hiraarfamaa fi ajjeefamaa jiru. Kanaaf barsiistotni Oromoo hidhamuu irraa sammuu sabatiinsa qabuun barsiisuu hin danda'an. Kanaan barnoota hanguma isaatti kennamu keessatti illee afaanii fi seenaa Oromoo gahaatti akka hin baratamne gochuun Oromummaan akka hin jabaanne irratti hojjetaa jiran.

Fakkeenyaaaf: Barsiisonni Oromoo bara **1998tti** Yuuniversitii adda addaa irraa eebbifaman sababa tokko malee qabamanii dararamaa turan. Kanneen keessaa maqaa dhahuuf:

1. Shuumii Dandanaa,
2. Baay'isaa,
3. Hinseenee fi
4. Jaarraa Eebbisaa fakkeenya fudhachuun ni gaha

Dabbalootni mootummaan Wayyaaneen qacaraman, tahe jedhanii, jechoota barattoota Oromoo tuqu barreessuu ykn jechaan tuquun, akka bartootni Oromoo jeeqaman godhu. Mootummaan Wayyaanee, ilmaan Oromoo barnoota isaanii tasgabaa'anii aka hin baranne gochuf jecha, dabbaloota leenjisee, jechoota nama aarsaniin tuttuqee walitti bu'iinsi akka dhalatu tolcha. Bartoota Oromoo fi lammii biroo, keessattuu Amaaraa fi Tigreen akka walitti bu'an taasisee deebi'ee ittiin bartoota Oromoo ittiin yakka. Haala kanaan, barruulee fi kitaabota dabbalota Wayyaaneen qopheefamee ba'u irratti jechoota Oromoo tuqu maxxansanii baasu. Kitaaba maxxansan kana irratti akka waan ofii qaroo tahanii, Oromoobakka akkasiid doofaa dha jechuun saalfii tokko malee maxxansanii gabaa irra oolchu. Fakkeenyaaaf, "Gaallaan Raayyaa utuu gar tokkoon Amaara, gama kaaniin amma Agawoo fi Tigiree gidduu jiraatuu hin qaroomin jira." jedhee, namni sadarkaa Yuniversitiitti barate tokko barreessee akka mana kitaabaa Yuniversiitichaa keessa taa'u taasifamee ture. Sun walitti bu'iinsa murna barreessichaa gidduutti uume ture. Sababa sanaan ilmaan Oromoo, tika wayyaaneen reebamanii hidhamanii fi barnoota isaanii irraa arihaman hedduu dha.

Al tokko tokko ammoo, barsiisota dabballe Wayyaanee tahanitti gargaaramuu sammuu qacalee bartoota Oromoo miidhuu barbaadu. Barsiisaan, Yuniversitii Kibbaa (Diilla) keessa barsiisu tokko yoo "Gaallaa" jedhamtan maal taatu jechuun barattoota Oromoo dubbin tuqee ture. Baahiruu Zawudees "Gaallaa" jedhee kan bareesse Abbaa Baahiree ti, jechuun bartoota barsiisu yeroo itti tuquu barbaade ni jira.

Bartootni Tigree boombii fi shuguxii hidhatanii mooraalee Yuniversitoota adda addaa keessa jiraachuudhaan ijjoolle Oromoo ittiin doosisuu barbaadu. Fakkeenyaaaf barataa Oromoo Isheetuu Nigusee jedhamu,

barataan Tigree boombii itti darbachuu caalaa, akka wanta Isheetuun dubbii irra barbaadeetti hidhuun hamilee isaatti bu’amee ture. Bartootni Tigree yeroo kana raawwatan, dabballota Wayyaaneen baabsamanii ti.

Yuniversitii, kolejji fi manneetii barnootaa sadarkaa 2ffaan keessatti illee utuu hin hafne, ijoolleen Oromoo dammaqoo tahan, ni hordofamu. Sababa itti funaanuun barnoota isaanii irraa arihamu. Warra qaroo tahanii fi gaaffii mirga namoomaa tokko tokko kaasan arihuu irra dabranii rasaasaan bakkeetti tumanii ajjeesu. Kaan ammoo hidhanii reebichaa fi hiraarsa adda addaa irratti raawwatanii ajjeesu.

Keessattu Oromoont qaroon Yuniversitii Maqaleetti barachuuf dhaqu, ilmaan Tigree qe’ee isaanii ta’ani barataniin adamsamee dhabasiifama. Kan adamoo isaanii dandamate ammoo, akka sirnaan baratee hin eebifamne sababni irra barbaadamee kijibaan yakkamuun hidhama. Egaa waliigalatti bartoota Oromoo Maqalee fi bakkoota birootti waraana Wayyaanee fi humna tikaan Wayyaanee barataa fakkaatanii, dirqana barataa Oromoo basaasuu fi ajjeesuu fudhatanii mooraa Yuniversitoota keessatti bobbafaniin basaasamanii hidhamanii fi ajjeefaman, hundaa tarrisun salphatuu baatus, tokko lama fakkeenyumaaf wal qaabachifnee dabruuf:

1. Simee Tarrafaa

Ilmi Oromoo **Simeen** utuu Yuniversitii Maqaleetii barataa jiruu bara **2001** keessan Tigirootaan ajjeefame. Kanaaf ammoo qormaatni tahee fi gumaa isaaft kan itti gafatame tokko illee hin turre. Dhiigni isaa akka dhangala’etti hafe.

2. Nadhii Cawwaqaqaa

Bara 2003 keessas baratan Oromoo Nadhii Cawwaqaqaa murna hidhattuu Wayyaanee/TPLF mooraa Yuniversitii Maqalee sanaan, gar-malee tumamee, du’aa fi jirenya giddutti, du’eera jedhanii bakkeetti gatanii armame.

3. Alamaayyoo Garbaa

Universitii Finfinnee keessaas sabboonaa fi qaroo Oromoo adamsuun takkaa dhaabbatee hin beeku. Ilmaan Oromoo Yuniversitii Finfinnee keessaa baratan bara mootummaa Hayila-sillaasee kaasanii basaasamaa fi dhiibbaan irratti raawwatama ture. Gochi suukkanneessaan hunda caalu garuu, kan barataa Oromoo **Alamaayyoo Garbaa** irratti raawatamee dha. Alamaayyoon, bara **1998** Yuunvarsitii Finfinnee kiiloo 6(jaha) seenuuun barnoota sadarkaa Olaanaa barachu jalqabe. Osuma barataa jiruu, bara **2004** sochii barattoota Oromoo hoganteetta jedhamuun wayyanootaan hidhame. Yakka sobaa wayyaanotaan irratti xaxameen boombii Yuuniversitii Finfinne keessatti dhoostaniittu jedhamanii hogganoota Waldaa Maccaa fi Tuulamaa fi barattoota Yuuniversitii cufamuu Waldaa Maccaa fi Tuulamaa fi Magaalaa giddittiin Oromiyaa, Finfinnee tahuun hafee Adaamaatti jijiiramuu mormanii hiriira nagaa, **Amaggi 4**, bara **2004** bahan walitti qabdan jedhamanii warra hidhaman **28** keessaa Alamayyoon tokko. Haala kanaan mana hidhaa Maa’ikelaawwii jedhamu erga tureen boodas jeequmsa filannoo caamsaa **2005** booda, mana hidhaa

Qaallittitti dabarfamee hidhame. Jeequmsa filannoo caamsaa geggeeffametti dhimma bahuun mana hidhaa keessatti bakka hirkatee jirutti, **Sadaasa 2**, bara 2005 garaa isaa irra rasaasa itti roobsanii rukutame.

Alamayyoon gamtaa Oromoo jabeessuf waan hojjetuuf, maqaa GAMTAAN jedham kennameefii ture. Gamtaan miilla isaa tokkoo fi kiraanchii isaa lamaan soso'ee osoo Oromoo gurmeessuu, geggeessuu, hojii qoodee qindeessee ijaaruu, dandeettii qabuun saba isaaaf waan hojjeteef qabamee hiraarfame. Namni isa reebree miidhaa guddaa irraan gahe nama Efreem jedhamuu dha. utuu kanaan jiruutti kan rasaasaa itti roobsan. Sana booda fakkeessuuf mana wal'aansaa "black lion" jedhamutti geessan. Haruu utuu dhiigni isaa hedduu dhangala'u argaa poolisiin wayyaanee "sobee ciisa ni miliqa hin amaniinaa" jedhee itti qoosaa ture. Akkanaan **Mudde 9, 2005** wareegame.

4. Gaaddisaa Hirphasaa

Gaaddisaa Hirphasaa ijoollee Oromoo sababa hiriira nagaa Amaggi 4, bara 2004 mormii cufamuu Waldaa Maccaa fi Tuulamaa fi Oromo Finfinnee irratti mirga abbummaa dhabuu ilaachisee bahame sanaan hidhaman keessa tokko. Sanaan barattoota Oromoo mataa gad qabsiisuuf jecha, ajjeechaan barattoota Oromoo Yuniversitii Finfinnee itti fufuudhaan, qaroo fi sabboonaa Oromoo **Gaaddisaa Hirphasas** bifuma fakkaataa kan Alamaayyoo Garbaatiin humna tika fi dabbaloota Wayyaaneen mana hidhaa "Ma'ikalaawii" jedhamu keessatti Amaggi 28, bara 2006 reebichaa fi hiraarsa irratti raawwatameen, laphee isaa irra garmalee miidhame. Haala kanaan mana hidhaa keessatti hiraarsa irra gahee fi wal'aansa dhabuu irraa Bitootessa 27, bara 2006tti wareegame.

Tiknii Wayyaanee ilmaan Oromoo qaroo fi sab-boonoo maqaan isaanii olittu dhahame lamaan itti dhukaasanii fi hiraarsanii du'a irraan gahan 1ffaan Ajajaa dhibbaa **Afawarqi Tafarraa**, 2ffaan loltuu **Fissahaa G/Maariyaam**, 3ffaan loltuu **Iyyasuu** jedhamanii dha. Mana hidhaa Maa'ikalawuyii jedhamu keessatti ammoo kan ajaja kennee electirkaan ilmaan hiraarsisu fi ajjeesisu nama **Taaddasee Masarat** jedhamuu dha. Gocha hiraarsaa fi ajjeechaa Maa'ikalawuyii keessatti Oromoo irratti sana Tigiroota qofaatu filatamee raawwatee raawwachiisa. Egaa wayyaaneen, ijoollee Tigiree bobbaasuun, manneen hidhaa godinaalee Oromiyaa hundaa keessatti ilmaan Oromoo bifa fakkaataan fixaa jira.

5. Shibiruu Damisee

Sanbata duraa **Sadaasa 6, 2006** (Onkololeessa 25 1999 ALH) galgala keessa sa'atii **7:30** irratti ta'e jedhanii ifaa mooraa Yuniversitii keessaa balleessuudhaan barataa Oromoo maqaan isaa **SHIBBIRUU DAMISEE** jedhamu damee baranoota SEENAA wagga **3ffaa** kan ture humnaan morma isaa hudhanii, bakka ijolleen Oromoo fi barataan biroos bira hin jiretti, Yuniversitii Maqalee keessatti Ijjooleen Tigree ajjeesan.

6. Fincila Diddaa Gabrummaa irratti barattoota Oromoo dilbootti fixan

FDG bara **1995**. irratti utuu qawwee qabatani namatti hin dhukaasin, bartootni Oromoo kumaatamaan lakkawaman ni hidhaman, dhibbotaan kanneen lakkawaman ni madaawan, **70** ni ajjeefaman. Kanneen keessaa hanga tokko bakka isaa waliin gabatee kanatti aanu irraa hubachuun ni danda'ama.

Lak. Maqaa	Bakka itti raawwatame	Godinaa	naannoo	guyyaa
1 Jaagamaa Badhane	Ambo	Dhiha Shawaa	Oromiyaa	Sadaasa.9, 2005
2 Lachiisaa Dhaabasa	Tiqur-Incinii	<<	<<	<<
3 Kabbadaa Badhaasaa	Ambo	<<	<<	<<
4 Malaakuu Tafarrraa	Inangoo	<<	<<	
	Fayisa		Wallaggaa	
5 DabalaA OliIQAA	Inangoo	<<	<<	<<
	GuttataA			
6 Habtamuu Bayyataa	Jaldu	<<	<<	
	Biqila		Shawaa	
7 Fiqaaduu	Jaldu	<<	<<	<<
8 Abbabaa Jaagamaa	Jaldu	<<	<<	<<
	Wagii			
9 Waacjiraa Tafarrraa	Jaldu	<<	<<	<<
10 Nuurasaa Girmaa	Jaldu	<<	<<	<<
11 Burtukaan	Jaldu	<<	<<	<<
12 Jamaal Leancoo	Qoree/Kofalee	Arsi		<<
13 Ahmad Iluu	Qoree/Kofalee	Arsi		<<
14 Fayisaa Duulaa	Qoree/Kofalee	Arsi		<<
15 Habiib Raggasaa	Qoree/Kofalee	Arsi		<<
16 Alamayyoo Garbaa	Finca'aa/Abayyi-CoommanBaha		<<	
		Wallaggaa		
17 Morkataa Iddoosaa	Finca'aa/Abayyi-CoommanBaha		<<	
		Wallaggaa		
18 Annanee Addaamuu	Gimbi	Dhiha		<<
		Wallaggaa		
19 Hamiid Sh/Mahammad	Arsii-Nagallee	Arsii		<<
20 Kabbadaa Dhinsaa	Giincii	Dhiha Shawaa		<<
21 Tashomaa Taddasaa	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha		Guraandhala.5,
		Wallaggaa		2006 irraa eeg
22 Kaffaloo Taaddasaa	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha	<<	"
		Wallaggaa		

23	Misgaanaa Beenyaa	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<< "
24	Misgaanaa Taganyee	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<<
25	Balaay Waaqjiraa	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<<
26	Mokonnon Gayeessaa	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<<
27	Jaando Boodanaa	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<<
28	Xaaso Wiirtuu	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<<
29	Dachaasaa Gurmeessaa	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<<
30	Motummaa Tarfaa	Daadau, Guduru	Baha Wallaggaa	<<
31	Murteessaa Lamuu	Waatiyoo, Guduru	Baha Wallaggaa	<<
32	Balaay Taaddasaa	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<<
33	Adunyaa Abarraa	Hoomii,Horroo	Baha Wallaggaa	<< Guraan 4, 2006
34	Hayilee Dastaa	Finca'aa, Guduru	Baha Wallaggaa	<<
35	Marfataa Gurmeessaa	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<<
36	Zarihuun Ayyaanaa	Begii	Dhiha Wallaggaa	<<
37	Mahammad	Begii	Dhiha Wallaggaa	<<
38	Ahmad Sh/Abduljabbaar	Kombolcha/Baddannoo	Baha Harargee	<<
39	Nagaasaa Sanbataa	Loyaa-Qidaamee, Guduru	Baha Wallaggaa	<<
40	Ifaa Didhaa	Gudar	Dhiha Shawaa	<<
41	Kanneen maqaan hin tuqamin qannaan	Qanaatee-biyyaa/ Guduru	Baha Wallaggaa	<<

1. Morkataa Iddosaa (mana hidhaa Qaallittiitti kan ajjeefame)
2. Jaagamaa Badhaanee (Ambo mana barnootaa sadarkaa 2ffaatti kan ajjeefame)
3. Malaakuu Tarrafaa (Innaangoo mana barnootaa sadarkaa 2ffaatti kan ajjeefame)
4. Dabalaa Oliqaa (Guyyuma sana Innaangoo mana barnootaa sadarkaa 2ffaatti kan ajjeefame)
5. Alamayyo Garbaa (UFF -mana hidhaa Qaallittiitti rukutamee mana wal'aansaatti kan du'e)

Mootummaan Wayyaanee Oromoona akka hin barannee yookaan lakkofsi Oromoo baratee akka hi'ataa deemu godhamaa jira. Barnoota sadarkaa ol'aanaaf scholar akka hin arganne taha jira. Impaayerattii keessaa carraa biyya alaatti barachuu kanneen argatan keessaa dhibbatti torbaatanii shan Togiroota. Oromoona akka baay'ina lakkofsa isaatti carraa barachuu argataa hin jiru.

Sabni Oromoo biyyattii keessa jiraatu harki wayyabni tajaajila eegumsa fayyaa argataa hin jiru. Hospitaalotnii fi kiliinikootni Oromiyaa keessatti ijaaraa hin jiran. Kanneen ijaaramanis ogeeyyii fayyaa fi qoricha hin qaban. Laaboraatoori fi Doormiitorii (kutaa dhukkubsataan ciisee wal'aanamu) hin qaban. Kana irraa har'a Oromiyaa keessaa magaalaa fi baadiyyaa utuu hin jenne, namni dhukkubaan dhumaa jira.

Daandiin konkolaataa Oromiyaa keessatti hojjatamaa hin jiru. Kanneen hojjataman jedhamanis warra sadarkaa isaanii eege miti. Bara Wayyaanee kana keessa bakka hedduutti, gara boodaatti deebi'amee akkuma bara mootummaa Hayila-sillaasee, ummatni bahee karaa soofaa jira. Bakka baay'eetti mootummaan ilaalcha itti kennee riqicha ammayyaa ijaaruuf wanta hin jirref, ummatni naannoo muka jigsee humna isaanii lafa irra harkisee oggaa ijaarratu televishinaan argisiisaa jiru.

Mootummaan Wayyaanee dhukkubni HIV-ADIS Oromiyaa keessa akka babal'atu, tigiroota dhukkubichaan qabaman Oromiyaa keessa bobbaasee ittiin Oromoo gaagaa'aa jira. Gama biroon loltootni isaa golee Oromiyaa hunda keessatti, humnaan dirqanii hawwanii fi shamarran Oromoo kondomii malee gudeedanii dhukkuba kanaaf saaxilaa jiru. Har'a akkuma Minilik Oromoo dhukkuba "finnoon = maareen" fixuuf dhukkubsataa Oromiyaa bakkota adda addaa (keessattuu Arsii fi I/A/Booraa) seensaa ture, Wayyaaneenis waraana ishee fi tigiroota AIDSn qabaman Oromiyaa keessa duulchaa jirti. Humna qawween duultee bakka adda addaatti fixuu caalaa, dhukkubsataa HIV-ADISn "Biological war" Oromoo irratti geggeessaa jirti. Bara wayyaanee/TPLF kana busaan naannoo magaalota gugguddoo utuu hin hafne ummata Oromoo fixaa jira. Bakka duraan busaan gahee hin beekne hundaa har'a gahee jira.

v) Qotnaan Bulaa

Bara Mootummaa Dargii, qotataan Oromoo qe'ee isaanii irraa buqqasaman maqaa "deggertuu shiftootaatiin" guuramanii hidhamuun gidrifaman. Yakka tokko malee du'aan adabaman. Bara Wayyaanee kanas deggertummaa ABOn gidirfamuu fi qe'ee isaanii irraa buqqifamuun bifa haressaan itti fufee jira.

Walakkeessa ji'a **Hagayyaa** bara **1995** keessa, sababa lola ABO fi ADWUI giddutti taheen, qotatee bulaan **Arsii 200** ol guuramanii hidhamuu irra iyyuu, manneetiin irratti gubaman. Qabeenyi isaanii hedduun, manneenii fi gombisaa waliin barbadaawe.

Haala fakkaataan, Oromoo godinaa Arsii Ona **seroowuu**, Ji'a **Fulbaanaa 1995** keessa ADWUIIn taankii fi meeshaalee garaa garaan itti duulee namoota **70** fixee, manneetii irratti gubee, qabeenyaa hedduu barbadeesse. Haala kanaan, kanneen wareegamanii dhokfamani hedduu dha

Daba Wayyaanotni dalagaa turan keessaa fakkeenyumaaf daddabrinee yoo ilaalle, godinaa Dhiha Wallaggaa, Ona Calliyaa keessatti boombi waraana Wayyanen beeka jeequmsaaf gaba keessatti darbatameen, namootni **Buzunash Amanu, Fiqraru Bakalchaa fi Damisee** kanneen jedhaman yammuu du'aan, namootni **60** ol amoo mada'anii jiru. Kanneen malees baratoota irratti boombii dabratameen baratootni **19** irra miidhaan cimman ga'ee jira.

Mootummaan Wayyaanee, qonnaan bulaa Oromoo naannoo magaalota guguddoo jiran lafa isaa irraa buqqisaa jira. Naannoo **Finfinnee** qofa irraa qonnaan bulaan **500** ol lafa isaanii abbootii qabeenyaa fi warra mana ijaarrachuuf mootummaa irraa bitaniif humnaan buqqifamaa jira. Kanneen manaa fi lafa bitatan hundi ammoo, dantaa adda addaatii fi miseensummaa paartii erga fudhatan booda kennamaaf. Akekni ummata Oromoo buqqisuu tokkoffaan **dimograafii (baay'ina ummataa)** magaalaa gedderuun Oromiyaa kan jedhamu dhabamsiisuu dha. Inni lammaffaa ammoo shira lafa fudhaa jedhuun deggertoota ABO ofitti hawwachuu dha. Saddafaan lafa Oromoo gurgurachuun kaazinaa isaanii gabbisuu fi Oromoo deegsuu dha. Kanaaf, dalagaan Oromoo naannoo magaalotas adda addaa jiraatan buqqisuu kun, duula ABO fi Qabsoo Bilisummaa Oromoo dhabamsiisuu humna waraanaan geggeeffamaa jiru irraa adda bahee kan ilaalamu miti. Kanaaf, Oromoona bakka hundaatti dura dhaabbachuu qaba.

Sagantaan mootummaa Wayyaanee kan biraan ammoo, **qotataa fi daldalaa Oromootti gibira guddaa itti murteessanii yoo baasuu dadhabe, qabeenya isaa saamanii hiyyoomsuu dha**. Ummata ofiifuu waan nyaatu dhabee beela'aa jirutti, gibira humnaa olii akka baasu itti murteessanii hiyyoomsaa jiru. Gibira ummatni maatii isaa hagabsee baasuun, bittaa meeshaa ittiin isuma deebisanii saamanii fi mirga isaa ittiin sarbanii oolfatu. Gibira dhaabbataa waggaatti irratti murteessanii saaman malee, misooma akkasii fi sababa kanaa fi sanaaf maallaqa buusaatii nu gargaaraa jechuun ummata sodaachisanii afaan isaa irraa fuudhanii ittiin aangoo isaanii tikfataa jirenya qananii jiraatu. Gocha dabaa bakkoota adda addaatti raawwataman keessaa akka fakkeenyatti yoo kaasne, **godina Harargee Baha**, onoota gara garaa keessaa, lukkeleen wayyaanee ummataan nu gargaaraa jedhanii rakkisaa jiruu. Haala kanaan ummata mana manatti irra deemuun dhaaba keenyaaf **qarshii 30** mata mataatti akka baastan jechuun ummata ofiifuu waan nyaatu hin qabne rakkisaa jiru. Akka kanaan, **onoota Gooroo guutuu, Meettaa, Dadar, Malkaa bal'oo, Baddannoo, Burqaa, Gurawaa, Kurfaa callee, Haramaya** keessatti haala kanaan gar-malee ummata hiraarsaa jiru.

Baasii Gibiraa fi buusii adda addaan hiyyoomsuutti dabalee, **Gatii midhaan isaa gad buusanii irraa bituun**, qonnaan bulaa Oromoo hiyyoomsaa jiru. Kan qonnaan bulaan qabuu fi ittiin of jireesssee maatii isas jireessu waan qotee galfateen tahuun beekamaa dha. Midhaan qannaan bulaan Oromoo ganna guutuu qatee galfate, daldalootni Wayyaanee gatii gad buusanii irraa bituun ofii ittiin duroomu.

Akka wanta isaaf dhimmanii qonnaan bulaan xaa'oo akka bitu godhanii, **erga lafti xaa'oo baree booda ammoo dhiheessuufii didu**. Lafa xaa'oon wal bare sana oggaa qonnaan bulaan argachuu dhabee, akksumatti midhaan itti facaasu, kan bara dabree irra dachaa lama callaa inni argatu gad bu'a. Akka kanaan namni bara dabre dabraa galfate jedhamee faarfamu, bara itti aanu, deebi'ee beela'ee fi harka nama kajeelu taasifama. Laftichis akka duraaniitti deebi'uuf yeroo dheeraa fudhata. Gatiin Xaa'oo biyyattii keessatti wagga waggaatti dachaa dabalaan deema. Sana irratti ammoo, seensuus kan dhuunfate qaamuma shira hojjetu kana waan taheef, ittiin qonnaan bulaa Oromoo saamuuf, gatii xaa'oo guddisanii akka waan oomishate hunda sana baasuutti fixu gochuun deegsu.

Miidhaa biraan qonnaan bulaa Oromoo irra jiru ammoo, **sanyii** inni aadaan itti gargaaramaa ture harkaa gatuu dha. Sanyii inni duraan kaawwatee facaafachuun haala isaa fi yoom faca'ee, yoom gahuu akka danda'u beekuu fi akkaataan sondummaa lafaa itti hin jijiiramin malee, jijiirraa hin qabne, itti fakkeessanii dhiisisuun akka dhabamaa deemu taasisu. Akka kanaan, sanyii filatamaa jedhanii isa inni aadaan qabu harkaa gatan. Kan filatamaa jedhanii isaan itti faarsan sun waqtii isa aadaan beekanitti yoo facaasan, saffisaan gahuun bososee bbada. Yoo tursanii facaasan ammoo, bokkaan irratti caamee hudhaatti hafa.

Shirri biraan ammoo, sanyii miidhaanii kan yeroo tokko malee deebii'ee sanyii tahuu hin dandeenye itti gurguran. Bara itti aanu oggaa akka isa aadaan beekuu itti fakkaatee, qonnaan bulaan facaafatu, akkuma biqiluuf quqummaadetti hafee honga biraan itti fida. Yookaan ammoo, sanyii midhaanii kan baala malee ija hin godhanne itti gurguran biqilee baalatti hafuun, beelaa fi deega caalu akka itti fida taasisu.

Qotee bulaa lafa isaa irraa buqqisanii warra *investors* dhaaf kennan. Har'a akkuma bara Hayila-sillaasee dachee akaakayyuu fi abaabileen Oromoorn irra jiraate, gita bittuu kaleessaa fi har'aa Oromoo saamanii duroomanii fi maqaa "**investors**" jedhamu moggaasanifi kennaajiran. Warri "**investors**" gam tokkoon Oromoo keessa jiratanii Oromoo basaasaa fi sababa asoosamaa uumanii yakkanii hiisaa fi ajjeesisa, gama biraan ammoo dachee inni aadaan isaan kununsee qabaa turetti gargaaramu. Oromoorn dachee isaa irraa dhiibamee akka hiyyoomu taasisanii, deebi'ee warri "**investors**" kanaaf humna isaan tajaajilee of jireessu taasisamaa jira.

Qotee bulaa shira adda addaa ofii uumanii beelessanii gargaarsa dhorkatan. Gama biraan ammoo namoota miliyoona hangasiitu beela'e jedhanii maqaa isan hawaasa addunyaa kadhatanii, deebisanii bittaa meeshaa cunqursaa isaanii ittiin tutrtursan tasifataa jira. maqaa isaan kadhatama malee, gargaarsi argamu bakka ni beela'e jedhamu sana dhaqabee sirnaan raabsamee hin turre. Waltajjii warra dabraa oomishan jedhamanii dabbalootni wayyaaneen gandeen keessatti hojii basaasummaa badhaasan argamu. Jaarmayaaleen namoomaa adda addaa ammoo, ummatni Impaayerattii miliyoonaan lakkaawaman beela'anii waan afaanitti ha'atan dhabanii dhumaan akka jiran saaxilu.

Sababii miseensummaa ABO fi WBO nyaachistuun, qonnaan bulaan Oromoo waan qotee galfatee fi horii horsiifate saamamee hiyyoomsamaa jira. Akka tasgabbaa'anii oomisha isaanii sirnaan hin geggeeffanee ABOtu isin keessa jira jechuun doorsisanii hidhuun akka kan oomishe illee sirnaan hin galfanne godhu. Yeroo oomishaa wal gahii jedhanii sababa uumanii walitti qabuun yeroo jala dabarsu, dilbootti hidhaatti guru. Achitti kan oomishe galchatee ittiin jirenya isaa wayyaaffachuun hafnaan, kan manaa qabu iyyuu, galaa mana hidhaatti jalaa dhumee, maatiin hirkattuu hawaasa naannoo tahuuf dirqama.

vi) Daldaloota Oromoo

Oromoo gabaa keessaa arihaaa jiru. Tooftaan Wayyaaneen qabeenya Oromiyaatti akka Oromoonti hin gargaaramne ittiin gochaa jiru keessa tokko Oromoo gabaa keessa arihu dha. Kanas bifaa addaa raawwataa jiran. Kanneen hanga tokko tuttuquuf:

1. Daldalaan Oromoo akka eeyyama hin arganne gochuu,
2. Inni eeyyama qabu gibira humnaa olii itti ramaduu hiyyoomsani gabaa keessaa baasu
3. ABO dha jedhanii yakkuun qabeenya isaa saamu
4. Daldalaan Oromoof baankiin yoo horii liqeesseef galgala itti duulanii qabeenya ABO ti jedhanii saamu.
5. Akka daldalaan Oromoo hin dalaganneef sababa barbaadanii hidhu.
6. Yeroo bunni gabaa bahu akka daldalaan Oromoo hin bitneef qabanii hidhu.
7. Daldaloota Oromoo xixiqqa cheekii gogaa dhaan buna irraa bitanii hiyyoomsan.
8. Horii isaanii kontrabandi jedhanii saamu.
9. Daldalootni Tigree gati mi'aa gad buusuun isa Oromoo kisaarsanii gabaa keessaa baasu.
10. Warshaa guguddaa, geejjiba guguddaa hundaa kubaaniyaan Wayyaanee qabachuu

vii) Hojjetoota Oromoo

Miidhaan yeroo ammaa hojjetoota Oromoo irra gahaa jiru hedduu ulfaata. Dabbalootni wayyaanee nama of irratti amantaan hojjetuun fi sabboonummaan itti dhagahamu, sababa addaa addaa uumanii, ukkaamsanii hidhuun dararu. Yoo miseensummaa dhaaba kittillayyoo OPDO fudhachuu dide, at ABO dha. kanaaf miseesummaa keenya didde jechuun doorsisuun caalaa, tajaajila waggaa dheeraa utuu qabuu, mirga sooramaa seera bittiin qabu dkorkatanii arihu. Kan ariisaa jalaa dandamate ammoo, yoo jala fiigduu isaanii tahe malee, guddina mindaa fi sadarkaa dhorkatu.

Haala jireenyi qaala'ee mindaan hojjetaa jireenyuma gadii illee maatii isaa jiraachisuu dadhabe kanatti, yoo miseensa isaanii hin taane, achii isaa hojii irraa arihuun beelessu. Bakka inni hojii dhuunfaa barbaaddatee argatetti illee hordofanii doorsisu, hidhu, ajjeesus.

Karoora doorsisaan miseensummaa fudhachiisuu kana galmaan ga'uuf manneen barumsaa, waajjirootaa fi mana hojii mootummaa hunda keessatti hojjetootni maadheedhaan akka ijaaraman kan jedhuun yeroo ammaa kana socho'aa jiru. Kanneen maadhee OPDO keessatti ijaaraman torban lama lamaan kitaaba wayyaanotni qopheessan kan Oromummaa fi sabboonummaa Oromoo dhabamsiisuu irratti qiyyeefate

“Addis Raa’iyi ykn Mul’ata Haaraa” jedhu irratti akka mari’atan dirqu. Hojjetaan marii kana irratti hin argamne miseensa mana hojichaa ta’ee hojii isaa itti fufuu kan ugguramu ta’unis barameera. Fakkeenyaaaf, hojjetootni Waajjira Faayinaansii Baakkoo, Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Baakkoo, Waajjira Barnootaa Baakkoo fi bakka biroo keessatti duulli bifa adda addaan hojjettoota miseensa godhachuuuf dirqu kun geggeeffamaa jira.

Hojjetaan Oromoo deggersa PDOlee didee walabummaan hojii isaa hojjetu, sababa tokko malee baadiyyaa lafa jireenyi ulfaataatti arihu. Achittis hordoeffiin jiraata. Ammas deemsa kee irraa hin baranne, ABOf maqaan malee hin jirreef hojjechuu dhiistee nuuf hin hojettuu? Jechuun achittis doorsisuu itti fufu. Xiqqoo turanii “inni farra nagaa ti” jedhanii hojii keessaa arihu. Utuu dandeettii hojii qabuu, kittillayyoo dandeettii hin qabneen vakka buufama. Akka kanaan, nama Oromoo tahe hojii dhorkatu.

viii) Miidhaa Amantii

Bara mootummaan wayyaanee kana keessa, ummatoota biyyatti irra miidhaa amantii guddaatu irra gahee jira. Ta’e jedhamee, kanneen amantii Ortodoksii hordofan gidduutti garaa garummaa ofii dhalchee, bataskaana keessatti warrumti amantii tokko hordofan dhiiga akka wal dhangalaasan taasisee jira. Kun irra deddebi’amee Gondorii fi Finfinnee keessatti kan raawwatamee dha. bara mootummich kufaatiif daddaaqamaa jiru kana keessas bifa haaraan itti jirama.

Gama warra amantii Islaamaa hordofaniinis, warrumti amantii tokkicha hordofan, kan duraan biyyattii keessatti takkaa tahee hin beekne, bakka lammatti akka qoodamanii fi wakl dura dhaabbatan tolchee jira. Masgiida tokko keessatti, kan duraan hin turin “**Wahabbiyyii fi Sunniitti**” wal quoduun, akka wal dura dhaabbatan dabbalootni wayyaanee tolchan. Kana irraa ka’udhaan obboleewwan lamaan masgiida tokkicha keessatti sadarkaa dhiiga wal dhangalaasuu irraan gahanii jiru.

Kan duraan biyyattii keessatti, ummatni Islaamaa fi Kirsitaanatti wal quodee amantiin wal lolee hin beekne, sababa amantiin akka ummatni wal lolu shirri adda addaa xaxamaa jira. Dabbalootni mootummaan Wayyaanee, walitti bu’iinsa amantii dhalchanii babal’isuudhaan, biyyattii keessatti wal dhabbiin amantii mata-duree ol’aanmaa akka tahuuf tahe jedhanii hojjetaa jiru. Wayyaaneen Somaaliyaa weeraruuf haala duree qopheeffachuuf jecha, biyya keessatti ummatoota amantiin walitti buusuuf dalagaa bahe. Weerarri Somaaliyaa irratti deemuuf jiru, ummatoota biyyattii fi addunyaa irratti fudhatama akka argatuuf, dabbalootni isaa ummata keessa seenanii ibidda ofii qabsiisaniitti ummata naquuf akka dalagan tolche. Sun ammoo irra guddaa deggersa mootummaa Ameerikaa biratti akka leellistoota amantii biyya keessaa fi alatti dura dhaabbachaa jirutti of fudhachiisuun, deggersa gama hundaan argachuuf shira lubbuu dhala namaa irratti hojjetamee dha.

Biyya keessattis “leellistoota amantiitu biyya keenya seenanii, ummata amantiidhaan walitti buusaa jiran” kan jedhu ummatotaa gidduu facaasee, ittiin wal shakkisiisuun, ofii gidduu deemee jiraachuuf kan qindeeffamee dha. Sanaan ummatni, miidhaa isa irra jiru irranfatee amantiin wal barbaaduu fi sanaan wal dura dhaabbachuutti akka deebi’u gochuuf. Mootummaa cubbamaa kana of irraa kaasuuf, gosaa fi amantiin

utuu wal hin qoodne, waloon ka'uu irra, obboleessii fi obboleessi, lammii fi lammii, cunqurfamaa fi cunqurfamaan akka wal irratti ka'uuf shira xaxamee dha.

Mootummaan Wayyaanee humna leellistuu amantii of fakkeessee, murna ummata keessa soso'ee walitti buusu, ofii qindeessee bobbaasuun, ummatni bara dheeraadhaaf rakkinaa fi bal'ina waliin dhandhamaanbagaan waliin jiraataa ture, akka diinaatti wal ilaalee akka walitti duulu gochuun dhiiga wal dhangalaasisan. Dabbalootni wayyaanee dirqama kana fudhatanii bobbaafaman, Islaama biratti skeeka, kiristaana birratti ammoo Qeesii beekamaa tahanii of dheheessuun, dalagaa farrummaa isaanii ummata gidduu facaasuu. Kaan isaanii ammoo, bakkoota Musliimotni arguu danda'anitti, Qur'aana ciranii gatuun, akka aariidhaan ka'anii kiristaanota irratti duulan taasisuuf hojjetaa turan. Bifa fakkaataan, bakka kiristaanotni baay'atanittis kitaaba qulqulluu ciranii facaasuun ummata walitti buusuuf hedduu tattaafanii Baha Oromiyaatti ummatni jalaa fashalse. Kun kan magaalota **Dirre-dhawaa fi Harar** keessatti raawwatamee dha. Sanaan, ummatni rakkoo muutummaan kun itti fide dhiisee wal nyaachuutti akka deebi'uuf, lubbuu dhala namaan qumaara taphachuu f ittiin daldaluu kan akeekkatamee dha.

Hojii farrummaa olitti tuqme kanaan ummata walitti buusuuf gaafa dadhaban, Masgiidatti ibidda shidan. Oggaa Islaamotni dirmatanii ibiddicha dhaamsan, isintu gube jedhanii, guuranii mana hidhaatti naqan. Baha Oromiyaatti milkaa'uu baatus, Dhiha Oromiyaa godinaa **I/A/Booraa fi Jimma** keessatti haala kanaan ummata dhiiga wal dhangalaasisanii jiru. Kun ji'a **Fulbaanaa**, bara **2006** keessa ture. walitti bu'iinsa amantii, **Guyyaa ayyaana Masqalaa**, bara **2006** godinaa **I/A/Booraa, ona Dhidheessaatti** dhalatee, gara godinaa **Jimmaa, onoota Maannaa, Gommaa fi Guumaatti** babal'ateen, lubbuun namoota **18** badee jira. Namootni **28** madaawanii, manneetiin 397 gubataniiru. Sababa kanaan namootni qe'ee isaanii irraa buqqa'an, **1,590** ol tahu.

Gocha farrummaa kana fiixa baafachuun kan danda'an, gaafa Damaraa (Fulbaana **26**, bara **2006**) galgala ture. Gaafa sana, oggaa hordoftootni amantii Kiristaanaa damaraa damaran, hordoftootni amantii Islaamaa naannichaa ammoo, sagada baatii Ramadaa irra Masgiida turan. Utuu isaan sagada sana irra jiranii, namootni muraasni gama warra Kiristaanaa goranii ummata wal nyaachisuuf Wayyaaneen hidhachiifte, Damaraan gaafasii ulaa masgiidaa irratti akka gubamu taasisan. Kanaan, walitti bu'iinsi dhalatee, ummatni bara dheeraadhaaf dhabnaan waliif liqeessee, argannaan waliin nyaatee, duunaan wal awwalaa ture, dhiiga akka wal dhangalaasuu fi lubbuu akka wal balleessu taasisan.

Gama biraan ammoo duula farra shororkeessummaatti jirra jechuun, gargaarsa meeshaa fi maallaqaa ittiin kadhatu. Haala kana nijeffachuuuf, mataan Wayyaanee, Mallas Zeenaawii fi gorsituun isaa Barakat simi'oon, jalqaba ji'a Muddee, bara 2006tti Somaaliyaa waliin lola eegaluu Gaazexessitoota biyya keessa fi alaaf ibsa kennaa turan. Barakat "**Somaalotni leellistoota amantii biyya keenya keessa bobbaasaa jiru.**" yaada jedhu, ibsa kennee ture.

Egaa gochi kun hundi, deggersa biyyoota dhihaa irraa argachuun ittiin ummatootni mirga uumaman qaban tikfachuuf gochaa jiran dura dhaabbachuuf kan raawwatamu dha. Somaaliyaa humna waranaan seenuuunis

dhugaa leellistoota amantii Islaamaa biyyattii seenanii jeequuf jedhan jiraatanii, sana achitti ittisuuf utuu hin taane, ABO fi qabsaawotni Ogaaden adamsuuf akka tahe ifaa dha.

Waaqeffannaan dhorkamaa jira. Bakkoota Oromoonti itti jaarii bahuu fi waaqeffatu, investorsitti gurguraa jiru. Shira adda addaan akka Oromoonti duudhaa qabuun hin jiraanne dhorku. Ayyaana Irreechaa Oromoonti bakkatti deebifachu eegale illee, akka sirnaan hin kabajamne dura dhaabbachaa jiran. Baruma baraan Oromoo Ayyaana Irreechaaf Hora Harsadii dhaqu keessaa guuranii hidhu. Fakkeenyaaaf, Ayyaana Irreechaa bara 2008 akka fedhii fi sagantaa wayyaanee jalee isheetti aanjeffachuuf yaalii ol'aanaa gochaa turanii, jabina sabboontota Oromoonti utuu itti hin milkaa'in hafan. Kana irraa aaruudhaan namoota ayyaaneffachuuf yaa'an keessaa **65** ol hidhaatti naqan.

Ayyaana Irreechaa bara 2008 kana dhokuu fi akka sagantaa isaanitti geggeeffachuuf hanga guyyaa jala-bultii ayyaanichaatti kan sakatta'aa ture Poolisii Oromiyaa oggaa ta'u, guyyaa ayyaanichaa garuu humna poolisii Federaalaa mootummaa wayyaaneef amanamaa tagetu sakatta'aa ture. Kun poolisoota dhalootaan Oromoo ta'an irraa amataa waan hinqabneefii dha.

Waltajjiin Ayyaana Irreechaa kun bara **2003tti**, waltajji irratti Waldaa Maccaa fi Tuulamaa (WMT) jalatti **Koreen Aadaa fi Seenaa** ijaaramte, dhaamsa lammummaa ummata Oromoof irratti dabarsaa ture, jaleen wayyaanee OPDOOn, "Maqaa Waajjira Gadaa Tuulamaa fi Biiroo Aadaa fi Turizimiitiin" jedhuun qabatanii waltajji olola siyaasaa faallaa sirnaa fi sabboonummaa Oromoo irratti ooffatan taasifatan

Waltajjiin Hora Harsadii kun kan ilmaan Oromoo hundaa ti. Gulantaa waltajji kanaa, bara 2003tti kan ijaare **WMT jalatti Koree Aadaa Fi Seenaa Finfinnee Fi Barattoota Bishooftuutu** dhagaa walitti guuree ijaare. yeroo san maaf "gulantaa" kana asitti tolchitan jedhanii barattoota hojjechaa turan hidhanii turan.

Ayyaana Irreechaa kana irratti, humni waraanaa mootummaa wayyaanee ulee Oromoonti akka aadaatti qabatu, **SHIMALA** dirqiin irraa guuranii guban. Qawwee hidhatanii, Oromoo ulee akka aadaatti qabatu sodaatu. Ofii meeshaa ammayyaa hidhatanii ittiin Oromo doorsisaa fi ajeessaa, Oromoo ulee hiikkachisu. Ayyaana Irreechaa kana irratti haala kana balaaleffachu, Oromoonti akkas jedhanii ibsatani:

"Hoo, hee hidhataan shani dabballeen kudhani,

Maal balleessee kan Shimala keenya gubani!

Baruu **DUUDHAA** jedhamuu fi dhaamsa OROMUMMAA ummata Oromoof dabarsuuf qopheefte, ijoollee gurguraa turan irraa saamuu caalaa, hidhanii rakkisaa turan. Kanneen hundi mirga Oromoonti akka fedhii fi aadaa isaatti Waaqeffachuuf qabu dura dhaabbachuu dha. Gama tokkoon akkasitti amantii inni aadaan qabu bifa adda addaan dura dhaabbachaa, gama biraan ammoo, Kiristaanummaa fi Islaamummaan walitti buusaa jiru.

D. Daba Ummata Oromoo fi Ummatoota Ollaa Wal lolchiisuu

Wayyaaneen Oromoonti Oromoonti, ummata Oromoonti fi ummata ollaa walitti buusaa jira. Ummata Oromoonti ummatoota ollaa saa jiran waliin waliiti buusuun wal jibisisuun wal ficiisiisa umurii bittaa isaa dheereffachuu barbaada. Yoo danda'ameef, akkuma bara abbootii isaanii Oromoonti gosaan wal dura dhaabanii ofii walaba fakkaatanii jiraachuu kajeelu. Oromoonti Oromoonti wal dura dhaabuutti milkaa'uu

oggaa dhaban, ummatoota ollaa isaa jiran ijaaranii hidhachiisuun Oromootti duulchu. Sanaan Oromoo nagaa argatee qe'ee isaa keessa akka hin jiraanne gochaa jiran. Gochaalee farrummaa Wayyaanee kana keessaa fakkenyumaaf daddabrinee akka armaa gadiitti ilaalla.

Booranaa fi Garrii, Booranaa fi Gabra, Booranaa fi Gujii, Garrii fi Gujii, fi kkf walitti buuseera.

Gujii fi Boora gidduutti garaagarummaa uumuuf carraaqqii gochaa turee wal dura dhaabuun akka Oromoo dhiiga obboleessa isaa Oromoo dhangalaasu raawwatee jira. Booranaa fi Gabra, Garrii fi Gujiis wal dura dhaabee wal nyaachisuuf hedduu tattaafate. Sun ammoo tooftaa Saahila-sillaaseen, seensa walakkeessa jaarraa 19ffaa keessaa ilmaan Oromoo (Akaakayyuun Minilik Saahila-sillaasseen (1813-47) Manziin kan mo'e, akkuma mootota habashaa isa duraa Oromoo kaaba Oromiyaatti duulaa ture.) Abbichuu fi Galaaniin wal dura dhaabee Oromoo Oromoont cabsuuf gargaaramee waliin wal fa kkaata.

Oromoo fi Isaa wal lolchiiseera

Mootummaan wayyaanee, gocha sanyii duguuggaa Oromoo irratti bifa adda addaan rawwataa jira. Kan ofii itti duulee fi hidhaa keessatti hirarsee fixu cinaatti, sabaa fi sab-lammoota ollaa Oromoo jiraatan, soba dhugaa itti fakkessee hidhachiisee itti duulchisaa jira. Keessattu, dhiha Harargee naannoo Asabootitti, gosaa Isaa hidhachiisuu fi bifa adda addaan hamilaa fi irratti kakaasee itti duulchisaa, Oromoo ollaa isaa jiraatu irraa ammoo ulee inni aadaan qabatu illee hiikkachiisee, akka dhiigni Oromoo dhangala'uu fi ajjeefamu gocha jira. Gochi fakkaataan bakkoota adda addaatti rawwatamaa jira. Isaan kanneen keessaa daddabrinee tuttuquuf:

- a) Arsii Lixaa keesatti Oromoo fi alaabaa xamabroo walitti buusuun akka dhiiga wal dhangalaasan taasifamee jira.
- b) Baalee keessattis Somaalee fi Oromoo wal lolchiisanii wal ajjeesisaniiru.
- c) Kibba Oromiyaattis, Oromoo fi Geedda'oo walitti buusanii, ummatoota duraan ollaan wal keessaa daldalatee waliin jiraataa ture gidduutti jibbi akka uumuuf carraaqqii godhaniiru.
- d) Oromoo fi Sidaamaa gidduutti wal dhabpii uumuuf hedduu tattaafataa turan. Sabootni lamaanuun, qabsoo gita bittuu wayyaanee irratti geggeessaa jiran, dagatanii walitti akka deebi'an gochuuf dabbaloota wayyaanee qindeeffamee irratti hoijjetamaa bahe.
- e) Oromoo fi Gurraa wal lolchiiseera.....
- f) Gumuzii fi Oromoo

Ummatni Oromoo fi Gumuz, ollummaan bara dheeraaf waliin jiraatan. Ijoolleen isaanii fedhii isaaniin QBOtti makamanii illee sirna Dargii waliin lolataa turre. Har'as kanneen qabsoo Oromoo deggeranii mormii mootummaa Wayyaanee qaban hedduu dha. Akkas tahee utuu jiruu, wayyaaneen isaan keessaa hagoo gowwomsee hidhachiisee Oromoo ajjeesiseera.

Baatii **Caamsaa (May)** bara **2008 (2000 ALH)** walitti bu'iinsa ummata Oromoo fi hidhattoota Gumuz gidduutti taheen lubbuun Oromoo hedduun galaafatamee jira. Hidhattotni Gumuz Mootummaa wayyaaneen

deggeramanii, ilmaan Oromoo godincaa Baha Wallaggaaa **Ona Saasigga** naannoo **Angar Ganda Hora Waataa, Odaa Guddinaa fi Madda Jaalala**a qubatanii jiranitti duulanii namoota garii ajjeesuu caalaa, Poolisooni Federaala Wayyaanee gartuu duraan Oromoo irratti miidhaa geessisaniif looguudhaan ummata ganda sadan kanneen keessa jiraatanii meesha-maleyyii irratti, halkan mana irratti cabsuudhaan ukkaamsanii mana hidhaatti uguruudhaan reebichaa fi doorsisa irraan gahanii turan.

Lafa Oromoo muree ummata ollaa kennuun akka wal dhabbi dhalchuu

Wayyaaneen, qabeenyuma Oromoottii diinota heddummeessee, ittiin of tuttursuuf jecha, dachee Oromiyaa qabeenya ummata Oromoo ta'e osoo uumaani oromoo bakka garaa garaatii beelaan harca'aa jiruu alagootaaf quodaa jira.

- Lafa Oromoo naannoo Somaaleetti kutee kenneera
- Lafa Oromoo Benishaangulii kenneera
- Lafa Oromoo Gumuzii kennera
- Referendum jechuun lafa Oromoo irratti akka sagaleen kennamu taasiseera

Gadaan Gadaa Xumura Gabrummaa ti!

Injifannoo Ummata Oromoof!